# QAACCESSA QOODA DUBARTOOTAA ASOOSAMOOTA HAWWIIFI KUDHAAMA JAALALAA KEESSATTI: IJA FEEMINIIZIMIIN

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**ADDAAMUU BAANEE LAMMEESSAATIIN**

**SADAASA, 2014**

**FINFINNEE**

# “Qaaccessa Qooda Dubartootaa Asoosamoota Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa Keessatti: Ija Feeminiizimiitiin”

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtiittii Muummee Afaan Oromoo, Og-barruufi Fookloorii**

**Addaamuu Baaneetiin**

**Gorsaan: Asafaa Tafarraa (PhD)**

**Sadaasa, 2014**

**Finfinnee**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**DHAABBATA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbaruufi Fookiloorii ittiin guuttachuuf Addaamuu Baanee Lammeessaa, Mataduree: “Qaaccessa Qooda Dubartootaa Asoosamoota Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa Keessatti: Ija Feeminiizimiitiin”jedhurratti qophaa’e adeemsa qorannoo barbaachisu guutee dhiyaatedha.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa_____________________Mallattoo___________Guyyaa_______

Qoraa Keessaa_________________Mallattoo__________Guyyaa________

Gorsaa_________________________Mallattoo__________Guyyaa_______

---

# Galata

Waan hundumaa dura nagaafi fayyaa naaf kennuudhaan sadarkaa kanaan isa nagahe Waaqayyoon baay`een galateeffadha. Itti aansee, yeroon waraqaa qorannoo kana qopheessu jalqabaa hanga dhumaatti beekumsaafi gahumsa qaban daangaa malee naaf gumaachuudhaan kan nagorsaa turan gorsaakoo Asafaa Tafarraa (PhD) baay'een galateeffadha. Dabaltaanis, haati manaakoo Galgalee Boonsaa barnoota kana akkan baradhuuf na jajjabeessuu akkasumas yeroon qorannoo kana gaggeessutti kallattii adda addaan nacina dhaabbachuu isheetiif galanni ishiif qabu guddaadha. Akkasumas ijoolleekoo Marsan Addaamuufi Keeroon Addaamuu guddaan galateeffadha. Kana malees, hiriyoota koo bakka hojiitti yaadaan nadeeggaraa turan hunda osoo hin galateeffatiin hin darbu. Dhumarratti, carraa kana argadhee baradhee mataduree kanarratti qorannoo akkan gaggeessuuf daandii kan naaf bane Yuunivarsiitii Addis Ababaa daran galateeffachuun barbaada.

# AXEREERAA

*Qorannoon kun mataduree 'Qaaccessa Qooda Dubartootaa Asoosamoota Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa Keessatti: Ija Feeminiizimiitiin' jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon guddaa qorannoo kanaas asoosamoota Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa yaaxxina Feeminiizimiitiin qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha. Qorannichaaf ka'umsa kan ta'e qeeqa gama og-barruu Oromoon dhimmoota qooda dubartootaa ilaalchisee yaaxxina Feeminiizimiitiin kanneen qorataman baay'inaan mul'achuu dhabamuufi hojiileen asoosamoota Oromoo irratti hojjetaman muraasa ta'uu isaati. Gosti qorannoo qorataan gargaarame qorannoo akkamtaa yookiin qulqulleeffataati. Kanas odeeffannoo mala sakata'insa kitaabaatiin (harshammeetiin) kan funaannamedha. Haaluma kanaan asoosamoota Oromoo jiran keessaa asoosamoota 'Hawwii'fi 'Kudhaama Jaalalaa' filachuun, gaaffiiwwan qooda dubartootaa gama hawaasummaan, diinagdeen, barnootaan, amantiifi gama siyaasaatiin qabantu qaacceffame. Akkasumas,* Tooftaaleen dubartootni asoosamoota filataman keessatti fayyadaman *asoosamoota lamaanuu keessatti qaaccessamaniiru. Bu'uuruma kanaan qaccessichi qabxiilee tarreeffaman kana jalatti hafeewwan adda addaa asoosamicha keessaa kan fudhatamedha. Kanaafuu, bu'aan qorannichaa qooda dubartootaa ilaalchisee gama hawaasummaan, asoosama Hawwii keessatti dubartoonni rakkoo isaan qunname kunuunsa waliif taassisuufi furmaata walii kennuun yoo ibsamu; asoosama Kudhaama Jaalalaa keessatti immoo dubartoonni gaheen isaanii mana keessa, dhiironni immoo gara bakkee ta'uun ibsameera. Gama diinagdeetiin asoosama lamaanuu keessatti dubartoonni qabeenyaan kan of danda'aniifi hirkatoo ta'uun dhiyaatan. Kanaafuu, argannoowwan eeraman kana irratti hundaa'uun hayyoonni Oromoo bifa adda addaatiin dhimmoota kana fakkaatuun asoosamoota kanas ta'ee, kitaabota biroo irraatti qorannoo bal'aa gaggeessuun hawaasni akka irraa baratuuf namni hunduu gahee isaa akka bahu gochuun gaarii ta'a kan jedhu yaada qoratichaati.*

**Baafata**

Qabiyyee Fuula

Galata........I
AXEREERAA........II
Baafata........III
BOQONNAA TOKKO........1
1. SEENSA........1
1.1. Seenduubee Qorannichaa........1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa........5
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa........6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo........6
1.3.2. Kaayyoowwan Gooree........6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa........6
1.5. Daangaa Qorannichaa........6
1.6. Hanqina Qorannichaa........7
BOQONNAA LAMA........8
2. SAKATTA'A BARRUU........8
2.1. Oguma........8
2.2. Gosoota Ogmaa........10
2.3. Asoosama........12
2.4. Gosoota Asoosamaa........13
2.4.1. Asoosama Gabaabaa........14
2.4.2. Asoosama Dheeraa........14
2.5. Qeeqa (Criticism)........15
2.6. Qeeqa Ogbarruu (Literature Criticism)........16
2.7. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu........17
2.8. Yaaxxinaalee Qeeqa Ogbarruu........18
2.9. Qeeqa Asoosamaa........18
2.10. Yaadrimee Feeminiizimii........19
2.11. Danbaliiwwan (Sochiiwwan) Feeminiizimii........20
2.11.1. Danbalii (Sochii) Feeminiizimii Tokkoffaa........20

2.11.2. Danbalii (Sochii) Feeminiizimii Lammaffaa ... 21
2.11.3. Danbalii (Sochii) Feeminiizimii Sadaffaa ... 22
2.12. Gosoota Feeminiizimii ... 22
2.12.1. Feeminiizimii Liberaalaa ... 23
2.12.2. Feeminiizimii Maarkistii ... 23
2.12.3. Feeminiizimii Raadikaalaa ... 23
2.13. Fuulleffannaa Yaaxxina Feeminiizimii ... 24
2.14. Namfakkiiwwan ... 24
2.15. Mala Kalaqqii Namfakkiiwwanii ... 25
2.16. Amaloota Fakkaattiiwwan Dubartootaa ... 27
2.16.1. Dubartii Garraamummaa ... 27
2.16.2. Dubartii Hamtummaa ... 28
2.16.3. Dubartii Qofa-galeetummaa ... 28
2.17. Ilaalcha Dhiironni Dubartootaaf Qaban ... 28
2.18. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ... 29
BOQONNAA SADII ... 32
3. MALA QORANNICHAA ... 32
3.1. Saxaxa Qorannichaa ... 32
3.2. Madda Odeeffannoo ... 32
3.3. Iddattoofi Iddatteessuu ... 32
3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo ... 33
3.5. Mala Qaacceessa Ragaalee ... 33
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ... 35
4.1. Cuunfaa Sab-seenaa *Hawwii* ... 35
4.2. Cuunfaa Sab-seenaa *Kudhaama Jaalalaa* ... 38
4.3. Asoosama *Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa* Keessatti Akkaataa Dubartoonni Itti Ibsaman ... 41
4.3.1. Dubartii Garraammii ... 42
4.3.2. Dubartii Hamtuu ... 42
4.3.3. Dubartii Hinaaftuu ... 43
4.3.4. Dubartii Ogeettii ... 45
4.3.5. Dubartii Haaloo Baatu ... 46

4.4. Qooda Dubartootaa Asoosam *Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa* Keessatti ............................ 46
4.4.1. Qooda Dubartootaa Siyaasaa Keessatti ........................................................... 46
4.4.2. Qooda Dubartootaa Hawaasummaa Keessatti ................................................... 53
4.4.3. Qooda Dubartoota Gama Dinagdeetiin ............................................................ 55
4.3.4. Qooda Dubartoota Aadaa Hawaasaa Keessatti ................................................. 57
4.4.5. Qooda Dubartootaa Amantii Keessatti ............................................................ 59
4.4.6. Qooda Dubartoota Safuu Hawaasaa Keessatti. ................................................ 64
4.4.7. Qooda Dubartootaa Barnoota Keessatti. .......................................................... 64
4.5. Tooftaa (Mala) Dubartootaa ..................................................................................... 66
4.6. Ol-Aantummaa Dhiiraa Namfakkiiwwan Dubartootaa Irratti ............................................ 68
4.7. Haalaafi Yoomessa Dubartoonni Keessatti Dhiyyaatan. .................................................... 69
4.8. Ija Qeeqa Ogbarruutiin Gahumsaafi Sadarkaa Asoosamoonni Kun Irra Jiran. ................... 71
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO .................................................. 72
5.1. Cuunfaa Argannoo ..................................................................................................... 72
5.2. Yaboo Qorannichaa ..................................................................................................... 73
Wabiilee ........................................................................................................................ 75

# BOQONNAA TOKKO

## 1. SEENSA

Kaayyoon qorannoo kanaa kitaabilee asoosamaa Afaan Oromoo filataman lama keessatti qooda dubartoonni qaban mala *sakatta'aa*tti fayyadamuun yaadxina feeminiizimiitiin xiinxaluudhaan. Boqonnaa kana jalattis, seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaatu walduraa boodaan dhiyaate.

### 1.1. Seenduubee Qorannichaa

"Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyyeessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsudha.Waa'ee jiruufi jireenya/finna uummataa waan ta'eef hayyuulee ogbarruu biratti hayyuuleen seenaa, kan falaasamaa, kan siyaasaa, kan seeraafi kanneen biroollee gama ogummaa isaaniitiin ilaaluudhaan hiikkaawwan adda addaa kennanii jiru." Asafaa (2009:17).

Yaada waraabbii armaan oliirrraa waanti hubatamu ogbarruuf hiika tokko kana jedhanii lafa kaahuun rakkisaa ta'uu isaati. Sababiin isaas, ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyyeessu waan ta'eef hayyoonni gama ogummaa isaaniitiin hiika adda addaa kennuu isaanii irraa kan ka'e ogbarruun kana jedhanii hiika tokko kennuun rakkisaa ta'a.

Kanumaan kan walqabatu Asafaan (2009:23) "Ogbarruu ibsuu irratti ogbarruu akka barruu hundaatiifi akka hojii kalaqaa, waan waa-uumeetti ilaalchonni adda addaa lama jiraachuu ibsa" jedhe. Kun immoo kan ibsu ilaalchi ogbarruu irratti hayyoonni qaban adda adda ta'uu kan nu hubachiisudha.

Kana malees, Fedhasaan (2019:6-7) hayyoonni warra lixaa hiika ogbarruu irratti ilaalcha adda addaa qabaachuu isaaniifi ilaalchuma isaanii kana irraa ka'anii hiika walhinfakkaanne ogbarruuf kennuu isaanii ibse. Ilaalchonni isaanii kunniinis waanti barreeffame hundi ogbarruudha; ogbarruun hojiilee gurguddoo namoonni uummata keessatti beekamoo ta'an barreessan ta'ee, kitaaba galmee addunyaa (genius book) irratti galmeeffame ta'uu qaba; ogbarruun hojiilee kalaqaa bifa miidhagina qabuun barreeffameefi ogbarruun hojiilee sammuu keessatti kalaqamanii afaaniin himamaniifi barreeffamaan dhiyaatanidha jechuun ibse.

Yaada kana irraa waanti hubatamu, hayyoonni adda addaa haala ilaalcha isaaniin ogbarruuf hiika adda addaa akka kennaniifi hiikni yookiin ilaalchi isaanii kan walhinfakkaanne ta'uu isaati.

Gama biraatiin Asafaa (2009:30) "Ogumni (literature) waa lama: tokko oguma-uumeeti (creative/wisdom), tokko immoo oguma-uumee-miti (factual knowledge). Ogumni-uumee kun waa sadii:1) ogafaan (oral literature); 2) ogbarruu (written literature); fi 3) Aartii: Boca, fakkii, wallisa (fine arts: sculpture, painiting, music)" jechuun ibse.

Yaada waraabbii olii irraa waanti hubatamu ogumni oguma uumeefi miti-uumee ta'uu isaatiifii oguma uumee kanneen jedhaman ogfaan, ogbarruufi aartii ta'uu isaaniiti. Kun immoo kan nu hubachiisu ogumni waan barreeffame yookiin ogummaa barreefamaa qofa osoo hin taane ogafaan illee akka of keessatti hammatudha.

Kanumarraa ka'uun, "Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa: ogumaafi dandeettii aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenyaa, akkasumas dhageettii keessoo ofii: gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsatanidha" (Fedhasaa, 2019:11).

Waraabbi olii irraa waanti hubatamu, ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee, dhalli namaa kan ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenya isaa, akkasumas waan keessoo isaatti dhaga'amu: gadda, gammachuu, fedhii, hawwii, jaalalafi jibba qabu ittiin ibsatu kalaqa sammuu namaa ta'uu isaati.

Yaaduma kana deeggaruun Misgaanuun (2012:2) "Ogumni waa'ee jiruufi jireenya dhala namaa ta'ee, namootaan qindeeffamee namootaaf afaaniifi barreeffamaan kan dhiyaatu qabeenya hawaasni waliin waliif qabudha. Ogbarruun garuu aadaan uummataa haala miidhagina qabuun qindaa'ee dhalootarraa dhalootatti barreeffamaan karaa ittiin darbuufi calaqqee jiruufi jireenya uummata tokkooti," jedha.

Yaada kana Beekan (2013:8 ) yoo ibsu: "Ogbarruun calaqqee aadaa uummataati. Kana jechuun sammuu namaa bashannansiisuu irratti kan xiyyeeffateefi muuxannoo dhala namaa jiruufi jireenya isaa keessatti isa muudate yookiin muudachuu danda'u miidhagseefi haala miira namaa hawwatuun kan dabarsu jechoota filatamoo isaatiinidha."

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu ogbarruun calaqqee aadaa uummataa ta'ee, kan jechoota filatamoon miidhagsuun haala miira namaa hawwachuu danda'uun muuxannoo dhala namaa

jiruufi jireenya isaa keessatti isa mudatu yookiin mudachuu danda'u kan dhiyyeessu hojii kalaqaa sammuu dhala namaa ta'uu isaati.

> Akkasumas, Yaada kana cimsuun Asafaan (2009:21-22) yoo ibsu: Ogbarruun oguma kalaqaa, oguma waa uumuu tahee kan muuxannoo jiruufi jireenyaa keenya haqa irratti ittii yayyabnu, bu'ureessinuufi akka qabatamutti miidhagsineefi faayessinee ittiin ibsinu. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinu waan ammoo beekumsa ilmaan namaatti waa cobu tokko ittiin walii galaafnu jechuun ibsa.

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu ogbarruun oguma waa kalaquu ta'ee muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa dhugaarratti hundaa'uun miidhagsinee kan ittiin ibsinuufi waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko kan ittiin walii dabarsinu ta'uu isaati.

Fedhasaan (2019:11) Maalummaa ogbarruu yoo ibsu, "Ogbarruun hojii kalaqaa sammuu dhala namaa: ogummaafi dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenya, akkasumas dhageettii keessoo ofii: gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsatanidha…," jedha. Yaada kana irraa waanti hubatamu ogbarruun kalaqa sammuu namaa ta'ee dhimma jiruufi jireenya dhala namaa, aadaa, duudhaafi falaasama, akkasumas waan keessa isaatti dhagahamu: gadda, gammachuu, hawwiifi fedhii isaa kan ittiin ibsatu ta'uu isaati.

Kana malees, Geetaachoon (2011:132) keessatti ogbarruu yoo ibsu, "Litireecheriin hojii kalaqaa ta'ee, fedhii, gammachuu, hawwiifi wkf miidhagsuun hojii ilma namaa walitti qindeessee kan mul'isudha." jechuun barreesse. Yaada kana irraa waanti hubatamu ogbarruun hojii qalaqa sammuu ilma namaa ta'ee fedhii, gammachuufi hawwii ofii miidhagsanii qindeessuun dhiyyeessuu ta'uu isaati.

Ogbarruun tokko ogbarruu ta'uufi ta'uu dhiisuu isaa karaa ittiin adda baasnu qabna. Kunis ulaagaa ogbarruun tokko guutuu qabu bu'uureffachuun addaan baasuu ni dandeenya. Yaada kanas Asafaan (2009:29-30) "Barruun tokko akka ogbarruu yookaan ogafaaniitti fudhatamuuf ulagaaleen inni guutuu qaban jiru. Ulaagaan kunis hojii kalaqaa ta'uufi miidhagina yookiin naatoo qabaachuu isaanii ta'uu ibsuun kanneen ogbarruu kalaqaa ta'an kunneen asoosama, walaloo, do'ii, sheekkoo, durdurii, geerarsa, weedduufaati," jechuun ibseetu jira.

Ogbarruu keessatti hojiilee kalaqa sammuu dhala namaa kanneen ta'an hedduutu jiru. Isaan keessaa tokko asoosamadha. Asoosamni hojiilee kalaqaa keessaa tokko ta'ee, dhugaa addunyaa

dhugaa keessatti mul'atu irraa ka'uun asoosaan addunyaa mataa isaa uumee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo jechootaan kuulee miidhagsuun akka daawwitiitti kan mul'isudha. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti kitaabbileen lamaan filataman kunneenis ulaagaalee asoosamni tokko guutuu qaban kan akka hojii kalaqqii ta'uufi miidhagina/naatoo qabaachuu isaaniitiin asoosamoonnikun filatamaniiru. Yaada kana Misgaanuun (2012:15) yoo ibsu:

Asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman yookaan raawwatamuu danda'an ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessuu dha. Akkasumas muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebisee dhiyeessuudha jedha.

Yaadni olii kun kan agarsiisu asoosamni barreeffama gochaalee namoota dhugaan hawaasa keessa jiraataniin raawwataman bu'uura godhachuun kalaqa sammuu namaa dabalatee barreeffamuun hawaasichumaaf kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Kalaqa dhala namaa kana ciminootaafi hanqinoota inni qabu beekuuf immoo qeeqni barbaachisaadha. Ogbarruu qeequun immoo ogummaa barbaada. Kanaafuu, namni ogbarruu qeequ tokko maal gochuu akka qabu Coyle M, (1990:128) yoo ibsu, "Criticism asks what literature is, what it does, and what it is worth," jedha. Akka yaada kanaatti, namni ogbarruu qeequ tokko maalummaa, faayidaafi gatii ogbarruun qabu cimsee gaafachuu qaba jechuudha. Egaa namni ogbarruu qeequ tokko waa'ee ogbarruufi faayidaa ogbarruun qabu beekuun isa barbaachisa.

Dabalataan, qeeqa ogbarruu ilaalchisee Dutton, (1984:459) yoo ibsu, "Criticism is analysis of its structure and style, judgment of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and the establishment of general principles by which literary works (individually in categories or as a whole) can be evaluated and understood," jechuun addeessa.

Akka yaada kanaatti qeequu jechuun caasaa, tooftaafi gatii hojichi qabu qaaccessuudhaan hojii ogbarruu wajjiin walbira qabanii murtoo kennuudha. Kanaafuu, hojii namni tokko hojjete akka waliigalaatti yookaan garee gareetti qooduudhaan xiinxaluun hiika itti dhiyaatu tilmaamaan itti kennuun madaaluufi hubachuu jechuudha. Gabaabumatti, qeequun firii ogbarruu tokkoo fudhatanii qaacceessuufi madaaluu akka ta'eefi ergaa yookaan dhaamsa inni dabarsu dubbistoonni haala salphaa ta'een akka hubataniif kan gargaarudha.

Kanaafuu, damee ogbarruu keessaa asoosama yoommuu xiinxallee ciminaafi hanqina isaa addaan baasnee dubbistootaaf ifa goonu yaaxinaalee garaagaraa gargaaramuun barbaachisaadha. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa asoosama *Hawwii* boqonnaa 7 fuula 218 qabu, kan Isaayyaas Hordofaatiin barreeffamee bara 2001 yeroo lammaffaf maxxanfamefi *Kudhaama Jaalalaa* boqonnaa 9 fuula 181 qabu kan Abrahaam Tasfaayeetiin barreeffamee bara 2013 maxxanfame keessatti yaaxxina Feeminiizimiitiin xiinxaluudha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kun asoosamoota qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha. Asoosamni immoo dhimma hawaasa tokkoo kan calaqisiisu; jiruufi jireenya hawaasa tokkoo hawaasa kaaniif kan ibsuufi haala guddina hawaasa sanaa ibsuuf gargaara. Haalli kun immoo waliitti dhufeenya hawaasa garagaraa gidduutti uumuuf bu'uura ta'a. Asoosamoota yookaan ogbarruuwwan afaan tokkoo karaa adda addaatiin qeequun ciminaafi hanqina isaanii adda baasuun guddina afaan tokkoof murteessaadha. Kana gochuuf immoo, yaaxxina qeeqa ogbarruutti gargaaramuun barbaachisaadha. Yaaxinoota jiran keessaa tokko yaaxxina feeminiizimiiti.

Kanuma bu'uura godhachuun qorataaf ka'umsa kan ta'e, asoosamoonni Afaan Oromoo yeroo ammaa haabarreeffaman malee yaaxxina feeminiizimiitiin qorannoon bal'inaan isaan irratti adeemsifame hinmul'atu; kana malees, qorannoon yaaxxina feeminiizimii bu'uureffatee asoosama *Hawwii*fi *Kudhaama Jaalalaa* walitti fiduun gaggeeffame hinjiru. Kun immoo qaawwa mul'atudha; qoratichis qaawwa kana duuchuuf mataduree kana filachuun irratti qorannoo adeemsisuuf kaka'umsa horateera.

Haaluma kanaan, qorannoon kun geggeeffamuun bu`aan isaa gaaffilee armaan gadiif deebii keenna jedhamee abdatama:

1. Asoosamoota filataman keessatti dubartoonni haala akkamiin ibsaman, qoodni isaaniihoo maal?
2. Qoodni dubartoonni asoosamoota filataman keessatti qaban maal maal fa'i?
3. Asoosamoota filataman keessatti tooftaaleen dubartootni fayyadaman akkamiin ibsame?
4. Haalaafi yoomessi dubartoonni keessatti dhiyaatan maal fakkaata?
5. Ija qeeqa osgbarruutiin asoosamoonni dhiyaatan lamaan gahumsa akkamiifi sadarkaa maalirra jiru?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa asoosamoota *Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa* yaaxxina feeminiizimiitiin qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoowwan gooroo bu'uura godhachuun kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

1. Asoosamoota filataman keessatti dubartoonni akkaataa ittiin ibsamaniifi gahee isaanii addeessuu;
2. Qooda dubartoonni asoosamoota filataman keessatti qaban addaan baasuu;
3. Tooftaalee dubartootni asoosamoota filataman keessatti fayyadaman ibsuu.
4. Haalaafi yoomessa dubartoonni keessatti dhiyaatan ibsuu; akkasums
5. Ija qeeqa ogbarruutiin gahumsaafi sadarkaa asoosamoonni kun irra jiran ibsuudha.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Faayidaan qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

1. Namoota dhimma qorqnnoo kanaa wajjin walfakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a;
2. Dubbistoonni dhaamsa asoosamoota kanneenii caalaatti akka hubataniif gargaara;
3. Barreessitoota hojii kalaqaatiif akka qajeelchaatti tajaajiluu danda'a; akkasumas
4. Guddina ogbarruu Oromoo keessatti tumsa guddaa godha.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Asoosamoota afaan Oromoo hunda yeroo tokkotti qorannoo irratti gaggeessuun rakkisaadha. Kanaafuu, asoosamoota muraasa filachuun dirqama ta'a. Kana malees, tooftaalee asoosamni tokko ittiin xiinxalamuun yeroo tokkotti asoosamoota qeequun rakkisaadha. Haalota kanarraa ka'uun, qoratichi asoosamoota lama filatee jira. Kanas kan filate asoosamoota bara rakkisaafi Oromoon sababa Oromummaa isaatiin dhiibbaan bara irraan gahamu keessatti kanneen qala

qaman keessaa  Asoosamoota Afaan Oromoo asoosama *Hawwii* boqonnaa 7 fuula 218 qabu, kan Isaayyaas Hordofaatiin barreeffamee bara 2001 A.L.I yeroo lammaffaaf maxxanfameefi asoosama *Kudhaama Jaalalaa* boqonnaa 9 fuula 181 qabu kan Abrahaam Tasfaayeetiin barreeffamee bara 2013 A.L.A (G.C) maxxanfame keessatti dhimmoota qooda dunbartoonni asoosamoota lamaan keessatti qaban yaaxxina Feeminiizimiitiin qaaccessuudha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokkoo keessatti hanqinoonni garagaraa qorataa mudachuun isaanii hinoolu. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti rakkooleen qorataa mudatan nijiru. Kunis, qorataan hojii baruufi barsiisuu irraa bilisa osoo hinta’iin qorannoo kana yommuu adeemsisu hanqinni yeroo isa mudateera. Dabalataanis, qorannooleen biroo qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban bal’inaan dhabamuufi maddeen odeeffannoo/ragaa afaan Oromootiin barreeffaman bal’inaan jiraachuu dhabuun isaanii hanqinoota ijoo qorataa mudatanidha. Haata’u malee, qorataan yeroo isaa aarsaa gochuun, barreeffamoota afaan birootiin jiran gara afaan Oromootti hiikuudhaan qorannicha milkeessee jira.

# BOQONNAA LAMA

## 2. SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun barruulee garagaraa sakatta'uu irratti xiyyeeffate. Isaanis, qabxiilee gurguddoo sadii irratti hundaa'an. Jalqabarratti yaadrimeewwan qorannoo kanaaf bu'uura ta'antu iddoo adda addaatti qoqqoodamuun dhiyaate. Itti aansuudhaan yaaxxinaalee qorannoon kun bu'uura godhateefi qorannoolee hojii kanaan walitti dhiyeenya qabantu sakatta'amee dhiyaate.

## 2.1. Oguma

Ogumni (wisdom) waa'ee jiruuf jireenyaa (finna) dhala namaa ta'ee namootaan qindeeffamee namootaan dhiyaata. Kunimmoo namoonni hojjaafi qo'annoo adda addaa hiriiran akka hubannoo ofii isaaniitti hiika adda addaa ogumaaf akka kennan taassisee jira (Asafaa 2009:20).

Waraabbii oliirraa waanti hubatamu ogumni waa'ee jiruufi jireenya namootaa namootaan qindeeffamee namootaaf kan dhiyaatu ta'uu isaafi hayyoonni gama ogummaa isaaniitiin karaa adda addaa hiika adda addaa kan itti kennan ta'uu isaati. Kana irraa ka'uun ogumaaf hiika tokkicha kana jedhamu kennuun rakkisaa ta'uu isaa nu hubachiisa.

Yaaduma kana hayyoonni gara garaa maqaa isaarraa ka'uun hiika gara garaa yeroo kennaniif ni mul'ata. Hiika hayyoonni kennanis akka armaan gadiitti ilaalla.

Hiika ogbarruu ilaalchisee Jaarraa W.Bfi W.B. Yaadatee (2000/2008:173-174) "Maalummaa ogbarruu hima tokkoon kaa'uun nama rakkisa. Og-barruun hiika tokko kan namoonni marti irratti waliigalan hinqabu; kun immoo bal'ina isaa ibsa." jechuun ibsanii jiru.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti sababa bal'ina isaa irraa kan ka'e namoonni dirreewwan qo'annoo adda addaa keessatti argaman ogbarruuf hiika adda addaa akka kennan kan taassise waan ta'eef hiika walfakkaataa kana jedhanii hima tokkoon kan namoonni hundi irratti waliigalan kennuun rakkisaa ta'uu isaati.

Kana malees, maalummaasaa, faayidaasaa, amalasaa, waan inni of jalatti hammatu, jijjiirama beekumsaa, falaasamaafi dhiibbaa inni jireenya irratti qabu ilaalchisee waanti hedduun jedhameera. Ogeessota ogbarruun alas, ogeessonni biroo kallattii ogummaa isaaniitiin ilaaluun hiika itti kennuu yaalaniiru. Ogbarruun muuxannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti

raawwatu waan ta’eef, akkaataan jiruufi jireenyaa kun immoo walxaxaa ta’uurraa kan ka’e hiika hunda galeessa itti kennuun ulfaataadha. Haata’u malee, hayyoonni adda addaa ogbarruuf kallattii ogummaa isaaniitiin hiika mataa isaanii kennaniiru; hiikonni isaan kennanis ibsa armaan gadii keessatti dhiyaataniiru.

Haaluma kanaan hiika ogbarruu Asafaan (2009:16-17) yoo ibsu, “Ogbarruun waa’ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiheessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsudha.” jedha. Yaada kanarraa waanti hubatamu ogbarruun jiruufi jireenya ilma namaa isuma uummata keessa jiru uummatuma keessaa fuudhee uummatumaaf kan dhiyeessu daawwitii jiruufi jireenya uummataati. Biraanuun (2009:18) immoo maalummaa ogbarruu yeroo ibsu;

> The term written literature is used to refer to a body of imaginative literature committed to writing or presented in the form of printed words. Hence the basic distinction between oral literature and written literature is that in the former the artist conveys his or her ideas verbally where as in the latter the conveys his or her ideas through writing jedhe.

Waanti yaada armaan oliirraa hubatamu ogbarruun hojii kalaqqii dhala namaa bifa barreeffamaan jirudha. Haata’u malee, garaagarummaa ijoon inni ogafaan (afoola) irraa qabu, ogafaan kan namni yaada isaa afaaniin ittiin ibsatu yookiin dabarsatu yoo ta’u, ogbarruun immoo kan namni yaada isaa barreeffamaan kan ibsatu yookiin dabarsatu ta’uu isaati. Kanaafuu, ogbarruun kan namni yaada isaa kalaqa mataa isaan miidhagsee akka nama hawwatutti barreeffamaan dhiyyeeffatu yommuu ta’u, ogafaan immoo afaaniin kan dabarsatu ta’uu isaati. Kun immoo garaagarummaa ogbarruufii ogafaan jidduu jiru ifatti kan mul’isu ta’ee ogbarruun maal akka ta’e kan taassisuudha.

Dabalataanis, Misgaanuun (2012:8) bifa armaan gadiin maalummaa Ogbarruu kaa’eera. Ogbarruun ogummaa kalaqqii yookaan waa uumuu ta’ee, muuxannoofi mudannoo hawaasaati. Muuxannoofi mudannoo kanatu miidhagee, faayamee tarii gammachiisuuf yoo hin taane immoo gaddisiisuuf kan ooluudha. Dabalataanis ogbarruun muuxannoo ilma namaa kan jechaafi gochaan ibsamuu danda’u hojii kalaqqii jijjiirama keessa lufuu maluudha jedha.

Waanti yaada olii kanarraa hubatamu ogbarruun ogummaa waa kalaquu yookiin uumuu ta’ee muuxannoofi mudannoo hawaasaa jechaafi gochaan ibsamu bareechee yookiin kuulee miidhagsee dhiyeessuun, gammachiisuuf ykn gaddisiisuuf kan tajaajilu ta’uu isaati. Kana malees, jechaafi

gochaan yeroo jedhu ogafaanis kan of keessatti hammatu ta'uu isaa kan ibsuufi ogafaan immoo dhalootaa dhalootatti yookiin labataa labatatti yeroo lufu jijjiiramni jiraachuu isaa ibsa. Kanaafuu, yaada kanaraa waanti hubatamu ogbarruun hojii kalaqa dhala namaa ta'ee kan barreeffamaan, afaaniiniifi gochaan muuxannoofi muudannoo dhala namaa faayee dhalootaa dhalootatti dabarsu ta'uu isaati.

Akkasumas, ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee dhugaafi muuxannoo jireenya dhala namaa miidhagsee haala miiraafi qalbii namaa hawwatuun kan dhiheessu ta'uusaa Tashoomaafi kaawwan (2002:15) yoo ibsan, "Ogbarruun sammuu dhala namaatiin kan uumamu, jechoota filatamoon kan ibsamu, miidhagina kan qabu, haqniifi jireenyi kan ittiin ibsamu, miiratti kan dhaga'amu …." jedhu.Yaada kana irraa waanti hubatamu ogbarruun hojii kalaqaa jechoota filatamoon barreeffamuun jiruufi jireenya ummataa kan ibsu ta'uu isaati.

Kana malees, Taarikuu (2001:109) ogbarruu jechuun waan barreeffame yookaan waan afaaniin jedhame kan bakka bu'u yoo ta'u, gadi fageenyaan yoo ilaalamu garuu hojii kalaqaa, hojii teeknikaafi hojiiwwan saayinsii hunda hammata. Haata'u malee, caalmaatti kan inni tajaajiluuf hojiiwwan kalaqaa warra miidhagina gonfataniif ta'uu isaati jechuun ibse.

Walumagalatti, ogbarruun beekumsa waa'ee dhala namaafi waa'ee jireenyaa qabnu bal'isuurra darbee naannoo keenyaafi hawaasa keenya akka hubachuu dandeenyutti kan nu qopheessu, haqa jireenyaa dhihaaturraa ka'uunis namas ta'e hawaasicha madaaluu kan nudandeessisu dammaqina sammuu nuuf kenna. Kanaanis, gochaafi amala namarratti arginu akka qeeqnu, sochii hawaasicha keessatti taasifamu akka xiinxallu nu taasisa.

## 2.2. Gosoota Ogmaa

Gosoota Ogmaa ilaalchisee, Asafaan (2009:30) "Ogumni (literature) waa lama: tokko, oguma-uumeeti (creative~/wisdom), tokko immoo oguma-uumee-miti (factual knowledge). Ogumi-uumee kun waasadii:1) Ogafaan (oral literature); 2) Ogbarruu (written literature); fi 3) Aartii: Boca, Fakkii, Wallisa (fine arts: sculpture, painting, music)" jechuun ibse.

### 2.2.1. Ogbarruu

Ogbarruun, kalaqa sammuu ilma namaa barreeffamaan jiru hunda hammata; as keessatti waanti hubatamuu qabu, ogbarruun waan barreeffamaan jiru hunda osoo hin taane, waan kalaqa sammuu dabalatu qofa jechuudha. Innis, ulaagaa ittiin barreeffama kaan irraa adda ta'u qaba. Kana

jechuun, ogbarruun bifa miidhagina qabuun sammuu namaa akka hawwachuu danda'utti mijeeffamee kalaqama. Haata'u malee, barreeffamoonni miidhagina qaban hundi ogbarruu ta'u jechuu miti. Barruuleen dhugaa himan kanneen akka gaazexaa, kitaabilee barnootaa, barruuleefi gabaasonni hammam miidhaganillee ogbarruuwwan miti. Sababni isaas dhugaa jiru kallattumaan gabaasu waan ta'eefi.

Yaaduma kana deeggaruun "Ogbarruun dhugaa addunyaarraa maddullee, kalaqa sammuu dabalata. Garuu kallattumaan dhugaa himuuf hindirqamu. Dhugaa sana alkallattiin kuulee miidhagsee hima. Kalaqummaa gonfachuun gabaasaalee dhugaarraa adda ta'a jechuudha." Jedhe Fedhasaan (2019:92).

Kanarraa waanti hubannu ogbarruun dhugaa addunyaarraa kan maddu ta'us, dhugaa sana kallattumaan kan dabrsu osoo hin tane dhugaa sana irraa ka'uun kalaqa sammuu itti dabaluun miidhagsuun barreeffamaan kan dhiyaatuufi gabaasa dhugaa irraa adda ta'uu isaati.

Akkasumas, Dastaan (2011:10) "Ogbarruun hojii kalaqaa kanneen akka asoosamaa, ogwalaloofi diraamaa ofitti dabalata." jechuun ibse. Akka yaada kanaatti ogbarruun barreeffamaa kanneen hojii kalaqaa ta'anii barreeffamaan dhiyaatan yommuu ta'an, isaanis asoosama, diraamaafi ogwalaloo jedhamuun bakka sadiitti kan qaadaman ta'uu isaaniiti. Dabalataanis, qoodinsa ogbarruu Birahaanuun (2009:12) yoo ibsu:

> Literature may be classified in to four catagories. These are prose fiction, poetry, drama and non fiction. The first three are classified under imaginative literature. non fiction in other hand, includes news report, feature articles, historical and biographical works and the like, all of which describe or interpret acts and present jugdments and options jedhe.

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu ogbarruun asoosama dhangala'aa, walaloo, diiraamaafi alasoosama jedhamuun iddoo afuritti akka qoodamu agarsiisa. Kanneen jalqabaa sadan kan arga yaadaan kalaqaman jalatti ramaadamu. Kan dhumaa garuu al-asoosama ta'uusaa yaada oliirraa hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu, ogbarruun asoosamaafi al-asoosama jedhamuun qoodama.

Ogbarruun tokko ogbarruu ta'uufi ta'uu dhiisuu isaa karaa ittiin adda baasnu qabna. Kunis ulaagaa ogbarruun tokko guutuu qabu bu'ureffachuun addaan baasuu ni dandeenya.

Yaada kanas Asafaan (2009:29-30), “Barruun tokko akka ogbarruu yookaan ogafaaniitti fudhatamuuf ulagaaleen isaan guutuu qaban jiru. Ulaagaan kunis hojii kalaqaa ta’uufi miidhagina yookiin naatoo qabaachuu isaanii ta’uu ibsuun kanneen ogbarruu kalaqaa ta’an kunneen asoosama, walaloo, do’ii, sheekkoo, durdurii, geerarsa, weedduufaati” jechuun tarreessee ibse.

## 2.3. Asoosama

Fedhasaa (2019:93) “Asoosamni argaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul’isuudha. Mudannoofi muuxannoo hawaasni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxatu mul’isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul’ata” jedha. Yaada kana irraa waanti hubatamu, asoosamni sammuu barreessaa keessatti yaada barreessaatiin kalaqamee, addunyaa asoosaan uume keessatti muudannoofi muuxannoo namni jireenya isaa keessatti qabu barreeffamaan waraqaa irra kaahee kan mul’isu ta’uu isaati.

Akkasumas, Asafaa (2009:125) “Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosamaa tokko dhugaa jirurratti hundaa’ee amala, sansakaa, hubannoo, kkf namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaasaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsudha.” Yaada kana irraa waanti hubatamu asoosamni hojii barruu ta’ee kan sammuu namaatiin uumamee, barreessaan dhugaa jirurratti hundaa’ee amala, sansakaa, hubannoo namoonni hawaasa addunyaa dhugaa keessa jiraatan qaban qooddattoota uumetti uffisuun dhaamsa isaa kan ittiin dubbistootaaf dabarfatu ta’uu isaati.

Asoosamni barreeffama dhugaa haawaasa keessa jiru bu’uura godhachuun kalaqa sammuu namaa dabalatee kan barreeffamudha.Yaada kana Beekan (2013:11) yoo ibsu,

> Asoosamni akaakuu og-barruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatan yookaan raawwatamuu danda’aniin ka’umsa godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatti dandeettii kalaqu isaatiin qindeessudha jechuun ibsa.

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu asoosamni barreeffama barreessaan tokko, fedhii, miirdhageettii, aadaafi beekumsa dhala namaa mara walitti qabuun, beekumsa hawaasa naannoo isaa ka’umsa godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatti dandeettii kalaqu isaatiin miidhagina itti dabalee kan barreessu ta’uu isaati.

Dabalataanis, Taarikuu (2001:109) asoosamni jireenya nama dhuunfaafi hawaasaa addunyaa dhugaa kanarra socho'anii karaa jechootaa kan calaqqisiisuufi arga yaadaatiin kan mul'isu gosa og-barruu ta'uufi bu'aa bahii jireenya hawaasummaa keessatti dhimmoota walxaxaa isaan muudatu naffakkii muraasaan fakkeessee dhiyyeessuu kan hammatu ta'uu isaa ibsa.

Birhaanuun (2009:29-30) hiika asoosamaa yoo ibsu, "The word fiction comes from the latin word fictio, which means some thing imagined and invented, and it is refers to any narrative literature created from the author's imagination rather than from fact." Waanti yaada kanarraa hubatamu asoosamni jecha Laatiinii 'fictio' jedhurraa kan dhufe ta'ee waan qabatamaan jiru osoo hin taane kalaqa sammuu barreessaatiin waan kalaqame yookaan uumame ta'uu isaati.

Asoosamni jijjiiramaafi guddina ogbarruun qaroomina hawaasaa wajjin agarsiisaa dhuferraa kan madde ta'uusaafi yeroo yeroottis jijjiiramaafi fooyya'aa akka jiru agarsiisa. Akkasumas, asoosamni muuxannoofi muudannoo jireenyaa bal'inaan dhiheessuuf ga'umsa waan qabuuf seenaa guddina ogbarruu keessatti akka bu'aa guddaatti fudhatama.

Zarihuun (2007:154) asoosamni jireenya hawaasummaa karaa namatti toluufi karaa qola dubbii nama harkisuu danda'uun humna bal'inaan namatti agarsiisuu danda'u kan qabuufi ogummaa muudannoowwan namootaa dhiyeessuu dandahu ta'uu isaa ibsa. Yaada olii, Tashoomaafi kaawwan (2002: 7) yoo ibsan:

> Asoosamni jireenya hawaasummaa haala gammachiisaa ta'een bal'inaan ibsuuf humna qaba. Mudannoolee adda addaa dhala namaa mudatan dhiheessuu ni danda'a"jedhu. Kanaafuu, asoosamni yeroo ammaa bifoota ogbarruu hawaasaa hedduu keessatti tajaajila bal'aa kennaa jiran keessaa isa tokko ta'uu danda'ee jira. Hawaasni Oromoos tajaajilamtoota yookiin fayyadamtoota bu'aa kanaa keessaa isa tokkodha.

Yaadota oliirraa waanti hubatamu asoosamni gosoota ogbarruu haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo bal'inaan karaa adda addaatiin ibsaa jiran keessaa gaheen inni qabu ol'aanaa ta'uu isaati.

## 2.4. Gosoota Asoosamaa

Gosoota asoosamaa hayyoonni adda addaa haala adda adaan qooduun ibsaniiru. Kanas haala armaan gadiin ilaaluu dandeenya.

"Asoosamni asoosama dheeraafi asoosama gabaabaa jedhamee bakka gurguddaa lamatti qoodama" Asafaa (2009:126).

Yaaduma olii deeggaruun, Fedhasaan (2019:94) gosoota asoosamaa yeroo ibsu, “Haala bal’inaarratti bu’uuruun asoosama bakka lamatti qooduu dandeenya. Isaanis, asoosama dheeraafi asoosama gabaabaadha” jechuun qoode.

Kana malees, Dastaa (2011:10) gosoota asoosamaa yoo ibsu: “Asoosamni ganma isaatiin gooree akka asoosama xiillaa (novel), asoosama kurfaa (novella), asoosama gumaataa (novelette), asoosama ariitii (shot story) fi asoosama habalakaa (filash fiction) jedhamee bakka gara garaatti hiramuu danda’a” jedha.

Dabalataanis Beekan (2013:17) yoo ibsu, “Asoosamni akaakuu gara garaa qabaachuu danda’a. isaanis, asoosama dheeraa, asoosama giddu galaa, asoosama xiqqaafi asoosama xiqqaa gadiillee ta’uu mala.” jechuun tarreesse.

Yaadolee armaan oliirraa waanti hubatamu asoosamni bakka adda addaatti qoodamuu isaaniifi gosa garaagaraa qabaachuu isaa. Kunis, asoosamni asoosama dheeraafi asoosama gabaabaa jedhamuun bakka lamatti qoodamuu isaa.

## 2.4.1. Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan hojii ogbarruu kalaqaa altokkotti dubbifamuun xumuramudha. Kana jechuun bifa hololummaa kan qabuufi gochoota garagaraan kan ijaaramudha. Xiyyeeffannoon asoosama gabaabaa ta’iiwwan tokkicha giddugala qooddattootaa yeroo gabaabaa keessatti ifa gochuun dubbifamudha. Miseensonni asoosama gabaabaa akka asoosama giddugalaafi dheeraa yaada bal’aafi raawwiin miseensotaa kan keessatti heddummatan miti, Beekan (2013:20).

Waraabbii oliirraa kan hubannu asoosamni gabaabaan ta’ii tokkicha irratti xiyyeeffatamuun kan barraa’uufi teessuma takkaan kan dubbifamee xumuramu ta’uu isaati. Kana malees akka asoosama dheeraa yeroo dheeraa kan barbaaduufi walxaxaa akka hin taane nuhubachiisa.

## 2.4.2. Asoosama Dheeraa

Asoosama dheeraaf hayyoonni haala adda addaan hiika mataa isaanii kennaniiru. Kanneen keessaa, Fedhasaa (2019:94) “Asoosamni dheeraan gosa ogbarruu ta’ee seeneffama dheeraa sammuu barreessitootaatiin kalaqameefi bifa hololaatiin dhiyaatudha. Asoosamni dheeraan yoomessa bal’aa qaba. Taatee xaxamaa qaba. Dubbisanii xumuruuf yeroo dheeraa fudhata. Ergaa

danuu qabaachuu danda'a." jechuun yoo ibsu, Beekan (2013:17-18) immo, Asoosamni dheeraan hiika murtaawaa kana jedhamee lafa kaa'ame hinqabu. Asoosamni dheeraan seenaa nama tokkoo dhalootaa hanga dhumaatti agarsiisa. Qooddataa hedduu of keessaa qaba. Kanaafuu asoosamni dheeraan jireenya hawaasummaa bal'inaan jechoota nama hawwataniifi miidhagina qabaniin barreeffamee, muudannoo gurguddoo ilma namaa dhiyyeessuu kan danda'u kalaqa ogummaa qabeessadha jedhee ibsa.

Yaadolee hayyoota armaan oliirraa waanti hubatamu asoosamni dheeraan hiika murtaawaa kana jedhamee kan hin kennamneefi garuu haala barreefama isaarraa ka'uun hiika kennuufiin kan danda'amu; kunis, asoosamni dheeraan seenaa nama tokkoo dhalootaa hanga dhumaatti kan agarsiisuuf seeneffama dheeraan kan barraahuufi dubbisanii xumuruufis yeroo dheeraa kan fudhatu ta'uu isaati.

Kanarraa ka'uun qorataanis asoosamoonni lamaan filataman kunneen ulaagaa asoosamni tokko guuttachuu qabu yookiin asoosama tokko asoosama jechisiisaniifi ulaagaa asoosamni dheeraan guuttachuu qabu jedhamanii hayyootaan kaa'aman kanneen akka seeneffama dheeraa of keessatti hammatanii waan qabaniifi asoosamoota dheeraa Afaan Oromoo jiran keessaa asoosamoota lamaan kana filachuun qorannoo irratti gaggeessuuf murteesse.

## 2.5. Qeeqa (Criticism)

Qeequun hojii ogbarruu tokko fudhatanii ciminaafi dadhabina isaa adda baasuun ga'umsa inni qabu madaaluudha. Yaada kana Beekan (2013:66) akka ibsetti:

> Jechi qeeqa jedhu yeroo hedduu waa fashaleessuufi dhimma namni tokko itti gargaaramu fakkaata. Ogbarruu keessatti garuu qeeqa jechuun dhimma tokko irratti adeemsa qaaccessaafi madaallii gargaaramuun murtii ta'e irra ga'uuti. Kunis waan barreeffame tokko jabinaafi hanqina, faayidaafi miidhaa, sirrummaafi dogoggora gocha yookiin wanta dhuunfaa tokkoo ilaalchaafi haqa ta'uu ittiin adda baasnudha. Kinis hir'inaafi jabnasaa adda baasuutiin kan raawwatu yoo ta'e iyyuu, ulaagaa dhimma tokko qeequurra dhaabbatanii rakkoo adda baafame sanaaf yeroo itti furmaanni dhimmichaaf barbaadamudha.

Yaada waraabbii olii irraa kan hubannu qeeqa jechuun waa fashaleessuuf dhimma itti gargaaramnu qofa osoo hin taane, ogbarruu keessatti dhimma tokko irratti adeemsa

qaaccessuufi madaallii fayyadamuun murtii tokko irra gahuu akka ta'eefi barreeffama tokko jabinaafi hanqina ,faayidaafi miidhaa, sirrummaafi dogoggora gochaa yookiin waanta dhuunfaa tokko ilaalchaafi haqa kan ittiin adda baasnu ta'uu isaati.

Akkasumas, Wandosan (2000) qeeqni hojii ogbarruu tokko fudhachuun waa'ee barreeffamichaa hubannoo gadi fageenyaa argachuun, gosa barreeffamaa erga addaan baafataniin booda ulaagaalee madaallii ogbarruu lafa kaa'achuun ciminaafi dadhabina hojichaa irratti hundaa'uun kan ittiin sadarkeessinu madaallii ogummaarratti hundaa'ee geggeeffamu jechuun ibsa.

Kanamalees, Dutton (1984:459) maalummaa qeequu akka armaan gadiitti ibsa.

> "Criticism is analysis of its structure and style, judgment of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and the establishment of general principles by which literary works (individually in categories or as a whole) can be evaluated and understood."

Akka yaada olii kanaatti qeequu jechuun: caasaa, tooftaafi bu'aa hojichi qabu qaaccessuudhaan hojiilee ogbarruu biroo wajjiin walbira qabanii murtii kennuudha. Akkasumas, hojii namni tokko hojjete akka waliigalaatti yookiin gareetti qooduudhaan xiinxaluun hiika itti dhiyaatu tilmaamuun itti laachuun madaaluufi hubachuudha.

Dabalataanis qeequu ilaalchisee Coyle M, (1990:128) yoo ibsu, "Criticism ask what literature is, what it does, and what it is worth," jedha.Yaadni kun kan agarsiisu, namni ogbarruu qeequ tokko maalummaa, faayidaafi gatii ogbarruun qabu cimsee gaafachuu qaba jechuudha. Kana gochuuf immoo maalummaafi hojiileen ogbarruu ittiin qeeqaman adda baasanii beekuun barbaachisaa ta'a. Kanaafuu, qeeqa jechuun hojiiwwan ogbarruu tokkoo dinqisiifachuu yookaan ajaa'ibsiifachuufi hubachuu jechuuda.

## 2.6. Qeeqa Ogbarruu (Literature Criticism)

Qeeqni ogbarruu xiinxalaafi madaallii hojii ogbarruu tokko irratti taassifamudha. Asoosessaan tokko seenaa asoosama keessatti dhiyaatu waa hunda ibsee dhiyeessa osoo hinta'iin akeekuun haala ta'een namni hojii isaarratti xiinxala gaggeessuu waantota aguugamee kan taa'een xiinxaluufi ibsuun unkaafi qabiyyee isaa ifa baasee agarsiisa, (Beekan 2013:67).

Ogbarruu tokko haala barreeffamaafi qindoomina isaa dubbisuun qeequun barbaachisadha. Qeeqa ogbarruu ilaalchisee ragaan interneetii www.iep.utm.edu/literary/ irraa argame tokko akka itti

aanutti ibsa. " Literary criticism is the practice of interpreting and writing about literature as the latter, inturn, strives to make sense of world." Yaada kana irraa waanti hubatamu qeeqni ogbarruu waa'ee ogbarruu xiinxaluun hiika itti kennuudhaaf kan oolu ta'uu isaati.

M.H.Abrams (1981:35) immoo qeeqa ogbarruu haala itti aanee jiruun ibsuu yaaleera. "Literary, criticism is the study concerned with defining, classifying, analyzing, and evaluating works of literature." Akka yaada kanaatti qeeqni ogbarruu hojii ogbarruu tokkoof hiika kennuu, qoqqooduu, xiinxaluufi madaaluu ta'uu isaati.

Dabalataanis Zarihuun (2007:356-357) qeeqa ogbarruu ilaalchisee akka itti aanutti ibseera. Qeeqni ogbarruu hojii ogbarruu tokko haalaan beekuufi safartuuwwan ogbarruu bu'uura godhachuun madaallii ija ogummaatiin taasifamudha. Dabalataanis qeeqni ogbarruu hojii nama tokkoo isa biraatiin waldorgomsiisuun sadarkeessuu akkasumas ciminniifi hanqinni isaa adda bahee kan ittiin beekamu ta'uu isaati jechuun ibsa.

Yaadni biraa qeeqa ogbarruu irratti kenname immoo Mario (1999:100) haala armaan gadiitiin kan dhiyaatedha.

> "The term literary criticism can refer to the literary interpretation of texts as well as their evaluation. For that reason 'literary ciritque' is sometimes used to differentiate between the interpretation of the text and the evaluative criticism that often occurs in connection with literary awards and book reviews".

Akka yaada oliitti qeeqa ogbarruu jechuun hojii ogbarruu tokko hiika itti kennuufi madaaluudha. Kana irraa kan ka'e qeeqni ogbarruu yeroo tokko tokko hiika barruutiifi madaallii qeeqaa badhaasa ogbarruutiin walqabatan addaan baasuudhaaf kan tajaajilu ta'uu isaati.

## 2.7. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu

Faayidaa qeeqa ogbarruu ilaalchisee M. Ellis (1974: 54) haala armaan gadiitiin ibsee jira.

> "It has often been saced that the purpose of criticism is to render the text more injoybel to the reader, to incuargde and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might other lucid have missed."

Kana jechuun, kaayyoon qeeqa ogbarruu akka dubbistoonni hubatanif, cimina barruu sanaa jajuufi hanqina jiru irratti yaada ofii keennuu jechuudha. Kanaafuu, ogbarruu qeequun ciminaafi hanqinoota barruu tokkoo adda baasanii duubdeebii kennuuf gargaara jechuudha. Kana malees, Zarihuun (2007:357) faayidaa qeeqa ogbarruu yoos ibsu:

Qeeqni ogbarruu barreessichaaf, dubbisaaf walumaagalatti barbaachisummaafi tajaajilli inni ogbarruuf qabu guddaadha. Hojii barreessaa tokko irratti qeeqni ogbarruu irratti kennamu dadhabinaafi cimina hojichaa kan agarsiisu hojii itti aanu keessatti akka itti fayyadamus; dadhabina isaas immoo dhiisuun qabxiilee fooyya'insaa akka barbaaddatuuf gargaara. Hojiin qeeqaa inni jalqabaa hojii isaa sakatta'ee murtoo kennuu waan ta'eef barreessichi sadarkaa irra jiru meeshaa ittiin beeknu keessaa isa tokkodha. Hojii ogbarruu keessatti sadarkaa ofii hubatanii maal gochuu akka qaban karaa itti beekaniifi gahumsa barreessichaa tooftaa itti mirkaneeffatudha jechuun ni danda'ama. Qeeqni inni sirriin adeemsa barreeffamaa barreessaan qabatee jiru akka itti fufu yookiin akka jijjiiru qabxiiwwan dandeessisan ibsuun hojii fooyya'aa akka hojjetuuf gargaara jechuun ibsa.

## 2.8. Yaaxxinaalee Qeeqa Ogbarruu

Yaaxxinni namni ogbarruu qeequ tokko maal gochuu akka qabu kan agarsiisuu dha. Yaanni toora interneetii https://en.Wikipedia.org/wiki/literary-theory jedhu irraa argame yaaxxina ogbarruu akka itti aanutti kaa'a. "The Literary theory in strict sense is the systematic study of the nature of literature and of the methods for analayzing literature." As irraa waanti hubatamu yaaxxinni, ogbarruu tooftaa amalli ogbarruufi mala inni ittiin xiinxalamu kan qu'atu ta'uu isaati. Ogbarruu tokko qeequuf yaaxxinaaleen tajaajilan adda addaa ni jiru. Isaan keessaa yaaxxina bifiyyee, feeminiizimii, maarkisiizimii, dhugummaa, xinsammuufi caasessitoota kaasuun ni danda'ama. Kanneen keessaa hojii qorannoo kanaaf kan filatame yaaxxina feeminiizimiiti.

## 2.9. Qeeqa Asoosamaa

Asoosamni ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko. Asoosama qeequun ciminafi hanqina isaa adda baasuun guddina ogbarruufi hojii kalaqaa afaan sanaaf baay'ee murteessaadha. Kanaafuu qeequun qulqullina hojii kalaqaa baasuu, ciminaafi hanqina jiru agarsiisuudha.

Yaada kana ilaalchise, Diyanni (1998) asoosama qeequun qulqullina isaafi seenaa inni qabate mirkaneessuudha. Kanaafuu, ogbarruu barreeffamaa qeequun hojii sana cimsuuf bu'aa kan qabu ta'uusaa ibsa.

Dabalataanis, Diyanni (achumarraa) akka ibsutti asoosama qeequun haala barreessaan hojii isaa hawaasaaf dhiyeessuu irratti ilaalcha inni qabu hubachuuf gargaara. Akkasumas, ciminaafi hanqina hojii sanaa adda baasanii agarsiisuudhaan ergaa barreessaan dabarfachuu barbaade haala

salphaan yookaan haala ifa ta'een akka dubbistoonni hubatan gochuuf shoora ol'aanaa qaba. Dabalataanis, hojii kalaqaa dhala namaa qeequun hubannoo, mudannoo yookiin dandeettii dubbistootaa bal'isaa waan deemuuf, ilaalcha barreessaa ittiin addaan baasuuf gargaara. Yaada kanarraa waanti hubatamu asoosama qeequun hojii qulqullina qabu hawaasa biraan gahuun, karaa salphaan akka hubatan gochuu keessatti gaheen isaa ol'aanaa ta'uu dha.

## 2.10. Yaadrimee Feeminiizimii

Yaadiddamni kun dubartoonni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti olaantummaafi gadaantummaa haadha manaafi abbaa manaa jidduu jiran, akkaataa dubbii, hirmaannaa aangoo siyaasaa keessatti qaban, safuu dubartoonni qaban qorachuu irratti gahee ol'aanaa qaba. Kana malees haala itti barreessaan tokko qooddattoota dubartootaa, hirmaannaa siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee keessatti qaban, ciminaafi hanqina isaan jiruuf jireenya hawaasaa keessatti sadarkaalee adda addaatti qaban qorachuudhaaf kallatti kan nama qabsiisudha, Filee (2019:34).

Yaadrimee feeminiizimiirratti hiikonni adda addaa hayyota garaagaraan kennamaa turaniiru; Kennamaas jiru. Kanneen keessaas, Ruth (1998:5) yoo ibsitu, feeminiizimiin dhimmotaa gama koorniyaan hinkaaneefi xiyyeeffanno hinkennamne irratti gaaffii kaasuun furmaata kan barbaadu yommuu ta'u, dhimmi ijoo isaas hawaasni dhiirotaafi dubartootaaf hawaas-aadaa keessatti garaagarummaa sadarkaa jiru beekuufi sakatta'uun, garaagarummaa uumamuuf sababoota kan ta'anirratti ibsaafi bu'aa isaa kan hubachiisudha jedha. Egaa garaagarummaa dhiirotaafi dubartootaa hawaasa keessa jiru hubachuuf kan nama gargaaru yaaxina feeminiizimiiti jechuudha.

Sochii feeminiizimii keessatti, kaayyoon feeminiizimii inni guddaa, sirna ol'aantummaa dhiirotaa keessatti miidhaa hawaas-aadaan dubartoota irraan gahaa jiru, ofuma isaaniin akka hubatan kan taasisuufi jijjiiramaaf kan kakaasu, mirga isaaniif sagalee isaanii akka dhageessisan kan taasisudha.

Sochiin yaaxina kanaa dubartoota bu'uura godhachuun, hawaasa keessatti maalummaafi eenyummaa isaanii, haala jireenya isaanii akka hubatan, sirna ol'aantummaan hawaasa keessatti murteessuufi falmachuu, hariiroo hawaasa keessatti qaban murteeffachuu akka qaban kan kakaasuufi sagalee falmii akka qabaatan kan godhudha.

Krishnawamy, Vaghesefi Mishra (2001) yaadrimee feeminiizimii jedhu yommuu ibsan: sochii siyaasaa, aadaafi dinagdee mirga walqixxummaafi eegumsa seera dubartootaa ijaaruurratti kan

hundaa'edha jedhu. Feeminiizimiin yaadiddamaafi falaasama dhimma garaagarummaa koorniyaa, sochii walqixxummaa koorniyaa, mirgaafi fedhii dubartootaarratti kan xiyyeeffate ofkeessaa qaba jechuun ibsu.

Akkasumas feeminiizimiin gadifageenyaan kan inni irratti xiyyeeffatu dhimmoota rakkoolee koorniyaatiif furmaata barbaaduu irrattidha. Kanaafuu, feeminiizimii jechuun yaadiddamaafi falaasama mirga walqixxummaa koorniyaafi eegumsa seeraa dubartootaa ijaaruurratti kan xiyyeeffatudha jechuudha.

Walumagalatti, feeminiizimii hundeessuu keessatti, ilaalchi dubartoonni dhiiraa gadi jedhu hambisuun, aadaa, fedhiifi kaayyoo dubartootaa ofkeessatti haammachuun gaarii akka ta'e hubachuu daneenya. Yaadrimee feeminiizimii xiinxaluun sochiiwwan feeminiizimii sadan tokko tokkoon ilaaluun barbaachisaadha.

## 2.11. Danbaliiwwan (Sochiiwwan) Feeminiizimii

Danbaliiwwan feeminiizimii jechuun yeroowwan sochiiwwan xiinxala feeminiizimii itti jalqabaman kan ibsu jechuudha. Danbaliiwwan feeminiizimii sadan kanneen armaan gadiitti argamanidha.

### 2.11.1. Danbalii (Sochii) Feeminiizimii Tokkoffaa

Yeroo sirriin feeminiizimii jalqabaa itti hundaa'e, feeministootaa garaagaraa biratti haala adda addaan kan kaa'amedha. Yaada kana waqtiin feeminiizimii jalqabaa dura bu'ummaan barreeffaman Mary Wollstonecraft *"A vindication of the rights of women* (1792) jedhu waliin kan walqabatedha.

Sarahn (1982) danbalii feeminiizimii tokkoffaa yommuu ibsitu, feeministoota muraasaaf danbaliin feeminiizimii inni jalqabaa naannoo giddugaleessa jaarraa 19$^{ffaa}$ kan eegaledha. Kanamalees, Sarahn (achuma), sochiin dubartootaa walakkeessa lammaffaa jaarraa 19$^{ffaa}$ danbalii tokkoffaa feeminiizimii jedhu nimormiti. Kunis, sochiileen biroo kana dura ture jettee waan amantuuf. Barreeffama ishee keessatti akka isheen ibsitutti, danbaliin feeminiizimii inni jalqabaa kan inni uumame, sababa walitti bu'iinsa haala siyaasaafi diinagdee liberaalizimii, kaapitaalizimiifi sochiilee hawaasaa yeroo kana tureeni jetti.

Sarahn (achuma) maddi kaka’umsa danbalii feeminiizimii tokkoffaa kan fuulleeffatu, walqixxummaa gama siyaasaafi qabeenya dubartootaa fiduuf jechuun ibsite. Dabalataanis, adeemsi walqixxummaa gama siyaasaafi qabeenyaa dhugoomsuuf waldiddaafi yaadni boodatti hafaan adda addaa dubartoonni hawaasa keessattiifi dhuunfaan jiraachuun kan haamilee isaaniitti bu’u akka ture ni ibsiti. Kanaafuu, xiyyeeffannaan danbalii feeminiizimii tokkoffaa walqixxummaa gama siyaasaafi qabeenya dubartootaa fiduudha.

Walumaagalatti, kaka’umsa danbalii feeminiizimii jalqabaa kanaaf, walitti bu’insa haala siyaasaafi diinagdee guddina liberaalizimii, kaapitaalizimiifi sochiilee hawaasaa walakkeessa jaarraa 19$^{ffaa}$ ture taasifameenidha. Xiyyeeffannoon isaas, walqixxummaa dubartootaa, akka barbaadametti hojiirra ooluu haabaatu malee, mirga siyaasa keessatti hirmaachuu, mirga qabeenya horachuu, bilisaan barnoota argachuu gonfachiisuu irrattidha.

## 2.11.2. Danbalii (Sochii) Feeminiizimii Lammaffaa

Akka danbalii feeminiizimii tokkoffaatti, danbaliin feeminiizimii lammaffaa hanqina dhiyeessa kuufama ogbarruu hinqabu; sababni waliigalaa danbalii feeminiizimii lammaffaa, guutummaatti al-asoosamaafi asoosama keessatti kan galmaa’e jirurrattidha.

Danbaliin feeminiizimii lammaffaa kan eegale barreesituu Semone De Beavor, bara (1949)itti matadureen isaa *“The Second Sex”* keessatti sochii eegaledha. Isheenis, garaagarummaa koorniyaa jaarraawwaniif itti fufee jiru olaantummaa dhiiraa dubartootarratti kan mul’ise ture jechuun ibsiti. Bifuma walfakkaatuun, Kate Millet (1970) kitaaba ishee *Sexual politics* jedhu keessatti yommuu ibsitu, waliigalli rakkoo hawaasaafi dhuunfaa gama dhiiraatiin jiru xiqqeessuuf jecha mala olaantummaa dhiiraa hambisuufidha.

Amalootni danbalii feeminiizimii lammaffaa bakka gurguddaa sadiitti qoodamu. Inni tokkoffaan, feeministoonni danbalii lammaffaa xiyyeeffannaafi qabsoo danbalii feeminiizimii tokkoffaa dubartootaaf mirga siyaasaafi bilisummaan jiraachuu dubartootaa fiduuf yoo yaalaniyyuu, waanti barbaachisaa ta’eefi eegame akka ta’u hinamanan turan. Sababiinisaa, kanneen koorniyaan daangeffamaniifi garaagarummaafi dhiibbaa waliin jiraachuu gama qabeenya guyya guyyaan ta’u, walquunnamtii dhuunfaan taasifamurratti gama kamiyyuu hirmaachisuu kan jedhudha.

Inni lammaffaan ammoo, jijjiirama gama qabeenyaatiin jiruuf, kaka'umsa dubartoonni qabeenya qulqullinaafi heddumina qabu hundeedhaan akka isaan mirkaneessaniifi wabii jireenyaa isaaniif kan ta'u akka lafa qabsiifataniif kan jedhudha. Kunis, gocha danbalii feeminiizimii tokkoffaa keessatti taasifamee darbedha.

Inni sadaffaan, danbalii feeminiizimii tokkoffaarraa kan hafe dubartoonni hoggansa jireenya dhuunfaa isaaniifi siyaasa fedhan tarkaanfachiisuu ga'umsa argannoo adda addaa kan yaada: dhaabbilee fuudhaafi heerumaa, haadha warrummaa, walitti dhufeenya koorniyaa faallaa, saala dubartootaafi k.k.f. kan xiyyeeffatedha. Gabaabumatti kaayyoon danbalii feeminiizimii lammaffaa gama jireenya dhuunfaafi siyaasaan jijjiiramaafi bilisummaa akka isaan argamsiisan kan jedhuudha. Yaadni dimshaashaa danbalii feeminiizimii lammaffaa jecha olaantummaa dhiiraa jedhuun goolabama.

### 2.11.3. Danbalii (Sochii) Feeminiizimii Sadaffaa

Danbaliin feeminiizimii sadaffaa bara (1990) oota keessa eegalee hanga ammaatti babal'atee jira. Innis, waa'ee dubartootaa kan danbalii feeminiizimii lammaffaa keesssa balaaleffatameefi awwaalamee ture irratti hojjechuuf kan dhaabbatedha. Danbaliin feeminiizimii tokkoffaafi lammaffaa keessatti dubartoonni bifa walta'iinsaafi gurmaa'iina tokko qabuun danbiifi ittiin bulmaata warreen dhiiraa kan morman ture. Bu'aan filannoofi xiyyeeffannaa tokkummaa muuxannoo dubartootaaf kennuun, feeministoonni danbalii feeminiizimii lammaffaa falmii taasisuun, danbalii feeminiizimii lammaffaa ija jaame gara taateewwan hawaasaa kan dubartoonni muuxannoowwan, fedhiiwwaniifi kaka'umsa gama dubartootaa bifa adda addaatiin jirulafa kaa'ameera.  Kanaafuu, danbaliin feeminiizimii sadaffaa kan inni irratti xiyyeeffatu fedhiin dubartootaa hawaasa kessatti akka eeegamu gochuu jechuudha.

## 2.12. Gosoota Feeminiizimii

Gosoota feeminiizimii ilaalchisee Fileen, Bryson (1999)fi Lglitzin (1976) wabeeffachuun, yaadiddamni dubartummaa matadureewwan muraalee, Dubartummaa Liibiraalaa, Dubartummaa Gurraachaa, Dubartummaa Addaan Foo'insaa, Dubartummaa Walabaa, Dubartummaa Paatriyaarikiifi Dubartummaa Hawaasummaa jedhamuun akka qoqqoodaman ibsa. Qorataan qorannoo isaaf kan itti fayyadame feeminiizimii liberaalaadha.

### 2.12.1. Feeminiizimii Liberaalaa

Feeminiizimiin Liberaalaa ilaalchisee Fileen, Bryson (1999) wabeeffachuun yoo ibsu, yaadiddamni dubartummaa Liibiraalaa kun, haaromsa seeraafi siyaasaatiin walqixxummaa dhiiraafi dubartii mirkaneessuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu issaa ibsa.

Feeminiizimiin Liberaalaa garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan uume baayoloojii qofaadha yaada jedhu hinfudhatan. Namoonni feeminiizimii libeeralaa deeggaran kun garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan fide walitti hidhiinsa hawaas-diinagdeefi aadaadha jedhanii mormu (Barker, 2008). Feeministoonni Libeeralaa amanataa libeeraalonni qaban bilisummaan bu'uura waan ta'eef lammii hundaaf kennamuu qaba yaada jedhu fudhachuun, bilisummaa dubartootaaf qabsoo kan itti fufaniidha.

### 2.12.2. Feeminiizimii Maarkistii

Feeminiizimiin raadikaalaafi liberaalaawaa malee feeminiizimii maarkistii dhiibamuu walqixxummaa dubartootaaf sababa kan ta'u waan biraadha jedhanii amanu. Wekipedia Encyclopidia (www.Welipidia.org) akka ibsutti, feeminiizimiin maarkistii dubartoota birmadummaa gonfachiisuuf sirna abbaa qabeenyaa balleessuun yookiin hambisuurratti kan xiyyeeffatedha. Kaapitaalizimii keesatti, dubartoonni akkuma dhiirotaa namoota sadarkaa ol'aanaarra jiran tajaajiluufi fedhii isaanii guutaa waan turaniif walqixxummaan dubartootaaf kennamu kan sarbame jedhu.

### 2.12.3. Feeminiizimii Raadikaalaa

Feeminiizimiin raadikaalaa gosoota feeminiizimii qofa osoo hin taane haalota garaagaraa keessatti kan mul'atudha. Kunis, walqixxummaa dubartootaa fiduu keessatti sirriin yaadiddamni kun itti hundeeffame bara 1960oota keessa ture jedhama. Donovan (1993) yommuu ibsu, yaadiddamni feeministii raadikaalaa dhuma bara 1960fi jalqaba 1970ootaa keessa ture dura bu'ummaa Newyorkiifi Boston keessatti sochii walqixxummaa dubartootaa jedhuun sirriitti beekame. Dimshaashummatti yaadiddamoota sadan olitti ibsaman dabalata gaafffii dhimma dubartootaa ilaalchisee yaadiddamoonni garaagaraa jiru. Kanneen keessaa, feeminiizimii walabaa, feeminiizimii structuraalistii, feeministii post kolonoyaalizimii, feeminiizimii aadaa, feeminiizimii hawaasummaafi feeminiizimii gurraachaa eeruun ni danda'ama.

## 2.13. Fuulleffannaa Yaaxxina Feeminiizimii

Fuulleffannaa yaaxxina feeminiizimii walqixxummaa dubartoonni dhiirota waaliin gama siyaasaan, diinagdee, xiinsammuu keessatti qaban mirkaneessuudha. Qeeqni feemnistii, meeshaalee ijoo ittiin maloota olaantummaa dhiiraa, ilaalcha hawaas-aadaa, ittiin saaxiluufi karaa itti jijjiirraan sammuu dhufu sakatta'aan qorachuufidha. Ilaalchi yookiin yaadni kun kitaabilee qeeqxota feeministii adda addaa kanneen akka Josephine Donovan, Catherine Belseyfi Jane Moore keessatti ibsamaniiru. Kitaabilee barreessite feminist literary Criticism Exploration of theory and practice (1989) jedhu keesatti, Josephine yaadota feeministii akka itti aanutti ibsiti. Feemnistoonni dubartootni dhugaa jiru utuu hinbeekin ilaalcha yookiin barsiifata dhiiraan hoogganamu akka liqinfamaa turanittti amanu.

Qeeqni feeminiizimii muuxannoofi yaada dubaartootaarratti kan xiyyeeffate erga qeeq-barruun haaraan mul'ateeti. Donovan(1989) sababa kanaaf qeeqa barruu durii akka ta'etti addeessiti. Kanuma kan dhugoomsu, Cheri Register (1989) ogbarruun durii waa'ee dubartoota gaariifi badaan kan guuteefi akkasumas qeeqa barruun durii barreessitoota dubartootaa akka barreessitootaatti kan hinlakkoofne ta'uu isaa ibseera.

Yaaada beektota lamaan kanarraa hubachuun kan danda'amu, qeeqni barruun feemnistii kan irratti xiyyeeffate tokkooffaa, haala dubartoonni hojii ogbarruu keessatti mul'atan xiinxaluun; yaadni paatriyaarkii ogbarruu durii keessa jiraachuu isaa adda baasuu; lammaffaa koorniyaan, qomoon yookaan sanyiin utuu adda hinbaasin ogbarruun nama kamiyyuu akka mul'isuu danda'u karaa agarsiisuudha.

## 2.14. Namfakkiiwwan

Namoota seenaa asoosamaa tokko keessatti qooda fudhatanidha. Fakkaattiin akka nama addunyaa dhugaa keessa jiraatuu foon uffatee kan argamu osoo hin ta'iin asoosamicha keessatti gahee guddaa taphata jedhamee itti yaadamuun muuxannoofi argaa yaadaa barreessaan asoosamichaa qabuun kan kalaqamandha.
Abrahams(1981:20) describes character as: " Persons presented in adramatic or narrative work,who are interpreted by the reader as being endowed with moral and dispositional qualities that are expressed in what they say- the dialogue- and by what they do – the action." Yaada kanarraa waanti hubatamu fakkaattiin namoota asoosaan uumamuun hojii diraamaa yookaan

asoosama keessatti qooda fudhatan kan waan isaan dubbataniifi hojjataniin dubbistootaan hiikni itti kennamuu dha.

Kirszer and Mandel (1994:89)" A character is afunctional representation of person usually but not necessarily, psychologically realistic depiction of a person." Akka yaada kanaatti waanti hubatamu namfakkiin fakkaattiiwwan namoota dhugaan addunyaa kanarra jiran yookiin bakka bu'aa isaaniiti malee namuma isa addunyaa dhugaa kanarra jiru akka hintaane kan ibsu ta'uu isaati.

Namfakkiiwwan asoosama tokko keessatti argaman wal hinfakkaatan. Akkuma namoota dhugaan addunyaa kanarra jiraatanii amalaafi bifa mataa isaanii gonfatanii kan mul'atanii dha. Gaheen isaan asoosama tokko keessatti qaban tokkoo miti. Gariin jalqaba asoosamichaarraa kaasanii hanga dhumaatti keessatti qooda fudhatu. Kaan immoo yeroo muraasaafi mul'atanii achumaan badu.Yaada kana hayyuun Dalisy (2006:22) "There are several basis of character. Interms of promince stories will often have one or two main characters,or protagonist to whom the most important things will happen or who will make the most important decision of story." Akka yaada kanarraa hubatamutti seeneessi tokko goobaangaleessa tokko yookaan lama qabaachuu danda'a. Innis seenicha hubachuu keessatti qooda ol'aanaa qabaachuu isaati.

## 2.15. Mala Kalaqqii Namfakkiiwwanii

Akkaataa uumama namfakkii ilaalchisee Zarihuu 2007:160) yoo ibsau, barreessaan namfakkii kan inni uumu ilaalcha inni jireenya namaafi dhala namaaf qabufi beekumsa waliigalaa qabu irraa ka'uun, fakkaattii qaamaafi yaadqalbii namoota addunyaa dhugaa kana keessatti beekuun yookaan waliigala namummaa ka'umsa godhachuun akka ta'edha. Kana malees, uumamni namfakkii tokkoo bu'uurri isaa nama dhuunfaa jireenya addunyaa dhugaa kana jiraatu yookiin jiraate ta'uu yoo danda'eyyuu asoosama keessatti namfakkiin uumame yookiin kalaqame garuu isuma mataa isaa hin ta'u; namfakkichi barreessichi muudannoo jireenya isaa keessatti argeefi barate amala namootaa asiifi achii walitti funaanee nafakkii uumedha yookiin qalaqedha jechuun ibsa.

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu, barreessaan tokko namfakkii yemmuu uumuu ilaalchaa jireenyaafi dhala namaatiif qabuufi beekumsa dimshaashaa qabu irraa ka'uun bifaafi amala mataasatiifi kan namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiraatanii ofiisaatii beeku bu'uura taasifachuu isaa ti. Haata'umalee, namfakkiin uumamu sun garagalcha nama sanaa osoo hin

taane, namoota adda adda barreessichi jireenya isaa keessatti isa qunnaman irraa amala adda addaa isaan qaban walitti fidee namfakkii tokko kan bocuu ta'u isaati.
Barreessaan tokko fakkaattiiwwan yommuu uumu qabxiiwwan hordofuufi heerota eeguu qabu gosa adda addaatu jiru. Heeronni sunnins kanatti aananii jiru.

### A. Amala Turaalessa Qabaachuu

Haala uumamsa namfakkii keessatti amala turaalessa qabaachuun fakkaattii dhimma xiyyeeffannaa guddaa argachuu qabu keessaa tokko. Isa kana Zarihun (2007:161) fakkaattiiwwan jalqaba seenichaarraa kaasanii hanga dhumaatti amala hinjijjiiramne qabaachuu qabu. Turalessummaan kun amalaan, gochaanfi ilaalchaan; walumaagalatti amala isaanii isa keessaafi alaarratti mul'achuu qaba. Sababa qabatamaa tokkoon ala amalli isaanii jijjiiramuu hin qabu jechuun ibsa.As irraa waanti hubatamu sababa tokkoon ala amalli jijjiiramuun seenichi dubbistoota biratti amanamummaa akka dhabu taasisuu danda'uu isaati.

### B. Mudaa Qabaachuu

Dhalli namaa eenyummaafi amala walxaxaa/ walmakaa ta'e qaba: karaa tokkoon gaarii yoo ta'e karaa biraan immoo hamaa ta'uu danda'a. Dhimma tokko irratti beekumsa yoo qabaate, kan biroo irratti immoo hubannoo dhabuu danda'a. Kana waan ta'eef, kalaqqii namfakkiiwwanii keessattis haalli kun calaqqisuu qaba. Akka ibsa (Zarihuun, 2007:163) tti mudaa qabaachuu jechuun namfakkiin tokko amalaafi sansaka isaatiin gonkumaa kan mudaa hin qabne ta'ee kalaqamuu hin qabu jechuudha. Sababiin isaas, namni addunyaa dhugaa keessa jiraatu amala tokko qofa hin qabu. Sansakaan isaa gosa tokko qofaa miti. Kana jechuunis sansakaan nama tokkoo ciminaafi dadhabinas kan qabu ta'ee amala walmakaa ta'etu irratti mul'ata. Gochaafi amala isaa keessaatti gaarummaanis gadhummaanis ni argama. Fakkeenyaaf, namni baay'ee gaariidha jedhamu tokko amala hammeenyummaa xiqqoo illee taatu ni qabaata. Walitti dhufeenya namoota gidduutti mul'atuunis, namni tokko isa tokkoof garalaafessa isa tokkotti garajabeessa ta'uu danda'a. Namfakkiiwwan fakkaattii namaa ta'anii asoosama keessatti argamanis haala kanaan uummamuu qabu.

Namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman qaamaanis ta'ee amalaan, dimshaashumatti jireenya isaanii keessatti kan mudaa hin qabne ta'anii yoo kalaqaman dubbistoota biratti amanamummaa

waan dhabaniif, amala namoonni addunyaa dhugaa keessa jiraatan qaban yookaan amala namummaa gonfatanii uumamuu qabu jechuudha.

**C. Hariiroo Namfakkiiwwanii**

Uumama Fakkaattiiwwanii keessatti qabxiin hubatamuu qabu kan biroon walqunnamtii fakkaattiiwwan gidduutti mul'atuudha.Yaada kana Zarihun (2007:164) namni kophaa isaa hin jiraatu waan ta'eef, fakkaattiiwwan gidduuttis walitti dhufeenyi wanta hafu miti. Kanaafuu, fakkaattiin tokko fakkaattii kan biroo wajjin sababa adda addaatiin walitti dhufeenya ni qabaata. Walitti dhufeenyi isaanii kunis gaarii yookiin gadhee ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, fakkaattonni asoosamakeessatti argaman firaafi diina, barsiisaafi barataa, soddaafi soddaatii, kan bituufi kan gurguru ta'anii argamuudhaan walitti hidhamiinsa qabaachuu danda'u. Seenaan asoosamichaas babal'achaa, itti fufaa kan deemuu sababiiwwan walitti dhufeenya armaan olitti tuttuqamaniifi kanneen kana fakkaatan irratti hundaa'ee haalawwan uumamaniifi gochawwan dalagaman bu'uureffatee akka ta'e ni ibsa.
Yaada armaan oliirraa waanti hubatamuu danda'u akkuma namoota dhugaadhaan addunyaa kanarra jiraatanii walitti dhufeenyi fakkaattota asoosamaa gidduttis jiraachuu akka qabuu dha.

## 2.16. Amaloota Fakkaattiiwwan  Dubartootaa

Dubartoonni qaama hawaasaa keessaa tokkodha. Isaanis hawaasaa keessa yeroo jiraatanitti amaloota adda addaa kan mataa isaanii qabu. Amala dubartoonni qaban kunis namfakkii dubartoota asoosama keessatti fudhatamiirrattis mul'ata.   Fergusen, (1977) amaloota dubartootni ogbarruu garaagaraa keessatti qaban irraa ka'uun, fakkaattii adda addaa kenneefii argina. Fakkaattiiwwan sanniin keessaa kanneen murtaa'an akka armaan gadiitti haa ilaallu.

### 2.16.1. Dubartii Garraamummaa

Dubartii Garraamiin,dubartii garraamummaafi gaarummaa qabdi. Yeroo ijoolummaa ishee, abbaafi haadha isheef kan ajajamtuufi abboomamtudha. Erga heerumtee mana godhattee booda, abbaa warraa isheefi ijoollee ishee gammachiisuun fedhii isheedha. Fedhiin ishee inni guddaan, fedhii ijoolleefi abbaa warraa ishee guutuu, hojii mana keessaa hojechuufi yeroo ishee hojiin dabarsuun aarsaa gochuudha. Ijoollee ishee irraa jaalala guddaa qabdi. Kanaafuu, hawaasa biraa biratti jaalattamtuudha**.**

### 2.16.2. Dubartii Hamtummaa

Dubartii Hamtuun; faallaa dubartii garraamiiti. Yeroo asoosama keessatti fakkeeffamtus, hamtuu, dhibooftuu, keessoon ishee kan daba yaadduu yoo taatu, abbaan warraafi ijoollee ishee irraa jaalala kan hinqabne, abbaa warraa ishee kan kabaja dhowwattu waan taateef hawaasa biratti jibbamtuudha jechuu dandeenya.

### 2.16.3. Dubartii Qofa-galeetummaa

Dubartii qofa-galeettiin, sababa adda addaan kan qofaa galtu ta'uu dandeessi. Kunis, du'aan abbaa manaa ishee kan dhabde, dhala dhabuun abbaa manaa kn hiikte osoo hingammadiin gaddaan jireenya ishee gaggeessuun kan jiraattudha. Kunis, asoosama keessatti haala gaddisiisaa ta'uun qooda fudhatti.

Amaloonni biroo fakkaattiiwwan dubartootaaf kennaman: dubartii dhiira boochiftu, umuriin ijoollee taatee ofbabareechuun dhiirota kan ofitti harkiftu taatee, salphaatti dhiirota kan boojitudha. Dubartootni bifaan nama booji'an kunneen dubbii waliin dhahuun waan raawwatan tokko akka hinraawwanneetti ofmul'isuun humna isaanii olitti dhiiratti boonuu barbaadu. Dubartoonni akkasii hawaasa keessatti fudhatama hinqaban. Akkasumas, fakkaattiin dubartiif kenname dubartii sagaagaltuudha. Erga heerumtee booda itti yaaddees haa ta'u otoo itti hinyaadiin, dhiirota gowwoomsanii fedhii foonii isaaniif kan yeroo itti dabarsanidha. Dubartiin akka kanaa kun, sagaagalummaa malee kaayyoo gara biraa hinqabdu. Kabaja kan hinqabne, hawaasa biratti jibbamtuu kan taatedha.

Amalli biraa fakkaattii dubartootaaf kenname dubartii bilisummaa qabdudha. Dubartiin bilisummaa qabdu, qabeenya ishee sodaa malee kan kabachiifatu, kan dhugaa dubbattu, cunqursaa dubartootaa kan balaaleffattu, qabeenyaan kan ofdandeesse, eenyummaa ishee kan hinsarbine, kan baratteefi dhiibbaa yookaan cunqursaa dhiiraarraa bilisa kan taatedha.

## 2.17. Ilaalcha Dhiironni Dubartootaaf Qaban

Dhiironni dubartootaaf ilaalcha gadaanaafi akka meeshaa isaa waliin qofa akka jiraatuutti ilaala. Hanga yeroo dhihootti, asoosama dheeraa Afrikaa keessatti barreeffaman hedduun isaanii kan barreeffaman dhiirotaan yoo ta'an, barreeffamoota kanneen keessattis akkaataa dubartootni ittiin ibsaman, walitti dhufeenya dhiira waliin qabaniin qofa ta'ee, innis intala nama tokkoo, haadha

manaa yookiin jaartii namaafi haadha taatee, yeroo biraammoo, eenyummaan ishee mulqamee, akka guddiftuu daa'immanii, hojjettuufi bilcheesituu nyaataa akkasumas, calluma jettee kan of bareechuu jaallattu godhamtee ibsamti jechuun(Fergusen, 1977) ibsee jira.

Yaada kana cimsuun, Fergusen (1977) yommuu ibsu, dubartoonni walitti dhufeenya dhiira waliin qabaniin, akka haadhummaatti, niitummaatti, qofa galeettiifi akka meeshaa quunnamtii saalaa itti raawwatanitti ilaalamti. Haata'umalee, dhiirris gahee inni gama kooniyaatiin qabuun mul'ifamuu danda'a. Garuu, kan shoora dubartootaa waliin yoo walbira qabamee ilaalamu, walhinmadaalu. Sababnisaas, dhiironni gahee isaanii kanaan qofa waan hinibsamneefi. Fakkeenyaaf, dhiirri kan ibsamu, walitti dhufeenya inni hawaasummaa yookiin Rabbi uumamaafi addunyaa alaa waliin qabaniin yommuu ta'u; dubartootni garuu walitti dhufeenya isaan dhiira waliin qabaniin ibsamu.

Karaabiraatiin, dhiironni gaheefi qooddannaa waliin walqabatee dubartootaaf ilaalchi qaban, Fergusen(1977) akka ibsutti, dhiirri yeroo baay'ee  yeroo isaa dabarsuu kan irraa eegamu, akka dhirsaa yookaan jaarsaa, abbaafi jaalalleetti osoo hintaane, akka hojjetaatti, shoora irraa eegamu bahuuni. Waan kanata'eef, warra dhiiraatiif shoorri isaan bahan itti baay'atus, dhimma isaanii miti. Kun garuu, dubartootaafi rakkoo guddaadha, jechuun ibsa.

Sababiinisaas, warri dhiiraa hojiin itti baay'atullee, waan ala bahanii turaniif yeroo sammuu isaaniitti boqochiisan argatu. Waan argataniin bashannananii, dhuganii galuu danda'u. Kun garuu, shamarraniif baay'ee cimaadha. Sababiinisaas, ilmaan guddisuu, hojii mana keessaa, hojjechuu, hojii haraqeefi farsoo gochuun jireenya isaanii jijjiiruufi carraaqu. Waan kana ta'eef, yeroo tokko tokko yeroo haara galfannaallee dhabanii cinqaman jiraachuu dha. Walumaagalatti dhiironni dubartootaaf ilaalcha garagaraa qabu.

## 2.18. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Kutaa kana jalatti kan sakatta'aman, qorannoowwan mataduree kana waliin walfakkaatanidha. Waa'een qorannoolee qooddattoota dubartootaa Afaan Oromootiin, Afaan Amaaraatiin, akkasumas afaan biyya alaatiin hojiilee kalaqaa keessatti gahee isaan qaban kan ibsan sadarkaa digirii jalqabaaf qorannoolee qorataman yommuu ta'an, sadarka digirii lammaffaafi sadaffaa (PhD)tti kan dhiyaatan baay'ee muraasadha. Hubannaa dhuunfaa amala dubartootaa (self perception of female characters) kallattiin qorannoo muummee ogbarruufi fookloориitti afaanota Ityophiyaa, qorannoo muummee barnoota afaanota biyya alaa akkasumas, muummee barnoota

ogbarruufi fooklooriitti qorannooleen taasifaman waan hinjirreef, hojii asoosotaa kan ilaallatu bifa biraatiin kan kaasaniifi hojiilee kalaqaa kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf kanneen isaan dhimma itti bahan haa ilaallu;

Qorannoo jalqabaa sadarkaa digirii lammaffaatti dhiyaate, Mulumebet Zenebeen, bara 1996 fakkaattii dubartootaa ilaalchisee "A Comparative Analysis of the Images of Men and Women in the Works of Some Ethiopian Women Writers" mata duree jedhuun kan dhiyaate yommuu ta'u, fakkaattiin dubartootaa kanaan dura koorniyaan dhiira qofaarratti murtaa'ee dhiyaachaa kan tureefi gama lachaniinuu waldorgomsiisuun qorannoo ishee gaggeessiteetti. Qorannichi madaallii isaa kan eegedha jechuunillee ni danda'ama.

Qorannoon ishee kun boqonnaalee sadiin kan qoqqoodamedha. Isaanis: ogbarruu Awurooppaa, Ameeriikaafi Afriikaa keessatti fakkaattiin dubartootaa akkamitti akka ibsaman qorattiittiin eerteetti. Kitaabilee filatamanii qeeqni irratti taasifame keessaa: namfakkii gurguddaa dhiiraafi dubartoonni jiran keessaa; dhiironni kan dhiibbaa geessisan; dubartoonni ammoo dhiibbaafi cunqursaa irra ga'u hunda tole jedhanii kan fudhatan taasisuun fakkii dubartootaa ragaan deeggaruun ibsiti. Ol'aantummaan dhiirotaa, dubartoota caalmaan kan miidhe ta'uusaa ni addeessiti. Ibsi bal'inaan akka ciminaatti ka'u koorniyaa lachaniinuu dhiirri kan miidhaa geessisu; dubartiin ammoo akka miidhamtuutti qorannoo ishee keessatti ibsa itti kennite.

Qorattittiinis, dubartoonni hawaasa waliin jiraatan keessatti, hojii kalaqa keesstti bakki ol'aanaan isaaniif hinkennamneef, safuufi aadaa qofti akka waan miidhaan isaanirraan ga'etti qorattittiin ni ibsitee jirti. Hawaasa keessatti koorniyaan cimaa kan ta'e dhiira qofaa akka ta'e hojiilee kalaqaa keessaa ragaan deeggaruun ibsite. Barreessitoonni dubartootaa kan isaan bocaman amanamummaan kan isaan hanqatuufi barressitoonni kunis, kaka'umsa fedhii dhuunfaarraa kan madde jedhuun qeeqxe.

Gama biraatiin Lammeessaa Taarikuu (2018) "Qaaccesssa Namfakkiilee Dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo '*Godaannisaa*' fi '*Gurraacha Abbayyaa*' mata-duree jedhurratti qorannoo gaggeesseen gaheewwan namfakkiilee dubartootaa ilaalchisee asoosamoota filataman keessatti gama hirmaannaa hawaasaatiin, dubartoonni rakkoo hawaasummaa keessatti isaan qunnamu waliif hirmaachuufi kunuunsa akka waliif keennanii fi hojii manaatiin qabaman ibseera.

Gaheewwan dubartootaa gama diinagdeetiin asoosama lameenuu keessatti dubartoonni, qabeenyaan kan ofdanda'aniifi hirkatanii akka ofjiraachisan mul'iseera. Hariiroo aangoo koornayaa namfakkiilee gidduu jiru ilaalchisee haalli caaseffama dhiirotaafi dubartootaa haala walfakkaatuun kan aangeffamedha. Dabalataan dubartoonni ol'aantummaa dhiirootaa jala akka jiraatanidha. Kanaafuu, dubartoonni Oromoo ol'aantummaa dhiiraa jala akka jiraatan kan mul'isudha.

Miidhaalee namfakkoota dubartootaa ilaalchisee asoosamoota lamaanuu keessatti kan mul'ate ta'uunsaa ibsameera. Dabalataan asoosama lamaanuu keessatti dubartoonni dhiirotaan miidhaan qaamaa akka isaan irra gahes ibseera.

Qorannoo biraa Fiqaaduu Qana'aa (2012) "Qaaccessa Waldhabbiifi Fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa: *Godaannisaa*fi *Dungoo Halkan sanaa*" mataduree jedhu irratti digirii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruutiin guuttachuuf qorannoo adeemsiseera. Kaayyoon qorannoo kanaas asoosamoota eeraman keessatti akkaataa asoosichi waldhabbiifi fakkoommiitti gargaaramee aadaa, siyaasaafi faalasama Oromoo ibsuuf yaale qaaccessuu ture. Qabxiin xiyyeeffannoo isaa kunis garaagarummaa qorannoo kana waliin qabu agarsiisa.

Walumaagalatti, qorannooleen olitti ilaalaman kunneen waa'ee dubartootaa irratti xiinxala gaggeessuuf kanneen adeemsifaman yoo ta'anillee garaagarummaa qorannoowwan qaban keessatti qaawwa mul'ate duuchuuf qorannoo adeemsifamedha. Qawwi duuchames qorannoon kun yaaxxin feeminiizimiitti fayyadamuun qoodni dubartootaa asoosamoota keessatti maal akka ta'e adda baasuun beekumsa haaraa argamsiiseera.

# BOQONNAA SADII

## 3. MALA QORANNICHAA

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamuun dhiyaateera. Boqonnaa tokko jalatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoolee, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaa qorannichaafi qindoomina waraqaa qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa lama jalatti yaadrimeewwan hojii kanaan walqabatan, qorannoowwan hojii kanaan hariiroo qabaniifi yaaxxina qorannoon kun bu'uura godhatetu dhiyaate. Boqonnaa sadii jalatti mala qorannichaa, saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaaleetu walduraa duubaan qindaa'ee dhiyaate. Boqonnaa afur keessatti ragaalee asoosamoota lamaanittu adda addatti xiinxalamee hiikni itti kenname. Boqonnaa shan jalatti immoo cuunfaa, argannoofi yabootu dhiyaate. Dhumarrattis, wabiileefi dabaleewwan qorannichaatu dhiyaate.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannoo ilaalchisee Addunyaa (2011:63) saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa kan to'atu jechuudha**.** Qorannichi maal akka fakkaatu maalirratti akka bu'uureffate gaaffilee jedhamantu mataduree kana jalatti ibsama jechuun ibsa. Haaluma kanaan, qorannon kun qorannoo ibsaa (descriptive) yommuu ta'u, malli qaacceessa ragaa immoo mala akkamtaati. Mala iddatteessuu mitcarraa jalatti kanneen ramadaman keessaa iddatteessuu akkayyootu filatame. Kana malees, meeshaalee funaansa ragaa agarsiistuu yookaan qabxiilee mirkaneefi sakatta'a dokomantii (galmeewwanii)ti.

### 3.2. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa Asoosama *Hawwii*fi *kudhaama Jaalalaa* akka madda odeeffannootti qoratichaan filatamaniiru.

### 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

Namni qorannoo gaggeessu tokko odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun barbaachisaadha. Iddatteessuun adeemsa iddattoo qorannichaa filachuudha. Yaada kana Sarantakos (2005:174) yoo ibsu "Sampling is the process of choosing the respondents and the units of the study" jedha.

Yaadni kunis, qorannoo tokko gageessuu keessatti mala iddatteessuu qorannoo sanaaf mijatu filachuun qorannoon sun akka galma ga'uuf gargaara.

Kanas, Yaalaw (2017፡135-136) waa'ee iddatteessuu yoo ibsu, iddatteessuun mala qorataan muuxannoo, beekumsafi madaallii mataa isaa gochuun kanneen qorannoo kana irratti hirmaatan kan filatu yommuu ta'u, akkayyoon immoo qorataan iddattoota kan inni filatu kaayyoo qorannichaarratti hundaa'u ta'uu isaa ibsa.

Haaluma kanaan, gosoota iddattoo keessaa qorataan kan filate mitcarraaa (Non probability sampling) dha. Mala mitcarraa keessaa immoo mala akkayyoo ( purposive sampling) filatee jira. Singth (2006: 100) yoo ibsu, iddatteessuun akkayyoo kan qorataan kaayyoo isaarratti hundaa'ee kaayyoo isaa sana galmaan ga'uuf ofiisaa iddattoo kan murteessuudha. Haaluma kanaan, asoosamoota Afaan Oromoo keessaa akka iddattootti kan fudhataman: Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa keessaa Hawwiifi hojii Abraam Tasfaayee keessaa immoo Kudhaama Jaalalaatu filatame.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Meeshaaleen funaansa odeeffannoo qorannoo kanaa sakatta'a dokamantiiti. Mala kana ilaalchisee Dastaan (2013:131) yoo ibsu "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduutu jira. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayoota, gazeexoota, barruulee adda addaa, waraqaa ragaa, nagahee, ajandaa, qaboo yaa'ii,barreeffama murtii,yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u. Dookumantoonni kunniin mana kitaabaatti yookaan namoota harkatti argamuu danda'u." jechuun ibsa. Haaluma kanaan, odeeffannoowwan qorannoo kanaaf gargaaran sakatta'a kitaabotaafi qabxiileen mirkanee asoosamoota lamaanii qophaa'uun sakatta'iinsi dookmanitii(galmee) taasifamee jira.

## 3.5. Mala Qaacceessa Ragaalee

Bifa qabxiilee mirkaneefi sakatta'a dokmentiitiin ragaaleen erga qophaa'anii booda qaacceffamee hiikni itti kennamuu qaba. Hiikni kennamu kunis yaada qorataatiin kan cimu ta'a.

Kanas, Yaadasaan (2018:117) yoo ibsu: Hojiin qindoominni, dhiyaanniifi qaaccessi ragaa erga ragaaleen funaanamanii booda kan itti yaadamu osoo hin ta'iin kaayyoofi gaaffilee bu'uuraa fi/ykn mala-dhaha qorannichaa irratti xiyyeeffachuudhaan qoratichi dursee akkamitti akka

raawwachuu qabu qophii kutaa tooftaafi mala qorannichaa keessatti kan itti yaadee qopheessuu qabudha. Haata’u malee erga ragaaleen funaanamanii boodas qoratichi gosa ragaalee funaanamanii dhufan itti qindeessuufi qaaccessuu danda’u ilaalchisee keessa deebi’ee malachuu akkasumas tooftaa kan biro filachuu ni danda’a jechuun ibsa. Haaluma kanaan ragaaleen bifa qabxiilee mirkaneetiin asoosamoota lamaan keessaa funaanaman qaaccessuuf malli fudhatame mala akkamtaati

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaate ragaalee funaanaman qaaccesuufi hiika itti kennuudha. Qorannoo kana keessattis ragaalee asoosamoota Afaan Oromoo lamaan filataman keessaa bifa qabxiilee mirkaneetiin walitti qabaman haala armaan gadiitiin qaaccaeeffamanii hiikni itti kennameera. Qaaccessi kunis namfakkiiwwan dubartootaa kan xiinyaada cimaa qabaniifi xiinyaada dadhabaa qaban irratti kan fuulleffatedha. Dubartootni xiinyaada cimaa, kan kaayyoo qaban, kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf guyyaafi galgala carraaqan, ilaalchaafi murtee mataa isaanii kan qabanidha. Kanneen jaalalleefi maatii isaaniif amanamoo ta'an, rakkoo isaan irra gahu hunda ciminaan keessa darbuun mo'achuu kan danda'andha jechuudha.

Kanneen kaayyoo dhabeeyyii xiinyaada dadhabaa ta'an immoo, faayidaa guyyaa tokko qofaa ilaaluun salphumatti bitamuu kan danda'an; gara fuula duraatiif yaaduu kan hindandeenye jechuudha.

## 4.1. Cuunfaa Sab-seenaa *Hawwii*

Assoosamni Hawwii fuula 218 qabu barreessee bara 2001 kan maxxansiise Isaayyaas Hordofaati. Namfakkii goobangaleessi Hawwiidha. Hawwiin, abbaashee Obbo Bulchaafi harmeeshee aadde Diinsiriirraa Wallaggaa Bahaa magaalaa Naqamteetti dhalatte. Dulluma keessa dubara baay'ee bareeddu waan argataniif, kan hawwanii dhaban jireenyi isaanii inni gaddaan golgamee ture gammachuudhaan bakka waan bu'eef maqaa ishee Hawwii jedhanii moggaasan.

Latii Jireenyaa akkuma Hawwii maatii harka qalleessarraa kan dhalateefi hiriyaa waliiti. Nama hubatee isaan ilaaleef dhala abbaafi haadha tokkorraa dhalatan fakkaatu. Haata'uyyuu malee, ollummaarra kan hafe hidhata dhiigaa gonkumaa hinqaban.

Hawwiin waggaa shanaffaa isheetti Latii wajjin mana barumsaa galte. Hiriyoota wajjin guddataniifi kan ishee caalan biratti hubannaa cimaa qabdi. Kana malees, Hawwiin waan sammuun ishee itti amaneef amanamummaafi iftoomina kan qabdudha. Amala gaarii qabdus yeroo ijoollummaa ishee jaalala Latii Jireenyaaf qabdu ifatti baastee dubbachuuf saalfii tokko malee ibistiif turte.

Yeroo kanaa kaastee, amma isheef danda'ametti Latii to'achuuf yaalaa turte. Waan isheetti dhaga'ame osoo hindhoksiin, ifaa ifatti dubbachuuf booddeetti kan hinjenneefi dubara cimtuudha.

Hawwiin dhoksaan  maatiin ishee dabarsanii fedhashee malee heerumsiisuuf jedhu jedhanii maatiin Latii dubbatan, Latiin dhaga'ee ejjennoo isheen qabdu tooftaan yemmuu gaafatuun isheenis akkas jettiin: "... ilaa namni dhimma ofiisaa irratti ofii isaan hinmurteessu taanaan garba! Garbummaa jala jiru yookiin horii qe'eeti jechuudha" jette Latiif yaadaafi ejjannoo ishee ibsite.

Fedhiifi hawwiishee galmaan ga'achuu akkasumas, yaada jaalalleeshee eeguuf jecha qabeenyaa fi olaantummaaf kan hindhiphanne, darbees yaada harmee ishee kan mormitu taatee agarra. Haatiifi abbaan ishee hiyyummaa keessaa ba'uuf sooressa jira jedhametti heerumsiifatanii jireenya isaanii fooyyeffatanii jiraachuuf akka ta'e, Hawwiin Latiirraa gaafa dhageessu, waan isheetti dhaga'ame haala gadiitiin yemmuu dubbattu agarra.

Hawwiin namni maal naan jedhaaf kan bakka  hin laanne, yaada mataashee akka fedhasheetti dubbachuuf kan hinseessine, kaayyoo maatiinshee kaa'aniif diddee akkasumas barnootashee addaan kuttee jaalala dhugaa Latiif qabduuf jecha halkan keessa mana warra isheetii baatee gara Finfinneetti badde.

Ka'umsi ishees, wasiila Latii kan ta'e Dalasaa Margaa wajjin jiraachuuf yemmuu ta'u, akka Finfinnee geesseenis waan isa argachuu hindandeenyeef baay'ee rakkattee turte. Rakkina baay'ee ishee mudaateenis guyyaa itti dhalatte hamma abaaruutti geesseetti. Gidiraan itti hammaatullee kabaja durbummaa isheetiin hanga dhumaatti kan turedha. Faayidaaf kan hin kufne, wantoota jaalalleeshee dagachiisanii akka booji'amtu taasisaniifillee kan iddoo hinkennine dubara cimtuudha.

Maatiishee biraa baddee gara Finfinnee yommuu dhuftu, konkolaataa keessatti kan walbarte Obbo Ayyaanaa Margaa wajjin waggaa tokkoof mana isanii turte. Ilmi obbo Ayyaanaa, Caalaan Yuunvarsiitiirraa digirii jalqabaatiin Mahaandisummaan eebbiffamee miindaa gaarii kan argatuufi konkolaataa mataa isaatiin kan socho'u yommuu ta'u, Hawwii jaallatee gaa'elaaf gaafa gaafatuun akkas jettee deebisteef: "...Lakkii Latiin ana malee animmoo isa malee tokkoon keenya waldhabnee hinjiraannu" jette.

Yaada murtee qabuun garaa isaa akka muratuuf yemmuu itti himtu: "… waan hinyaalamnedha!" jettee murtiishee isa dhumaa ibsite" Latii malee nama biraa wajjin jiraachuuf akka hindandeenye ejjennoo mataashee  ibsiti. Jaalala fageenyi yookaan qarshiin kan jijjiiruu akka hindandeenye ifa baastee itti himte. Hawwiin, dhalli namaa fakkaattii Waqqayyoon kan uumame, eenyuyyu

eenyuun akka hincaalle nibeekti. Nama walqixa ilaalti. Natti haa toluufi quuqamuu namootaaf kan cinqamtudha.

Hawwiin erga mana obbo Ayyaanaatii baatee booda bu’aa ba’ii jireenyaa hedduutu ishee mudate “Beenu deemi asii!” jedhanii waardiyyaa isaaniitiin ulaa itti cufsiisan. Yeroo kana, lafa dhaqaa dhabdee halkan dukkana cillimii keessa daandiirra dhaabbachuuf dirqamte. Gaafa kana, namichi tokko dargaggeessi ilma daldalaa sooressa tokkoo daandiirratti argee fedha yaadasaa irratti raawwachuuf gara Hoteelaatti fuudhee deeme.

Haayiluun Hawwii fudhatee, Hoteela guddaa tokko geessee, irbaata nyaachiseen. Isheen garuu, akka waan inni irbaata nyaachisee gara mana obbo Ayyaanaatti geessuu itti fakkaate. “...Maaloo natti dhiyee, manaan na ga’aa “ jetteen. Innis hinjarjariin sin geessa xiqqoo wiskii kanan dabaladha. Kan booda, Hawwii harka qabatee bakka duraan siree qabatetti qajeele. Hawwiin, shira isheerratti qindaa’e waan hinbeekneef faana deemte. Innis, balbala siree bira gaafa ga’u, humnaan harkisee olgalchee gadhiifachuuf yoo wixxifattellee harkaa ba’uun itti ulfaate.

Haayiluun humna caaluun sireerratti darbatee fedha foonii irratti raawwachuuf yaalii guddaa yoo godhellee osoo hinmilkaa’iniif hafe. Isheen yemmuu qaama saala isaa itti cichitee qabattu mogooleen isaa bishaan ta’e. Gidiraa kana dabarsitee jireenya Hosteelaa jiraachuutti kaate.

Hawwiin jireenya hosteelaa waliin jiraachaa kan turtes; Asteeriifi Gannati, hiriyoota ishee kana wajjin yemmuu jiraachaa turte dhimma eenyummaa isheetti kan hinsaalfanneefi sab-boontuudha.

“...Namni maaliif of tuffataa? Maaliif sabummaa (Oromummaa) isaatti qaana’aa? Balleessaa naamusaa nama qaanessuu yoo hojjete qaana’a malee Oromummaan isaa eenyummaa isaati?” jettee yaaddi.

Hawwiin hiriyootashee Asteerfi Gannatii, akkasumas Maartaafaa wajjin jiraachaa yeroo turtetti dhimmi kun ishee quunname. Maartaan dhalootaan Hawwii wajjin biyya tokko dha. Lachan isaaniiyyuu Oromoodha. Maartaan garuu, erga Magaalaa Finfinnee galtee kaastee moggaasa maqaashee kanaan dura ittiin waamamtu gabaabsamee yoo waamaniin malee itti hintolu. Maartii jechuun waamamuu feeti. Maartiin hiriyoota waliin jiraattu keessaa Hawwiif badaa bakka hinlaattu. Hawwiin shamarran hosteela keessa waliin jirataaniin gara baladhatte wajjin yoo haasa’uu baattelle, Maartii lammii kooti jechuudhaan Asteeriifi Gannat caalaa abdattee turte. Kanaafuu, Maartaan saba kan biroo wajjiniin fakkaattee kan jiraattuu malee ofta’uu kan

hindandeenyedha." ...Oromoo ta'uun koo yoo natti dammaqame namni natuffata, ulfina duratti hosteelicha keessatti qabu nadhabsiisa" jettee of dhoksitee, fakkaattee jiraachuun maalif jechuun Hawwiin baay'ee itti gadditi.

Dalasaa Margaan digirii jalqabaan eebbifamee hojjetaa mana baankiiti. Dalasaan dhimmi siyaasaa yoo ka'e dafee aara. Mana Dalasaatti, guyyaa gaafa cuuphaatti farsoon naqamee, indaaqqoon qalamee Amaareefi hiryaa isaa Iyyeerusaalem akkasumas Hawwii ta'anii, waliin ayyaana kabajaa turan. Yemmuu kana farsoo Amaareef bu'etti titiisni seente jennaan, Iyyerusaalem guddina titiisichaa agarte "...lakki kun guddaadha  ye --- zinbi new" jette. Kanumaan, Dalasaan garmalee aaree; "Qabi Afaan kee! Nuuf eenyutu titiisa guddaa kennee? Oromootu titiisa horsiisa siin jedhanii? Moo Oromootu titiisaa wajjin firooma qaba siin jedhanii? Titiisi keessan maal fakkaataa? Mee naaf himi isin hanga yoomiitti ilaalcha badaa oftuulummaa akkasii of keessaa baastanii waliin jiraannaa? Maal nu caaltanii akkas of tuultuu?...  jedhee gaafa dubbatu, "...Ni gaha mee farsoo dhugaa. Dubbiin baay'ateef namaaf gala miti. Yoo qulqullummaan dhugaa jiraate dhala namaaf jechi tokkollee nigaha" jettee biriciqqoo farsoo duwwaa taa'utti farsoo guuttee teesse .

Hawwiin sababa heerumaatiin mana haadhafi abbaasheetii erga baate, shira Amaareen xaxeen summii dhugdee Hospitaala erga galtee kaastee boqonnaa sammuu hinarganne. Bor naaf darba jettee eenyuummaashee eeggattee dubartii jiraattedha. Of dhoksuu kan hinfeene, bilchina sammuu kan qabdu, waan ishee baasu adda baastee sakattaatee sirriitti beekti.

Walumaa galatti, seenaa asoosama "*Hawwii*" keessatti, Hawwiin kufanii ka'uu, abdii kutachuu dhabuu, murtee kan qabdu, filannoo sirrii kan qabdu, naamusa qabeetti, kan harka hinlaanne, salphaatti jaalalaan kan hinmo'amne, fedha fooniif daftee kan harka hinkennanne, wareegama kan dabarsitu, fageessitee kan yaaddu, ejjennoo cimaa kan qabdu, salphumatti kan hinmo'amne, naamusa qabeettii, kan qarshiidhaan hin goyyomne, eenyummaa dhala namaaf ilaalchi ishee kan wal hincaalle, kan namatti hindabarredha, jechuun nama dandeessisa.

## 4.2. Cuunfaa Sab-seenaa *Kudhaama Jaalalaa*

Assoosamni *Kudhaama Jaalalaa* fuula 181 qabu barreessee bara 2013 kan maxxansiise Abrahaam Tasfaayeeti. Namfakkii goobangaleessi Obsaadha. Obsaan, abbaasaafi harmeesaarraa Godina Wallaggaa Lixaa, magaalaa Biilaatti dhalate. Haati Obsaa rakkoo addaaaddaa keessa

taatee waan deesseef isas immoo gara fuula duraatti rakkoon cimaan akka isa muudachuu danda'u hubattee rakkoo kanas kan keessa darbuu danda'u obsaan yoo ta'e malee hin danda'u jechuun Obsaa jetee maqaa isaaf moggaaste.

Haati Obsaa sababa obboleessi ishee du'etti osoo gadda keessa jirtuutii obboleettiin warra obboleessashii ajjeesanii masaanuu ishee taate abbaa obsaa waliin jirachuu eegaltuu ishee argite. Masaanuun ishee kun obboleessa ishee ajjeessisiitee osoo isheen gadda obboleessa ishii hin fixatiin ammas abbaa mana ishee jalaa fudhachuun hammeenya biraa irreatti hojjette. Kunimmoo haadha Obsaa garmalee waan aarseef gumaa obboleessa ishee baasuuf jecha masaanuu ishee kana mana ishee keessatti qabdee reebdee ajjeesuuf yeroo jettutti namni iyya dhagahuun birmatee lubbuu ishee oolchan.

Dubbiin kunimmoo abbaa masaanuushee bira gahe. Abbaan masaanuushee bara sanatti taa'itaa olaanaa waan qabuuf haati Obsaa iddoo argamtetti qabamtee to'annoo jala akka ooltu jedhee ajaja waan baaseef ilmoosheefi manashee jaallattu dhiistee  biyyaa qaarite. Kanarraa ka'uun warri haadha obsaa to'annaa jala oolchuuf ajaja fudhatanii bahan ishee dhabnaan yoo mucaashee fudhanne mucaasheef jecha dhufti jedhanii to'annaa jala oolchanii turan.

Obsaan dhalatee of baree jaalala haadhaafi abbaa osoo hin argatiin hacuuccaafi dhiibbaa qaamaa irra darbee xiinsammuusaa kan miidhu miidhaa ciccimoo inni dandamachuu hin dandeenye haadha ormaatiin irra gahaa kan guddate yommuu ta'u, haadha isaa of biraa dhabuusaarraa kan ka'e waa'ee haadha isaa yommuu gaafatu abbaa isa dhalcheefi haadha buddeenaa isaatiin haatikee duuteetti jechuun isa gowwomsu turan. Innis jechs isaaniirraa ka'uun haatikoo hirriba barabaraa rafaa jirti malee lubbuutiin hin jirtu jechuun du'a haadha isaatti amanee  jiraachaa ture. Akkasumas, Obsaan rakkoo adda addaa kan akka reebichaa, sibiila diimateen doorsifamuufi arrabsootiin xiinsammuu isaa miidhamuu  isarratti gaheera.

Haata'u malee, Obbo Raggaasaan maqaan yookiin masoo isaanii Abbaa Jaldeessoo jedhamuun kan beekaman imaanaa haati Obsaa isaanitti kennitee deemtee galmaan gahuuf rakkoo obsaarra gahu kana waan beekaniif kaayyoo isaatti qofa akka inni cimu gorsu. Akka inni garaa duwwaa hin taaneef  guyyaa tokko yokko minminii akkaa bitaniifi gaaf gaaf immoo qarshii namoonni isaanii hiixatan keessaa sha'eef  jedhanii isaaf kennaa isa gargaaru.

Obsaan hanga fe’e rakkinniifi gidiraan karaa haadha buddeenaa isaa itti haa baay’atu malee waa’ee haadha isaa yaaduu hin dhiisne. Abbaan Jaldeessoos umuriin isaanis dabalaa, nagaan isaaniis shakkisiisaa dhufnaan imaanaa haati Obsaa isaanitti kennitee biyyaa qaarite Obsaaf dabarsuun dirqama waan isaanitti ta’eef akka haati isaa lubbuun jirtu itti himan. Kaahaa isheen isaan bira isaaf keessee deemte kenniifi erga dhugaa jiru hundumaa hubachiisuun amaniisanii booda addunyaa kanaa du’aan boqatan.

Obsaan erga kana dhagahee waa sadiin dhiphina keessa gale. Inni tokkoffaa akkamiin haadha isaa kana barbaadee argatu; inni lammaffaa immoo imaanaa haati isaa abbaa Jaldeessootti himtee deemte barnootasaa akkamiin akka galmaan gahuufi inni sadaffaa akkamiin hacuuccaafi gidiraa haadha buddeenaa isaa jalaa bahu turani. Kanas ta’e sana, kaayyoo isaa hin daganne; imaanaa haadha isaafi gorsa abbaa Jaldeessoo lafatti hin hambisne; barnoota isaatiin barataa cimaafi qaxalee ta’ee mul’ate.

Kanumarraa ka’uun Obsaan yeroo baratu keessatti badhaasa adda addaa argate. Badhaasni isaas barattoota daree isaaniirraa tokkoffaatii hanga sadaffaatti bahan bahaniif kan kennamu keessaa innis dareesaatii tokkoffaa bahuun badhaafame. Badhaasni inni lammaffaa barattoota kutaa isaanii keessaa sadarkaa olaanaa fidaniif kan kennamu yommuu ta’u innis daree isaa keessaa qabxii olaanaa fidee badhaafame. Badhaasni inni sadaffaa barattoota guutummaa mooraa mana barumsichaa keessaa sadarkaa tokkoffaa hanga sadaffaa bahaniif kan kennamu yommuu ta’u, innis akka walii galaatti barattoota jiran keessaatokkoffaa bahuun badhaasa isaa fudhate.

Ta’us, dhiibbaan haadha biddeenaa isaa ishee gara jabeettii sanaan irraan gahu ammas ittuma fufee jira. Obsaan barnootaan cimuun badhaasa adda addaa argachuufi qabxii olaanaan dareetii gara dareetti darbuun isaafi ijoolleen ishee immoo dadhaboo ta’uurraa kan ka’e kutaarrraa gara kutaatti darbuu dadhabuun isaanii inaaffaafi rakkoo cimaa lubbuusaa anga dhabamsiisutti kan geessisu isarratti raawwate.

Fedhiin barattuu kutaa kurnaffaati. Isheenis kutaa isheetii sadaffaa bahuun badhaafamteetti. Ta’us, badhaafamuu Obsaatti baayee waan gammaddeef gammachuu ishee akkuma warra kaanii Obsaa, “Baga gammadde!” jechuun ibsatte. Sana boodas walaloo inni waltajjii irratti dubbise irraan garagalfadha jechuun irraa fudhattee Obsaa kiyyoo jaalala keessa galfatte. Gama biraatiin, haati buddeenaa Obsaa Obsaaf summii buddeena faana kenniteefii hospitaala erga seeneen booda

rakkina isa muudateen sababa godhachuun Rakkina inni keessa jiruufi haala isaa abbaa ishee mariissisuun akka inni hosteela galee baratu taassisuun harka ishee galfatte.

Sana booda Obsaan rakkinoota isaa lamaaf fala argate. Innis hacuuccaa haadha buddeenaa jalaa bahuufi barumsa isaa rakkina tokko malee itti fufee barachuudha. Garuu waanti abbaa jaldeessoon waa'ee hadha isaa itti himan sammuu isaa keessaa isa dhiphisa.Akkaataa itti haadha isaa barbaadee argatu yaadeen bu'ee baha; asiin immoo Fedhiin xalayaatiin itti himtee dadhabnaan afaanii baastee akka isa jaallattuufi kanaaf jecha akka aarsaa hangana gahu akka isaaf kanfalte erga itti himtee booda hidhaa jaalala isheetiin qabamee rakkina keessa galee jira.

Haata'u malee, haadha isaas barbaaduu hin dhiise. Barnoota isaas, Fedhiis dhiisee haadha isaa barbaaduuf murteeffate. Ta'us, Fedhiin osoo inni hin beekiin abbaan ishee haadha isaa akka inni barbaadaa jiruufi haati isaas argamtee abbaa isaa waliin akka araarsuuf beellamatan adda baastee itti himte. Kanas,Obsaan amanuu hin dandeenye; ta'us, Fedhiin amansiistee barnoota isaafi ishee dhiisee akka hin deemne waadaa galchite. Innis isa haatikee duuteetti jedhamee haadha biddeenaa isaafi abbaa isaatiin gowwomsamaa ture sun soba ta'uun, dhugaa abbaan Jaldeessoo itti himan immoo dhugaa ta'ee mul'achuun, hatiifi abbaan isaa dabaan bara dheeraaf adda bahanii turan walarguu isaaniitiifi fedhiin oolmaa hangana gahu kana isaaf ooluu isheetiif baay'ee gammaduurraa kanka'e Fedhiitiin Kudhaama Jaalalaa jechuun ishee moggaafate.

Walumaa galatti Obsaan rakkoo, gidiraa, dhiphina akkasumas hacuuccaaa garagaraa isa muudatan keessa obsaan darbuun kaayyoo isaafi hawwii isaa bira gahe.

## 4.3. Asoosama *Hawwii*fi *Kudhaama Jaalalaa* Keessatti Akkaataa Dubartoonni Itti Ibsaman

Dubartoonni hawaasa keessatti haala adda addaan ibsamu. Kanas, asoosama Hawwiifi kudhaama Jaalalaa keessatti akkaataa kamiin akka ibsaman haala armaan gadiin bal'inaan ilaaluu ni dandeeny.

### 4.3.1. Dubartii Garraammii

Dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti garraammummaan kan mul'atan jiru. Kanas, hojjeettoon Dalasaa waa'ee Hawwii asoosama Hawwii keessatti yeroo ibsitu dubartii garraammii ta'uushee akka armaan gadiitti ibsiteetti.

> Amalli Hawwii lafa kana. Gaaf tokko sagaleen ishee ol ka'ee dhaga'amee hin beeku. Nama hamachuu, nama arrabsuu,n ishee bira hin jiru. Duudaa Waaqayyooti. Yoo aartes UUUU UUUU!! …. Jechaa imimmmaan ishee siree irra teessee gadi dhangalaasuudha malee rakkoo ishee namatti himachuu hin beektu. Garraammii rabbiiti. Jetti(Fuula 207)

Yaada waraabbii kana irraa hubachuun kan danda'amu, Hawwiin nama nama hin hamanne, nama nama hin arrabsinee, rakkina isheellee kan namatti hin himanne ta'uu isheefi rakkina ishee imimmaan ishee dhangalaasuun kan ibsattuu dubartii garraammii ta'uu ishee kan ibsu ta'uu isaati.

### 4.3.2. Dubartii Hamtuu

Hawaasa keessatti dubrtoonni garraammiin akkuma jiran dubartoonni hamtoonnis jiru. Kanis, asoosama Hawwii keessatti maal akka fakkaatu waraabbii gadii keessatti ilaaluu ni dandeenya.

> Garuu yoo mana kanaa baates mana gara biraa kaawwachuu ni danda'a, maaltu gargar baasu achittis akka walhin argine gochuu hin danda'u. waan kana ta'eef qoricha summii qopheessee ishee balleessuun qaba….Qabeenya eenyu horate eenyutu hirmaataa? Nin dafqaaf, dambii Doollootu fagaatee? Xayyaaraan sa'aatii tokko keessatti achiin nan ga'a.yoggaa sana eessa abbaa ishee seenti? Dura garuu intala ishee kana lafa irraa balleessuutu narra jira. (119-120)

Akka yaada waraabbii oliirraa hubatamutti, haati manaa obbo Ayyaanaa abbaan manaa ishee dhoksaatiin dhala qaba jechuun shakkitee intala tasa keessummummaan mana ishee keessa jiraattu Hawwiitiin qoricha summiitiin ajjeessuu lafa kanaa ishee balleesuuf gara jabinaan murteessuu ishiiti. Kana malees, haati qawwii qabeenya ani hore narraa himaachuu dandeessi jechuun haadha Hawwii Dambidoolloo deemuun ajjeesuuf murteessuu isheeti. Kunimmoo dubartii hamtuu ta'uu ishee mul'isa.

> Lammaffaa karaa mana kanaa baata! Mana utaalchaaf siif ta'u barbaadiitii dhaqi akka feete ta'i achitti ni dandeessa, manni kun garuu mana ulfina guddaa qabu waan ta'eef

> utaaluuf siif hin ta'u!.....deemi asii! Ijoolleen koo sirnaan guddatee sirnaan baratte bakka guddaa kan geesse malee akka kee biyyaa gara biyyaatti hin joortu! Joortuu akka kee miti.(Fuula 146)

Akka yaada waraabii oliirra hubachuun danda'amutti, haati manaa obbo Ayyaanaa Hawwiin mana isheetii meeshaa ishee fudhattee yeroo baatu, jechootaafi arrabsoo sammuu ishee miidhuu danda'aniin  arrabsitee gara jabeenyaan mana isheetii gaggeessuu isheeti.  Kunimmoo dubartii hamtuu ta'uu ishee mul'isa.

Asoosama Kudhaama jaalalaa kana keessatti dubartoonni gara jabeettii akka taatetti ibsamteetti. Kunis haati buddeenaa Obsaa yeroo Obsaatti garaa jabaattee abartuufi reebdu kan mul''isudha.

> Hin kaatuuree amma! Du'i lafa kanarraa si haakaasuutii. Siinan jedhaam Obsa! Otuun asii gadi mar'ummaan keerra ajjedhee achitti si hin hambisiin, amma dafiitii ka'ikaa! Hum…! Si gurbittii nana;kan ati hanga guyyaatti anarra raftuuf, garbittiikee naseeteemoo kunuunsituu?! Hirribichi kan bara baraa siif haata'u malee!……siif haa boo'an ati duunaan! Siinan jechuutti jiraam Obsa! Hin kaatuu amma lafa kanaa?! (Fuula 1-2)

Yaada waraabbii oliirraa waanti hubatamu, haati buddeenaa obsaa gara jabinaan Obsaa abaaruun akka inni rifatuufi nahee hirribaa gochuusheeti. Kana malees, ijoollee ishee kunuunsaa isa garuu jibbuun garmalee isa miidhuu isheeti. Kumimmoo hammeenya ishee mul'isa.

> "…. Haati buddeenaa kee har'aa kunis, ammeenya warri gorsan galmaan ga'uuf jecha jaalala duubaan gortee, kolfa gogaa kolfaa harka bal'istee hammattee, qaama qotisuu haadha kee man'ee shukkaa taassiste."(Fuula 34)

Akka yaada waraabbii kanaatti, haati buddeenaa obsaa hammeenya warri ishee yaadan gara jabummaan quxusuu obboleessa haadha Obsaa nama isa jaallatte fakkeessitee ofitti isa qabuun hammattee cuupheetiin waraananii akka ajeesan gochuu isheeti. Kun hammam dubartii hamtuu akka taate kan mul'isudha.

### 4.3.3. Dubartii Hinaaftuu

Dubartoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti hinaaffaa hinaaffaa adda addaan guutamanii jiraatan jiru. Hinaaffaa namfakkiiwwan dubartootaa  asoosama Hawwii keessatti mul'isan waraabbiiwwan gadii keessatti ilaaluu ni dandeenya.

"…. Yeroo ijoolleen dubaraa kun akkas jechuudhaan ishee gaafatan hinaafuudhaan keessa keessaa gubatti."(33-34). Yaada waraabbii kana irraa waanti hubannu, hawwiin Latii waan jaallatuuf ijoolleen dubaraa akka isaan ishee jalaa akka isa hin fudhanneef itti hinaafuun akka isa hin arganne barbaaduu isheeti.

> Haati Maatiwoosis 'EE jaalalli keessan kun mee ijoollee keessan isin hin irraanfachiisiin' jedhan hinaaffaan gubachuudhaan. ….. 'Akka kaa! Kaa! Kunooti kaa! Abbaan isaanii ofii dhoksuuf rakkata! Ijoolleen isaanii obboleettii ta'uu beekaniitu mitii kan fudhatanii fandalala bahan' jedhanii xiqqoo dhaadatanii gardaafoo manaa jala asii achi xonnoqaa turanii aariifi hinaaffaadhaan gara nmanaatti ol deebi'an.(Fuula 108-122)

Yaada waraabbii oliirraa waanti hubatamu, haati Maatiwoos abbaan manaa ishee obbo Ayyaannaan jaalala Hawwiif agarsiisan irratti hinaafuun kan isaan aarsu ta'uu isaati. Kana malees, ijoolleen ishee Hawwii obboleettii isaanii ta'uu ishee baranii waliin fandalala akka deeman gochuun shakkiitiin aariifi hinaaffaatiin gubachuu isheeti. Kunimmoo hammam akka hinaaftuu taate mul'isa.

> ….. Hiyiwat dubartittii mana bunaa sana yoggaa argitu battalaan siree irraa utaaltee kophee ishee lafaa fuudhattee mataa mataa ishee irra dhayuudhaan huutee, rifeensa mataa ishee qabattee lafa irratti rirriitte. Dubartiin mana bunaa sun jireenya rakkisaa mana dhugaatii keesstti kan miidhamte waan taateef rukuttaa Hiyiwat of irraa ittisuu hin dandeenye lafarratti akka bofa mataan dhayamee maramtee dhiyyuudhaan ganda sana jeeqxe. (Fuula 184)

Yaada waraabbii kanarraa waanti hubatamu, Hiyiwat hiriyyaan ishee Amaareen dubartii mana bunaa irraa fidee dhufuun isaa ishee aarsee dubartirrii humna qabduun reebdee akka bofa mataan dhahamee gaggabsitee lafatti gombisuu isheeti. Kunimmoo sababii hinnaaffaa irraa waan ta'eef, hinaaftuu ta'uu ishee mul'isa.

> Hawwiin harkaa fuutee poosticha saaquu sodaattee deetee siree ishee irra teessee suuta saaqxee yoggaa ilaaltu 'amma ammo itti haa caalu jedhee niitii isaa isarratti kuftee yeroo ammattee isa dhungattu erguun isaa maal anaaf haa godhu jedheetuu? Hammam akka isa jaallattu agarsiifachuufii? Safuudha gooftaa! Akkam isa jaallattii?' jettee aariifi hinaaffaadhaan mataan ishee naanna'e. (Fuula 197)

Yaadni waraabbii mul'isu, Hawwiin sababa jaalallee ishee Latiif jecha biyyaa waan baateef, bor Latii waliin walfuudhanii waliin akka jiraatan abdii guutuun taa'aa osoo jirtuu dubbiin abdii ishee kutachiisu itti dhufuu isaati. Kunis, suuraa Latiin dubartii tokko waliin ka'e tokko poosaatiin waan isheetti kennameef Latiin ishee ganee kan dubartii boroo fuudhe isheetti fakkaatee baay'ee isatti aaruufi hinaafuu isheeti kan hubannu. Kunis, Hawwiin hinaaftuu ta'uu ishee mul'isa.

## 4.3.4. Dubartii Ogeettii

Dubartoonni hawaasa keessatti ogummaa gara garaatiin hawaasa isaanii tajaajilu. Kanis, asoosamma Hawwii keessatti dubartoonni ogummaa kamiin akka hawaasa isaanii tajaajilan waraabbiiwwan gadii keessatti ilaaluu dandeenya.

> "Hospitaalichi gargaarsa Misiyoonii Suwidiniitiin kan gaggeeffamu yoo tahe illee hakiimoti achi keessa hojjetan faranjoota biyya Norweeyiifi naannoo sanaa dhufanidha.isaan kana gidduudhaa abbaa jireenyaa baay'ee kan jaalattu hakiimii Ruut jedhamtudha." (Fuula 12)

Yaada waraabbii oliirraa waanti hubatamu, dubartii Ruut ogummaa hakiimummaan eebbifamtee ogummaa ishee kanaaan hawaasa  kan tajaajiltu ta'uu isheeti.

"Haati Masqalee ganda sana keessatti dubartii deessisuudhaan gargaarsa guddaa kan godhan maanguddoo beekamoodha." (Fuula 14). Yaada waraabbii oliirraa kan hubatamu, haati Masqalee ogummaa dubartii deessisuu kan qabduufi ogummaa ishee kanaan dubartoota deessisuun gargaarsa guddaa gochuun kan beekamtu ta'uu isheeti. Kun immoo dubartiin kun ogummaa qabachuu ishee kan mul'isudha.

"…… Silaa Hawwiin Ogummaa kana hundaa haadha ishee aadde Dinsiirii irraa sirriitti barattee jirti." (Fuula 174). Yaada waraabbii oliirraa waanti hubatamu Hawwiin dubartii nyaataafi dhugaatii aadaa oromoon hojjechuu dandeessu ta'uu isheeti. Kana malees, haati ishee aadde Dinsiiriin ogummaa kana kan kan qabduufi Hawwiitiinis barsiisuu isheeti. Kun immoo dubartoonni ogumma nyaataafi dhugaatii hojjechuu qabaachuu isnii mul'isa.

Asoosama Kudhaama Jaalalaa keessaattis dubartoonni ogummaa gara garaa qaban jiru. Ogummaa kanas kallattii adda addaan hawaasa keessatti mul'isu. Kanas, waraabbii gadii keessatti ilaaluu ni dandeenya.

> "….Gaa'onii adii uffattee cinaa kiyya dhaabbataa turte, ' mee xiqqoo boqadhu, danuu haasa'uun of hin dadhabsiisiin! Giluukoosii sirra jiruufis eeggannoo godhi' jettee termoomeetira harkatti qabattee jirtu urgufaa balbala banattee baate." (Fuula 80)

Yaadni waraabbii oliirraa hubatamu, dubartii Obsaan arge ogeettii yaalaa ta'uu isheeti. Kunis, gaawonii adii uffattee giluukoosii harakasaatti gochuufiin ho'iinsa qaama isaa termoomeetiraan ilaaluun isa yaaluu isheeti. Kun immoo ogeettii yaalaa ta'uu ishee ibsa.

### 4.3.5. Dubartii Haaloo Baatu

Dubartoonni dhiibbaa namaan isaanirra gahuuf hamma humna isaanii haaloo bahuuf yeroo yaalan ni mul'atu. Asoosama Kudhaama Jaalalaa keessattis dubartii haaloo baatuu taate waraabbii gadii keessatti ilaaluu dandeenya.

> "Miirri haaloo ba'uu hidda dhiigaa keessa facaanaan qeerransa hoossistuu taatee, aariin afuuraa ciccitaa utaaltee irra buute. Kuffistee erga lafatti gadi sukkuumteen booda dhiiga ishee lolaastee gumaa obboleessaa baafachuuf utaaltee gola seente."(Fuula 36)

Waanti yaada waraabii oliirraa hubatamu, haati Obsaa du'a obboleessaheetti aaraa osoo jirtuu dubartiin obboleessa ishee gara jabeenyaan ajjeessiiste mana isheetti dhuftee masaanuu ishee yommuu taatu baa'ee aaruun reebuu isheeti. Kana malees, du'a obboleessa isheef gumaa isaa baasuuf jecha xiiqeffachuu isheeti. Kanaafuu dubartii haaloo baatu ta'uu ishee hubanna.

## 4.4. Qooda Dubartootaa Asoosam Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa Keessatti

### 4.4.1. Qooda Dubartootaa Siyaasaa Keessatti

Dubartoonni qaama hawaasaa keessaa tokko waan ta'aniifi wantoonni jiruufi jireenya hawaasa keessatti mul'atan isaan irrtis mul'achuun isaa hin oolu. Siyaasni wantoota jiruufi jireenya hawaasa keessatii raawwatan keessa is tokko yommuu ta'u, dubartoonnisi siyaasa keessti hirmaannaa mataa isaanii gama adda addaa yeroo taassisan ni mul'ata. Kanas asoosama Hawwii keessatti dubartoonni attamiin siyaasa keessatti qooda isaanii akka bahan waraabbiiwwan armaan gaditti dhiyaatan keessatti akka armaan gadiitti ilaalla.

> Kutaa kana keessatti ammoo kan barsiisan dubartootadha. Aadde Yashii Immabeet Iddoosaa amaariffa beeku. Aadde Gumariifi Giiftii Bishaan garuu afaan Oromoo malee

> Afaan Amaariffaa sirriitti dubbachuu hin danda'ni. Afaan Oromoo hin barsiisan malee kan isaan ittiin qubee lakkoofsisan Afaan Oromootiini. Isaanis otoo hin jaallatiin sirna sana keessa lubbuun jiraachuu waan isaan irra jiruuf daa'imman Oromoo sammuu gabroomsuun dirqii itti taha. (Fuula 27)

Waraabbii oliirraa waanti hubatamu, dubartoonni ogummaa barsiisummaa gosa barnootaa addaa addaan eebbifamanii hojii barsiisummaatti kan bobba'n ta'uu isaaniifi sirni keessa jiran sirna abbaa irree, sirna mirga namaa dhiibu waan ta'eef sirna keessa jiran keesstti lubbuun jiraatanii of jiraachisuuf wanta ogummaan isaanii hin eeyyamneefi sammuun isaanii isaan ceepha'u dalaguun sammuu daa'imman Oromoo gabroomsuun dirqii itti ta'uu isaati.

Hawwiinis yeroo dhiima heerumaa maatiin hiyyummaa keessa bahuuf jecha fedhii ishee malee akka horii nama hin beeknetti guguruuf jedhan, " Maarree murtiin warrasheetii gatii hin qabu. Dhimma isheerratti murtii isheen keessatti qooda hin fudhanne faayidaa hin qabu…..Ilaa namni dhimma ofiisaa irratti ofii isaan hin murteessu taanaan barba! Gabrummaa jala jiru ykn horii qe'eeti jechuudha" jette.

Waraabbiin olii kun kan mul'isu, dubartiin kamiyyuu dhimma isheerratti murtii kennuu akka dandeessu; kan namni ishee jedhe qofa kan fudhattu osoo hin taane waan isheefi ta'uufi hin taane adda baastee murteeffachuu akka qabdudha. Dubartiin dhimma isheerratti hin murteessine immoo barba, gabrummaa jala jirtu ta'uu isheeti.

Hawwiin wasiila Latii barbaachuuf mana baankii kaazaanchisitti yeroo deddeebi'aa turte, taaksii keessatti mudannoo dhimma rakkoo afaanii wajjin walqabatu yemmuu ishee quunname akkas jechuun dubbatti:

> ... Amma kan akka kanatti kan kofaltan Amaariffa akka Amaaraatti dubbachuu dadhabuu kootti mitii? Isiniif afaan abbaa keessaniiti. Utuu isintu Afaan Oromoo caccabsitanii dubbattan ta'ee ani isinitti hinkolfu. Sababiin isaas afaan abbaa keessanii akka hintaane sababiin beekuuf. Garuu amma Amaariffaa wallaaluun koo qaama namummaa koo keessaa hir'uu akkan qabutti nalakkaa'uun keessan of tuulummaa Waaqa hinsodaannedha. Afaan Amaariffaa kan biyya keessanii dubbachuu dadhabuun koo anaaf qaanii miti. Afaan alagaatii hin komatamu. Kan na'aarsu garuu doofummaa keessan miti. Finfinnee biyyaa abbaa koo keessa teessanii anaan nama biyya ormaa gootanii afaan natti haxaa'achuu

keesanidha. Utuu beektanii miilla keenyaarratti kuftanii nu galateeffachuu qabdu ture. Lafti isin gooftaa itti taatan kun hundi lafa keenyadha. Biyya keenya dha. Isintu biyya keenya dhufe malee nuti biyya keessan hindhufne. Maal godhu nu Oromootatu tokkummaa dhabuu keenyatu akkas nu godhe. Minilik miti. Goobannaafi gantoota mootota Oromoo bara sanaa tokko tokootu harka keessan jalatti nu galche. Oromootatu gamtaa cimaa dhabe malee isin hayyama keenya malee lafa biyya keenyaarra ejjechuu hindandeessan ture, jechuudhaan Hawwiin jara of tuultota sanatti aariifi xiiqiidhaan itti dubbatte. (Fuula 130).

Waraabbii oliirraa dhimmi hubatamu, dhimma afaaniifi eenyummaa wajjin kan walqabatu ta'uu isaati. Kunis, afaan kamiyyuu afaan kamii wajjin gama waliigalteen walqixa ta'ee osoo jiruu, namni afaan tokko dubbatu nama afaan kan biraa dubbatu tuffachuun oftuulummaa ta'uu isaati. Oromoon Afaan Amaaraa beekes beeka akka isa hingooneefi wallaales immoo wallaalaa akka isa hin jechisiisinedha. Namni kamuu afaan hunda sadarkaa walqixa ta'een yoo dubbachuu danda'e gaarummaasaa malee gadhummaan isaa hinmul'atu. Afaan garaagaraa beekuun ittiin waliigaluuf, dubbisanii hubannoo gabbifachuuf, qorannoo ittiin gaggeessuuf nama fayyada.

Ta'usa, of tuultonni garuu afaan kan isaanii afaan kaanirra akka caalu godhanii fudhachuu isaaniiti. Garuu Hawwiin immoo Afaan Oromoon afaan kamiinuu gadi akka hin taaneefi afaan Oromoo dubbachuu isheetiin kan hin qaanofneefi eenyuunuu kan hin sodaanne ta'uushee mirkaneessite. Kana malees, Oromoon gamtummaa cimaa dhabuun isaa akka halagaan lafa isaarratti akka barbaade ta'uurra darbee afaan isaatiinuu akka hin dubbannef jechoota adda addaa dubbachuun akka inni of dagatuufi afaansaa hin dubbanne gochuun gabroomsuu barbaaduu isaanii ibsite. Kunimmoo, qoodni dubartoonni siyaasa keessatti qaban cimaa ta'uu isaa mul'isa.

Dhimmoota olitti kaafne Hawwii kan mudateen taaksii keessatti ture. Akkuma taaksiirraa buuteen kaazaanchisi keessa mucaa wasiila Latii barbaaddee gaafa dhabdu, gara mana obbo Ayyaanaatti deebi'uuf taaksii qabattee 4 Kiilootti bu'uu osoo qabduu wallaaltee Piyaassaa deemte. Kana booda, kallattii itti adeemtu waan harkaa badeef, daandiirra sa'aatii baay'ee erga dhaabbattee booda dargaggeessi tokko dhaabee kilaaksii godheef. Gara itti adeemtu gaafateenii konkolaataa isaa keessa seente. Hayiluun yemmuu Hawwii wajjin walbaru, waraabbii armaan gadiirraa hubachuun ni danda'ama.

...... Fuul duraatis gaariidha wal barra Hayiluudha maqaan koo kan kee woo? jedhe. Hawwii jetteen. Owu! Hawwii? maal jechuu dha afaan maaliitii? jedhee gaafate. Hawwiin

> Minyot jechuu dha" jetten Innis Owu! Yes! Yes! ---------- jedhe. Tasuma,afaan ------- hin fakkaatu, it is beautiful name! (Maqaa bareedduudha) jedha afaan Ingiliiziitiin. Itti fufee Maqaa faranjii fakkaata. jedhe. Hawwiin garaa isheetti Yaa Rabbii safuu! Maqaanis walcaalaa? Kan isaanii fi kan faranjii bareedaa kan Oromoo fokkisaa! ajaa'iba dha. Kan Oromoo fokkisaa dha jedhee kan itti murteesse waaqa moo isaanuma kanaa laata? Waaqayyoo garuu walqixxee nu'uume.Yoomi laataa kan ilaalchi kun sammuu isaanii keessaa baduu? jette (132-133).

Akka waraabbii kanaatti, goobangaleessi eenyummaa Hayiluu osoo hin beekin sababa daandiirra dhaabbattee konkolaataa dhabdeef, filannoo biraa waan hinqabneef konkolaataa Hayiluu kana argattee akka mana Obbo Ayyaanaatiin ishee ga'uuf yaaddee yaabbatte. Ta'us, maqaa isaanii walitti himuun erga wal baranii Hayiluun maqaan hawwii bareedaa ta'us Afaan Oromoon waamamuun ishee garuu isa waan hin gammachiifneef jecha hin taane dubbannaan ishee dandeessisuu didnaan oftuulummaa isaanii yoom akka dhiisan ofiin ofitti dubbatti; garuu maqaa kanaan waamamuu isheetti tasuma ofitti hin gaddine. Hawwiin dubara eenyummaa ishee beektu, aadaa sabasheef ulfina kan laattu, Oromoota ofta'uu dhabanii maqaa dhaloota isaanii akka maqaa doofaatti ilaalanii maqaa biraatiin waamamuun hamaayyummaa yookaan qaroomina itti fakkaatanfii, fakkeenyummaa gaarii ta'uu dandeessi.

Hawwiin jireenya hosteelaa yommuu jiraachaa turtes; Asteeriifi Gannati, hiriyoota ishee kana wajjin dhimma eenyummaa isheetti kan hinsaalfanneefi sab-boontuu ta'uu ishee waraabbii armaan gadiirraa hubachuun nidanda'ama.

> Maqaa ishee beektee jirta. Garuu Maartii kan jenne gabaabsineetu malee maqaan ishee maartaadha. Garuu isheen… miti. Biyyi ishees noonnoo biyya kee miti…. Tigireedha;… lakki Oromoodha;…isheen Amaara… Oromoo ta'uun koo yoo natty dammaqame namni natuffata,ulfina duratti hosteelicha keessatti qabu nadhabsiisa….. Namni maaliif of tuffataa? maaliif sabummaa yookiin Oromummaa isaatti qana'aa? Balleessaa naamusaa nama qaanessu yoo hojjete qaana'a malee…Hawwiin kutaa ciisichaa deemtee "Maartaa akkami? jettee yeroo dubbistu isheen immoo "Taadiyaas dehina nesh" jettee Afaan Amaariffaatiin deebisteef…Hawwiin Afaan Oromootiin Maartaan immoo Afaan Amaariffaatiin deebistiif malee Maartaan osoo duutee, Afaan Oromootiin hindubbattu. (148-149).

Yaadni waraabbii kun hubachiisu, Hawwiin hiriyootashee Asteerfi Gannatii, akkasumas Maartaafaa wajjin jiraachaa yeroo turtetti dhimma sabummafii Afaanii irratti marii'achuu isaaniifi Hawwiin xiiqiitiin isaan falmuun isheeti. Maartaan dhalootaan Hawwii wajjin biyya tokkodha. Lachan isaaniiyyuu Oromoodha. Maartaan garuu, erga Magaala Finfinnee galtee kaastee moggaasa maqaashee kanaan dura ittiin waamamtu gabaabsamee yoo waamaniin malee itti hintolu. Maartii jechuun yaamamuu feeti.

Maartiin hiriyoota waliin jiraattu keessaa Hawwiif badaa bakka hinlaattu. Hawwiin immoo shamarraan hosteela keessa waliin jirataan waliin haa jiraattu malee Maartiin lammii kooti jechuudhaan Asteeriifi Gannat caalaa abdattee turte. Garuu, Maartaan sabummaafi Afaan isheetti dubartii qaanoftu, Saba biroo fakkaattee saba biro wajjiniin fakkaattee kan jiraattuu ta'uu isheeti. Kun immoo dubartii siyaasa keessatti kallattii adda addaatii qooda mataa ishee qabaachuu ishee mul'isa.

Hawwiin mana namaa qacaramtee hojjechuuf jecha yeroo hojii barbaacha warra hojjetaafi hojjechiisaa walquunnamsiisan bira yeroo dhaqxetti, Hawwiin Hoteela hin hojjedhu mana namaa malee jennaan dubartittiin isheen mana bunaaf ishee barbaaddu isheen didnaan dhimma afaaniirratti akkas jetteenii. "Silaas kun afaan iyyuu sirriitti hin beektu tabtaabbaa gamad aafnechi haadhiistu"jetteen.

Waraabbii armaan oliirraa waanti hubatamuu danda'u, dubarttittiin Hawwii barbaadde bareedinashee ilaaltee hoteelasheef galii galchitiifii waan ta'eef filachuusheeti. Isheen Afaan Oromootiin dubbattee didnaan sababuma Oromoo taateef arra sabummaashee tuquun ishee arrabsuu ishee hubanna.

Gama biraan Hawwiin yeroo kaabaja ayyaana Masqalaa kabajuuf adda ba'aa ba'ii Masqalaa deemtetti wanta ishee muudate waraabbii gadii keessatti haa ilaallu.

> Hawwiin sirba naannoo ishee kana dhaggeeffatte Oromoo Shawaa isaan 'baala adaamii' jedhanii sirban kun Oromoo saba isaanii ta'uu beekanii utuu hin xuqiin isaan cinaatti sirbuu jalqabuun isaanii baay'ee ishee dinqe. Keessaawuu kan ishee dinqe,saba Oromoo jagna akkas dhiira dirree irra naannessee tumee arii'u jarri of tuultoti tuffachuu isaaniiti. Hawwiin Oromoo saba isheetti baay'ee boonte, Oromoon kutaa biyyaan otuu walhinqoodiin akkasumas otuu gargar wal hin hiriin akka waljaallattu hubatte. (Fuula 162)

Waraabbiin olii kan ibsu, dubartoonni dargaggeessi Oromoo aadaa isaa kan jaallatuufi kan ittiin boonu, saalfiifi soda tokko malee dirree irratti kan mul'isu, diina isaatti gootummaa isaa kan

agarsiisu, tokkummaafi walii galalteedhaan diina isaanii faccisuun mo'achuu isaaniitti kan gammadaniifi kan itti boonan ta'uu isaaniiti.

Guyyaa gaafa ayyaana Cuuphaa mana Dalasaatti akka aadaa Oromootti farsoo naqatanii uffata aadaa uffatanii ayyanicha kabajaa osoo jiranii dhimma isaan muudate akka armaan gadii ta'a.

> Iyyerusaalamis itti aansitee "Lakki kun guddaadha. 'Ye …… zimbi' nawu jette……… Aashaa dubbii isaa irraa saamtee "Daa'imman Oromoo yoo waa'ee goota Oromoo saba isaanii dhagayan seenaa isaaniitti boonanii sabboonummaa of keessatti qabatanii guddatu. Yeroo kana saba Amaaraatiin gadi akka hintaane beekkatan jechuudha. Haala kanaan yoo guddate sammuun hingabroomu jechuudha.Sammuu kan gabroomsan gidduudhaa manneetii barnootaa qofaa keessatti utuu hinta'iin oduu durii keessatti illee ololli Saba Oromoo irratti oofamu Oromoon akka of jibbee of ganu kan isa dinqisiisudha…….. akkam jechuun gaaariidha fakkeenyaaf ololli jibbinsa ummata Oromoo iraatti oofaman gidduudhaa yoggaa daa'imni boossu sossobuuf, "Ushuuru ru ru Ushuruuru ru maammuyyee, lijeen ye xellaa yi wussedewu……kan jettan nu faarsitanimoo nu arrabsitanii? (Fuula 175-178).

Waraabbiin olii kan ibsu, Aashaan dhimma sabummaa ishee irratti kutannoo kan qabduufi duubatti kan hinjenne ta'uu isheeti. Kunis kan mul'isu eenyummaa isheetti kan hin saalfanne, eenyummaa isheetti kan boontufi dhimma sabummaa isheerratti dhufuuf bakka kan hin kennine ta'uu isheeti. Kana malees, tuffiifi ilaalcha hiriyyoonni ishee uummata Oromoof qaban kan mormituufi Oromoon eenyuu gadi akka hin taane hiriyyootasheetti kutannoofi murannoo cimaan kan isaan akeekkachiiste ta'uu isheeti. Haata'u malee, siroota darban keessatti ilaalcha dubartoonni Oromoo hin taane Oromoof qaban kan mul'isudha. Kunis waanti gadheen kan Oromoo akka ta'etti fudhachuu isaanii yommuu ta'an, dubartiin Oromoo immoo Oromummaasheetti kan boontuufi dhimma Oromoo irratti kan quuqamtu, hanga aarsaa kanfaluutti kan geessu jiraachuu isheeti. Kunimmoo dubartoonni siyaasa keessatti gahee qabaachuu isaanii mul'isa.

Walumaagalatti, sirnoota darban keessatti kan gaggeeffamaa ture akka ta'eefi barreessaan gama kanaan namfakkiiwwan gargaaramee dhugaa kana ifa baasuuf carraaqqiin taassise kan Dubartoonni siyaasa keessatti gahee mataa isaanii qabu. Siyaasi mirgaafi dirqama lammilee irrtti bu'aas, dhiibbaas fiduu danda'a. kun immoo aangootti fayyadamuun mirga namootaa dhiibuun namoota dhuunfaatiin akka raawwatu taassisa. Asoosama kudhaama Jaalalaa keessattis haalli kun

mul’ata. Kanaafuu gahee namfakkiiwwan dunartootaa asoosama Kudhaama Jaalalaa keessatti qabanii akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Haati Obsaa biyyaa kan isheen qaariteef sababa abbaan adda addaan haata’u malee dhalasheef dhaamsa keesseetti.

> “Adaraa…waa’ee dhalakoo adaraa isinitti kenna. Yoo rafe naa dammaqsaa; eenummaasaa naa beeksisaa; harka haadha buddeenaatti dhiisee biyyaa ba’uuf maaliif akkan dirqame naaf hub…” (26-27)

Waraabbii armaan oliirraa waanti hubatamu haati Obsaa sababa nama yeroo sana taayitaa olaanaa qabuun barbaadamtee akka to’annoo jala ooltu ajajni waan bahuurraa kan ka’e yommuu ta’u, dhalashee haaluma salphaatiin gattee akka hin adeemne nama ta’uu isheeti. Kanaafuu, yoo rafe akka isa damaksaniifi yoo inni of dagate  akka isaan eenyummaa isaa akka beeksisan abbaa Jaldeessootti dhaamte. Kunimmoo dubartoonni siyaasa keessatti gahee qabaachuu isaanii kan mul’isu ta’ee dhaloonni eenyummaa isaa dagachuun seenaa isaas wallaalee akka hin guddannefi nama yerootiin waan hundarrattti dammaqeefi eenyummaa isaa bare guddatu akka ta’uu dubartoonni gorsaan  barsiisuutiin gahee isaanii kan bahan ta’uu isaati.

> “Ta’us… ta’us dhalako, abbaan tokko ta’uun keessan si dagee, ilmaan masaanuu kiyya biratti raftee of hin dagatiin- ilmoon bofaa bofumaatii. Diinni bobaa jalatti qabaatanii jiraatan rakkistuudha ilma ko.”(42)

Waraabbiin olii kan agarsiisu diinni diinuma waan ta’eef, walitti dhufeenyi firummaa  fakkaatu nama dagachiisuu akka hin qabnnedha. Kanas ilmoon bofuma waan taateefi bor yeroo guddattu akkuma maatii isaanii amala nama idduu isaanii hin dhiisan. Olee bula  melee nama idduun isaanii waan hin oolleef otuu of hindagatiin, garmalee irratti osoo hin gatiin of eeggachaa waliin jiraachuu akka qabanidha. Kun immoo akkuma Oromoon yeroo mammaaku “Abiddaafi ----- bobaa jalatti hinqabatan akkuma jedhu diinni of dhiyootti jiraachisan rakkisaa ta’uu isaati.

Dubartoonni siyaasa keessatti gahee mataa isaanii qabu. Kanas Warqituun dubbiishee keessatti dhimma siyaasa dubbachuun dubartoonni siyaasa keessatti gahee qabachuu isaanii waraabbii armaan gadii keessatti mul’isteetti.

> “Waddeessa ichimanii abiddi erga hin buunee… dhagaan dhagaa dha’ee qaanqeen hin facaanee, ilmoo gad anqaaquun maqaa qofaaf malee seexaan erga hin taanee, dhalchee

guddifadhee manaa gadi yaasee tikeef ergan kennee …” jettee imimmaan lakkuu-lakkuu maddiirra of lolaaste. (Fuula 151)

Akka yaada waraabbii kanaatti warqituun dubbiishee keessatti ichima ichimanii yookiin waddeessa walitti riganii abidda buusuun erga hin danda’amnee, dhagaafi dhagaa walitti buusanii qaanqeen uumamnee erga hin facaanee, dhalas dhalanii seexaaf erga hintaanee, dahanii yookiin akka hanqaaquu gadi yaasanii namaa tiksee godhanii kennu erga ta’ee dhamaatiin kun hundinuu bu’aa kan hin qabne ta’uu isaati. Dubbii Warqituu kana keessatti ilmoo dahanii seexaaf kan hin taane yoo ta’e inni jedhu dhalli dhalate guyyaa xiiqii xiiqii kan bahu ta’uu akka qabuufi ta’uu baannaan dahuun waan biraaf akka hin barbaachisne nama hubachiisa.

### 4.4.2. Qooda Dubartootaa Hawaasummaa Keessatti

Dubartootni jiruufi jireeyna hawaasaa keessatti jaalala, jibba, gammachuu, gadda, waliifi birmachuuf fala adda addaa kennuu irratti qooda guddaa waliif gumaachu. Kunis, asoosama ‘Hawwii’ keessatti bifa adda addaan waliif dhabbannaa hawaasaa keessatti yookiin hirmaannaa hawaasaa keessatti gahee akka qaban argina.

Dubartoonni yeroo dubartiin tokko deessu qooda isaan hawaasummaa keessatti qaban waraabbii gadiirraa hubachuun ni danda’ama.

“Dubartoonni gandaa ammo harka fuudhaa dhaqan mana obbo Jireenyaa mana gammachuu godhaniiru.” (Fuula 13-14). Yaada kanarraa wantti hubannu dubartoonni yeroo dubartiin deessu durtii deesse san waliin gammachuu ishee hirmaachuuf mana sanatti argamuun man asana oo’isanii mana gammachuu ta’uu isaa ibsuu isaaniiti. Kunis qooda dubartoonni hawaasummaa keessatti qaban kan calaqqisiisudha.

Haati Latii jireenya hawaasummaa keessatti qooda isaan qaban waraabbii gadii keessatti ilaaluu dandeenya.

> “Amma haati Hawwii kana yoo barte walfixuu keenya. Amma yoo irratti barte aadde Dinsiriin na fixuu isheeti. Isheen intala koo sooressa baacaatti heerumsiisee hiyyummaa keessan ba’a jettee yaaddi.gurbaan koo hoo dur dubbii balleesse.” Jette. (Fuula 43)

Yaada waraabbii kana irraa waanti hubatamu, haati Latii aadde Bashaatuun olla ishee waliin nagaatiin jiraachuu barbaaduu isheeti. Kunis, ilmi ishee Hawwii waliin jaalala jalqabuun isaa

yaada haadha Hawwii isa sooressatti heerumsiifattee hiyyummaa keessaa bahuu barbaaddu waliin kan walfaallessu waan ta'eef kunimmoo waliin wal waan isaan wallolchsee hawaasummaa isaanii adda kutudha. Kana immoo haadha Latiitti yaaddoo ta'uu isaati.

Gaafa cidha Hawwii dubartoonni gahee hawaasummaa isaan qaban waraabbii itti aanee jirurraa hunbachuun nidanda'ama.

> "Durbi immoo dibbee fudhattee sirba hawi'steetti. Namoonni nyaataafi dhugaatii qopheessan oliif gad walkeessa yaa'uun hojii irratti tattaafatu. Miinjoliin Hawwii Sindahaatuu, Doddotee, Immabeet akkasumas shamarran kaanis karaa garaa garaa naasuudhaan oliifi gadi fiigu" (114-115).

Yaada kana irraa kan hubatamu, dubartootni hawaasaummaa keessatti kan qooda qaban ta'uu mul'isa. Kunis, hiriyyoonni Hawwiifi dubartootni biroo cidha Hawwiidhaaf qopha'aan kana, galma ga'iinsa isaaf hojiiwwan garaagaraatti qoodamanii akka argaman ilaaluun nidada'ama.

Dubartootni jiruufi jireeyna hawaasaa keessatti gahee guddaa qabu. Kunis, jaalala, jibba, gammachuu, gadda, waliifi birmachuuf fala adda addaa kennuu rakkina garagaraaf fala kennuu irratti qooda guddaa waliif gumaachu. Haalli kunis, asoosama 'Kudhaama Jaalalaa' keessatti bifa adda addaa hirmaannaa hawaasaa keessatti gahee akka qaban argina. Kanas haati Obsaa yeroo abbaa manaa isheefi ilmashee obsaa waliin jirtutti gahee isheen hawaasummaa keessatti qabduufi gaafa Obsaan summii nyaata waliin nyaatee mana yaalaaa ciisetti rakkoo isaa hirmaachisuufi gara fuula duraatti rakkinni akkasii lammata akka irra deebi'ee isa hin muudanneef jecha gahee dubartoonni taphatan guddaadha. Kanaafuu gahee dubartoonni hawaasummaa keessatti qaban kanneen Kudhaama Jaalalaa keessa jiran waraabbii itti aananii jiranirraa hunbachuun nidanda'ama.

> Gahee haati Obsaa hawaasummaa keessatti qabdu "Isheen haadha kee qofa osoo hin taane haadha hiyyeesota Biilaa mara turte.Haadha hiyyeessaa jedhanii waamu turan. Cidhaafi du'i hiyyeessaa isheedhaan miidhaga ture. Erga isheen biyyaa baatee harki hiyyeesotaadaraa hare" jechuun ibsu. (Fuula 29-30)

Waraabbiin kun kan mul'su, dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti akkuma qaama hawaasaa keessaa isaan tokko ta'anitti wantoonni hawaasa keessatti muudatan amalas gaariis ta'e gadhee akkasumas gochi gaariiniifi gadheen isaanirrattis kan mul'atu ta'uu isaati. Kanaafuu

asoosama kana keessattis haati Obsaa yeroo hawaasa keessa jiraattutti namoota harka qalleeyyii ta'aniif kan gadditu, yeroo gammachuufi gadda isaaniitti kan cina isaanii dhaabbatu, kan qabduun immoo kan gargaartuufi hawaasa keessa jiraattu biratti jaalala guddaa kan qaban ta'uu isheeti.

Yeroo Obsaa sababa haati buddeenaasaa nyaata waliin summii kenniteefiin mana yaalaa seenee ture. Ta'us, inni iddoo jiru kana akkamiin akka dhufeefi eessa akka jiru waan hin beekneef amanuuu dadhabee " Amma kanan jiru mana yaalaati jechuudhaa?"jedhee gaaffii of gaafata. Fedhiin, "Eeyyee… eeyyee mana yaalaati; madaqtee jirta" jettee deebisteef.

Kana malees, Aadde Tuujjubeen "Imimmaan akka yandoo arfaasaa roobee gurra biraan gadi anarra lola'ee afata sirichaa tortorsuutti jiru sana anarraa haqaa 'Obsaako, ittumammoo boossee mataa of hindhukkubsiinka maaloo' herbeebishaan diilalla cuubame addarra naa kaa'an" jedhe obsaan.

> "Obsaa ko, mee mooqa xiqqoo fudhu." Aadde Taatuun qadaada 'peermuzii' banaa. Fedhiin immoo "Dhugaa isaaniiti Obsa; hangam fedhiin nyaaataa dhabdullee ittuma didii fudhu jette." (Fuula 84-85).

Waraabbiin olii kan agarsiisu Fedhii, aadde tuujjubeefi aadde Taatuun gahee hawaasa keesstti yeroo rakkoon namarra gahu namaaf qaqqabuun wanta bira dhaabbachuu qabaniin bira dhaabbachuu isaanii mul'isa. Kunis Fedhiin, yaadaaan jajjabeessuu, qofummaan akka itti hin dhagamne gochuudha. Aadde tuujjubeefi aadde Taatuun immoo olla ta'uu isaanii irraa kan ka'e durumaa kaasee rakkoo inni keessa darbe waan beekaniif amma immoo yeroo summii nyaatee mana yaalaa ciisutti namni isaaf qaqqabuu dandahu akka hin jirre waan beekaniifi nyaataafi mooqa qabatanii dhufuun akka inni itti fayyadu taassisuu isaaniiti. Isaanis bakka haadhasaa bu'uu baatanillee akka haadhaatti ta'nii waan isa barbaachisuufi yeroo isa barbaachisanitti isa cinaa dhaabbachuu isaaniiti. Kanaafuu dubartoonni namoota rakkatan bira dhaabachuutiin gahee isaanii hawaasummaa keessatti gumaachuu qaban gumaachuu isaanii mul'isa.

## 4.4.3. Qooda Dubartoota Gama Dinagdeetiin

Hawaasa tokko keessatti jiruufi jireenya ofii fooyyeffatanii jiraachuuf qoodni dubartoonni qaban guddaadha. Kunis, asoosama Hawwii keessatti dubartoota dinagdee hawaasaa guddisuu keessatti qooda olaanaa qaban haala armaan gadii kaa'amee jira.

> Yoo al tokko tokko daadhii dhuguu kajeelan gandasana mana daadhii haadha Eefreem, mana aadde Tuujubee, mana haadha ijjigasayyoo, mana haadha mitikkee, malee ganda mana Shoogalee bira darbanii daadhii mana xanfeellee dhaqanii hin dhugani……Jireeyni isaanii kun, sababii hinfooyyofneef haati manaa isaa aadde Dinsireen farsoo naqxee, haraqee baaftee walgargaaranii akka kanaan jireeyna isaanii qabsoo walqabu…Obbo Jireeynaanis miindaan isaanii baay'ee xiqqoo sababii ta'eef, haaati manaa isaanii Bashaatuun shaayii danfistee, daabboo wajjin gurguruudhaan walhubatanii jiraatu (10-11).

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu, dubartootni hedduun jiruufi jireenya isaani mo'atanii mana isaanii abbaa mana isaanii waliin bulchuu keessatti dinagdee hawaasaa keessatti hirmaannaa cimaa gochuu isaanii nutti mul'isa. Kunis, dubartoonni dinagdee hawaasummaa fooyyessuuf keessatti hojiiwwaan garaa garaa hojjechuu isaaniiti. Kinimmoo dubartoonni maddi galii mataa isaanii uummachuun maatii isaanii jiraachisuu danda'uu isaanii mul'isuu isaati.

Dubartoonni qaama hawaasaa keessaa tokko waan ta'aniif, dinagdee keessatti hirmaannaa mataa isaanii qabu. Kanaafuu, gahee dubartootaa dinagdee keessatti qaban asoosama Kudhaama Jaalalaa keessatti akka armaan gadiitti ilaalla.

> "Yeroo sana, manni keessan akka har'aa kana onaa hin turre gabaatu ol dacha'ee akka kanniisaa keessa uursa malee. Daadhii harki haadhakee cuunfe, huggum yaa mi'aasaa! Silaa buustee birillee guutuu malee hanga namni dhuge hin lakkooftu.'Maamilli mootiidha' jetti; Hunduu dhugee kan qabu kanfalee kan hin qabne gaafa argate kanfalu' jettee amantaa maamilasheerrtatti gatti. (Fuula 29)

Waraabbii oliirraa waanti hubatamu haati Obsaa daadhii naqxee kan gurgurtu; kanaanis kan maatii ishee bulchituufii Obsaa ittiin guddistu ta'uu isaati. Kana malees, daadhiin aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Kanaafuu, haati Obsaas waanuma Oromoo biratti beekamaafi jaallatamaa ta'e daadhii naqxee gurguruun ofiifi maatii ishee akka jiraachistudha. Dabalataanis dinagdee keessatti maamilli iddoo guddaa kan qabuufi kabaja kan qabu waan ta'eef haati Obsaas maamila ishee kabajuun yeroo isaan dhaban yeroo argatanitti akka kanfafalan gooti. Kunimmoo dubartiin maamilashee kabajaa dinagdee keessatti akkamitti akka hirmaattu kan mul'isudha.

### 4.3.4. Qooda Dubartoota Aadaa Hawaasaa Keessatti

Sabni Oromoo aadaa mataa isaa qaba. Kunis, aadaa nyaataa, uffaannaa, sirbaa, fuudhaafi heerumaafi aadaa waliin jireenyaati. Aadaa kana keessatti immoo qoodni dubartoonni qaban guddaadha. Kunis, asoosama Hawwii keessatti maal akka fakkatu waraabbiiwwan gadii keessatii haa ilaallu.

> …… Dubartootni gandaa ammoo harka fuudhaa dhaqan, mana obbo Jireenyaa mana gammachuu godhaniiru. Gaafa bultii shanaffaa, Dinsiriin qafaa ishee dubartoota harka fuudhaa dhufan keesssumsiifte. Akkuma achi ga'aniinis, marqaafi shaameta maaddii gabatee irratti baasanii keessummootaaf dhiyeessuudhaan Dinsirii gargaaran. Kana boodas akkas jechuudhaan waljalaa qabuudhaan weeddisan. (Fuula 13-14).

Yaada waraabbii kanarraa aadaan garaa garaa akka jiruufi dubartootni akka keessatti hirmaatan argina. Kunis, aadaa walgargaarsaa, aadaa sirbaafi aadaa nyaataati. Kanamalees, dubartiin tokko deessee gaafa guyyaa shanii marqaafi shaametni qophaayee keessummootaaf dhiyyeessuuniif weedduu weeddisanii gammachiisuu isaaniiti. Kun immoo dubartootni qophii nyaata aadaa keessatti akka keessatti qooda kan fudhachuun aadaa hawaasaa keessatti hirmaachuu isaanii agarsiisa.

> Haati Hawwii immoo xiiqiin ishee qabee amma reefuu maraachuu jalqabde. Danqaraa manaa fudhattee, "Baasaa mana kanaa, ilma isheetiif kennuuf olgalfattee? Isaaf kan taatu miti! Cittoo malee maal kennitaaf," jettee waan baay'ee dubbatte. Haati Latiis gadi itti baatee, "sii haadhoo! ani hiyyuummaa keessaan ba'a jedhee dhala koo hingurguru! Horiif jettee jaarsa akaakayyuu keeyna ta'utti gurgurachuuf qabdii fudhatee si mitii?! kana mannaa du'uu siif wayya. Ati sareedha kan ilmookeetiin daldaltu. Attam goota egaa, Hawwiinnoo hiriyaa jaallattu qabdi! Isatti malee hinheerumtu! Garaa kutadhu yee… (59)

Yaadni olii kun walmormii haadha Latiifi Hawwii mul'isa. Kunis, akka duudhaa hawaasichaatti dubarri ofii nama cimaa, beekamaa, maallaqa qabutti heerumsiisuun jireeyna ofiifi dhala isaanii fooyyeeffachuuf kan barbaadan ta'uu, asoosamicha keessatti ibsamee jira. Garuu, aadde Bashaatuun duudhaa hawaasaa kan dubara ofii nama maallaqa qabutti heerumsiisuun sirrii akka hintaaneefi dubarri nama jaallatutti heerumuu akka qabdu, aadde Dinsirii waliin akka walitti buute argina. Kanaaf, duudhaa hawaasichaa keessatti dubartiin nama umriin walhinginnetti heerumsiisuun kan deeggaramu miti. Akkasumas, cidha Hawiidhaaf dubartoonniifi kanneen biroo

kabaja cidhi ishee wajjin hirmaachuun kan gaggeeffame duudhaa hawaasichaaf hojiiwwan garaagaraa irratti hirmaachuufi sirba cidhaa akka irratti hirmaatan ni argina.

"Durbi dibbee fudhattee jala bultii sirbuu erga jalqabdee bubbulee jira". (Fuula 71). Yaada waraabbii kanarraa waanti hubatamu yeroo fuudhaafi heerumni taassifamu durbi guyyaan cidhaa dura jala bultii akka sirbitudha. Kunimmoo durbi qooda aadaahawaasaa keessatti qabdu kan mul'isudha.

Obbo Ayyaanaan Hawwii waliin imala gara Finfinnee taassisaa osoo jiranii seenaa adda addaa waa'ee Oromoo irratti Hawwiif himan keessaa tokko waa'ee qabdooti. Kana keessattis durbi qooda fudhachuu ishee waraabii gadii keessatti haa ilaallu.

"Bakki qabdoo itti taa'n bakkee qoraanii, laga bishaan waraabuu yeroo deemtu; Akkasumas lafti qabdoo itti taa'an bakka sirbaati. Egaa durbi jaalallee ishee wajjin iddoo akkasiitti qabdoo teessi." (Fuula 95). Yaada waraabbii oliirraa waanti hubatamu, qabdoon aadaa hawaasaa keessaa isa tokko ta'ee iddoo qoabdoo itti taa'n kan mataa isaa dan da'e jirachuu isaafi durbis kan irratti hirmaatan ta'uu isaaniiti.

"…hableen, daadhiifi farsoo, sahaaniin tooraan galanii kaa'amanii jiru, bakki missirroon lamaan taa'aan dudduubaan afati biyya faarsii lafaafi keenyan galmichaa irratti fannifamee jira. Balbala galmichaa bitaafi mirgaan foxxoqan damee muka meexxii irratti rukutamee jira. Ammas gidduu ammo alaabaan Itoophiyaa muka dheeraa irratti fannifamee mul'ata. Durbi ammoo dibbee fudhattee sirba howistee, akkas jechuun sirbiti;

"Yaageeshoo daraaraa rimaa
Hawwiinoo reefu daa'imaa
Yaageeshoo daraaraa rimaa
Yesuufeen du'eera jedhaa, haadha isaatti hasaasaa himaa…jechuun sirbu. (114-115)

Akka yaada waraabbii olii kanaatti waanti hubatamu, dubartoonni aadaa walgargaarsaa qabaachuu isaaniiti. Kinis, yeroo maatiin Hawwii Hawwii heerumsiisuuf jedhanitti ollaan akka ollaatti, hiriyyaan akka hiriyaattiifi firri akka firaatti hundinuu waliin ta'uun hojiiwwan adda addaa irratti bobba'anii gargaarsa gochuu isaanii hubanna. Kana malees, dubartoonni akka aadaa isaaniitti sirba chidhaa sirbuun gammachuu isaanii waliin hirmaachuu isaaniiti.

Hawaasni aadaa mataa isaa qaba. Aadaa kana keessatti dubartoonnis aadaa keessatti gahee qabu. Kanas asoosama Kudhaama Jaalalaa keessa jiran waraabbii armaan gadiirraa ilaalla.

> “Hojjettuun isaanii-Eebbiseen, obdii mana boroo keessa dombii keewwattee teessee rifeensa mataa dha’achuutti jirti.”

Waraabbii oliirraa waanti hubatamu eebbiseen obdii keessa dombii keewwattee rifeensa mataa ishee dhahachuun ishee aadaa hawaasaa keessatti gahee qabaachuu isheeti ibsa. Kunis aadaa oromoo keessatti obdii,dombiifi dhahannaan rifeensa mataa dubartootaa iddoo guddaa qaba. Kanaafuu, Eebbiseen obdii mana boroo dombiirra teessee rrifeensa mataashee dhahachuun ishee gahee dubartoonni aadaa hawaasaa keessatti qaban mul’isa.

## 4.4.5. Qooda Dubartootaa Amantii Keessatti

Asoosama “Hawwii” keessatti akkaataa qooda fudhatiinsa dubartootni amantaaf qaban hubachuuf waraabbiiwwan gadii haa ilaallu.

> Aadde Dinsiriinis itti dabaltee “Maal godhu Waaqni keenyi inni nu uume nutti haa araaramu malee homaa hin jedhu bulee cooma jedhu mitiiree? jetti. Haati manaa Obbo jireenyaa aaddee Bashaatuun garuu “Jarana dubbiifi hojii Waaqaa keessa galtanii cubbuu hun dubbdatiinaa!. Yaa Waaq galata kee buddeena hardhaa waan nuu kenniteef si galateeffanna. Kan borii ammo akka nun dhorkanne si kadhanna jennee gara Waaqa keenyaatti iyyachuu malee Waaqa komachuun, qeeqachuun gaarii natty hin fakkaatu. Kan kocaaf kaa’e allaattiin hinfudhattu jedhu mitii? Kan nuuf kaa’e nun dhorkatu mee dhiisaa! Isa kan nu uumetu beeka” jechuudhaan marii isaanii hundaa araarsiti.(Fuula 11)

Yaada waraabbii kanarraa waanti hubatamu, dubartoonni lamaanuu dhala dhabanii bara dheeraa jiraachuu isaaniiti. Yeroo kana keessatti namoonni yeroo Waaqayyoon komatan, dubartoonni lamaan kun garuu olaantummaa Waaqayyoo dubbatu. Kunis, Waaqayyo uumaa waan hundumaa waan ta’eef, dhala kan namaa kennus kan dhorkatus isuma kanaafuu cubbuu isaanii akka isaaniif dhiisuuf kadhachuu akka qaban malee Waaqayyoon komachuuufi qeequun gaarii akka hin taanedha. Kun immoo dubartoonni amantii keessatti qooda qabaachuu isaaniiti.

Dubartiin yeroo deessu dubaroonni deessuu sanaaf weedduu weeddisaniif qabu. Weedduun kunis dubartii dhala argattef qofa osoo hin taane dubartii dhala dhabdeefis Waaqaan kadhachaafii gara Waaqaatti weeddisu. Kanas, asoosama Hawwii keessatti haala armaan gadiin haa ilaallu.

Heellancoo koo baga hiikamte baga ofkalte
Hammaareen garbuu shaf shafaa
Ya maareen maartuu dannabaa
Si yaadeen rafuu dadhabaa
Heellancoo koo….
Anaa maaru ya maaree
Maaram maa qoosaa taate
Kan baala midhaan gootu
Kan dhiiga mucaa gootu
Kan hiika dhugaa gootu
Heellancoo koo….

Erga akkas jedhanii weeddisanii booda dubartii dhala dhabdeef ammo akkas jedhanii weeddisani.

Asham deessuu yaa Maaram dhabduudhaa hin dhageessuu?
Jaldeessi baddaa qommii qalamee wawwaachisa
Dhabduunis baachuu hin didne Maaramtu walcaalchisa.
Amma utuun Maaree ta'ee dhabduudhaa mucaa kenneen
Fincaaniin darsaa dhahee waan isheen jettu ilaala.
Asham deessuu….(Fuula 14-15)

Yaada waraabbii kanaatti, dubartoonni dubartii deesseef akka aadaa isaaniitti kan weeddisanii gammachuu ishee waliin hirmaatan ta'uu isaati. Kana malees, dubartoonni weedduu isaanii keessatti akka amantii isaaniitti dhiiga nama gootee kan dhala kennitu Maaram waan taateef kan kenniteef galateeffaffatu. Kan dhowwatteef immoo akka isheen kennituufiittf faruu isaaniitii kadhatuufi. Kunimmoo qooda dubartoonni amantii keessatti qaban kan mul'isu ta'uu isaati.

Hawwiin hiriyyoonni dubartootaa ishee Latii jaalallee godhachuuf yeroo isa barbaadanitti isheenis ofiif waan barbaadduuf akka isaanii hin milkoofneef sababa adda addaa dhiyyeessuun abdii yeroo isaan kutachiistetti hiriyyoonni ishees immoo dhimma amantii kaasaniiru. Kanas,

> "Sababii kanaaf "Pheenxeedha;ijoolleen gama ganda Jaatoo mishiniidhaa dhuftan kun ittiin jechuudhaan amantii wajjin walitti hidhu". …… "Latiin nama amantii sababii ta'eef waan akkasii sababii hin jaalanneef lammataa waan akkasii dhiisi"(Fuula36-41)

Akka yaada waraabbii kana irraa waanti hubatamu, dubartoonni Latii jaalallee isaanii godhachuuf yaadanii dhimmi isaanii isaaniif milkaa'uu didnaan sababa amantiin isaanii gargar ta'eef akka ta'e shakkuun dhimma amantiirratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Kana

malees, Hawwiinis inni nama amantiiti jechuun ishee abdii kutachiisuufidha. Kinimmoo dubartoonni dhimma amantii irratti qooda qabaachuu isaanii kan ibsudha.

"--- ani woo isa hinjenne abbaa Latii! Hajii Yusuuftu Kiriistaana taha moo Bulchaafaatu kirrii isaanii kutanii Isilaama ta'uu?" jettee gaafatte. (46)

Warabbii oliirraa waanti hubatamu, asoosama 'Hawwii' keessatti, gaaf tokko maatiin obbo Jireenyaa irbaata Nyaatanii erga ka'anii booda hundumtuu gara ciisichaatti deeman. Latiinis, siree isaa irraatti olbahee rafe. Yemmuu kana, obbo Jireenyaanfaa waa'ee waljaallachuu Hawwiifi Latiirratti maatiin Hawwii fedha qabaachuu dhabuu, akkasumas maatiin Hawwii sooressa haajii Yusuufitti akka heerumsisan bakka ciisichaatti yeroo haas'an dhimma kana kaasani. Garaagarummaan amantii Musliimaafi Kiristaana gidduu jiraachuu haati Latii namni qabeenyaaf jedhee amantii isaa jijjiiruu qabaa yaada jedhu abbaa manaa isheetiif kaasuu ishee mul'isa. Egaa dubartoonni amantaa isaaniif iddoo kennuu isaanii agarsiisa.

Hawwiin mana obbo Ayyaanaa keessummummaan osoo jiraachaa jirtuu gaaf tokko Dalasaa barbaachaaf manaa baatee rakkinni ishee muudate; kanarraa ka'uun halakaneeffattee gaafa dhuftu manatti akka hingalle waardiyaatiin yeroo itti himamu guyyaa dhaloota ishee jibbuun Waaqa ishee uumetti gumgumte. Kanas waraabbii gadiitii ilaaluu dandeenya.

> "Maal yaa Waaq maalin dodhee? Cubbuun koo maalii? Maaloo rakkina kana hundaa hamma narraan geessu lubbuukoo narraa baasii fuudhi. Maaloo yaa Waaq cubbuu yoon hojjedhes dhiifama naaf godhi."(Fuula 142)

Waanti yaada waraabbii oliirraa hubatamu, hawwiin rakkoo gurguddaa isheerra gaherraa ka'uun abdii kuttee Waaqayyoon cubbuu yoo hojjetteetti ta'e akka dhiisuuf, ta'uu baannaan akka ishee ajjeesu kadhachuu isheeti. Kunimmoo kan agarsiisu dubartoonni Waaqni isaan uume cubbuu namaa namaaf dhiisuu kan danda'uufi ajjeesuus kan danda'u ta'uu isaati.

Hawwii gaafa mana obbo Ayyaanaatii meeshaa ishee fudhattee jireenya hosteelaa jiraachuuf batetti haati manaa obbo Ayyaanaa yeroo ishee arrabsanitti deebii hamaa osoo hin kenniin akka amantiisheetti isaan galateeffachuu isheefi hiriyyoonni ishees akkuma amantii isaaniitti ishee jajjabeessuu isaaniitu mul'ata. Kanas,waraabbii gadii keessatti ilaaluu dandeenya.

> Ulfaadhaa hamma ammaatti waan nagargaartaniif Waaqayyo isin haa eebbisu galatoomaa, kan nama boqachiisus Waaq;….. maal boossa ? maal ati aarii kee of keessatti ukkaamsitee

liqimsitee rakkoo kee Waaqayyotti hin himattuu? Inni jireenya kee sii fooyyessa! Rabbiin kadhadhu malee calluma jedhanii ammas ammas imimmaan dhangalaasuun gowwummaadha. (Fuula 146)

Yaada waraabbii kanarraa kan hubatamu, dubartoonni yeroo namni daba nama irratti hojjitu hammeenya hammeenyaan kan hindeebisne ta'uu isaati. Kana malees, yeroo rakkootti rakkina keessaa kan nama baasu waaqayyotti himachuudha malee kan ta'uufs kan hin taaneefi boohuun akka hin barbaachifnedha. Kanaafuu dubartoonni amantii keessatti qooda mataa isaan kan bahan ta'uu isaanii hubanna.

Yaadni biraa Hawwiin jireenya Hosteelaa gaafa jiraachaa turte, namoota amantiin garaagara ta'an waliin walitti madaqxee jiraachaa akka turte waraabbii itti aanee jirurraa hubachuun nidanda'ama.

"--- Haala jireenya achi keessaa hiriyoottan ishee, ishee madaqsanii jiru. Gaafa Dilbataa mana sagadaa fudhatanii deemu" (147).

Kanarraa waanti hubatamu, dubartoonni amantii kan qabaniifi akkaataa amantiin isaanii isaaniif eeyyamutti guyyoota mana sagadaa dhaquun sagadanitti dhaqanii kan sagadan ta'uu isaaniifi amantii kaban cimsanii kan qabatan ta'uu isaaniiti. Kanaaf dubartootni amantii kamiyyuu keessatti hirmaachuu danda'uu isaanii waraabbiin olii agarsiisa.

Hawaasni amantaa mataa isaa qaba. Dubartoonnis amantaa qabanitti jiraachuuf akkuma nama kaanii kan waaqessanitti bulu. Haaluma amantaa isaaniitiin kan waaqefatan waaqessuu; galatteefatu, ittiin nama abaaru, ittiin nama eebbisuus ta'e gahee mataa isaanii qabu. Kanasa asoosama Kudhaama Jaalalaa keessa jiran waraabbii armaanii gadii keessatti haa ilaallu.

Haati Obsaa, Obsaaf xalayaa barreessite keesseefii biyyaa qaarite keessatti "Uumaakees yaadadhu." jechuun gorsiti.(Fuula 43)

Yaadni olii waanti mul'isu waan fedhe qabaatanii haala kam keessayyu yoo jiraatan uumaa ofii isa nama uumee, waan hundumaa isa danda'u, isa yeroo rakkinaafi dhiphina jiran keessatti nama gargaaree haalaafi waan jiran keessaa nama baasu sana dagachuu akka hin qabnedha. Kanaafuu, gaheen dubartootaa amantii keessatti cimaa ta'uu isaa ni mul'isa.

Obsaan guyyaa cufaatii mana barusaa waltajjiirratti walaloo yeroo dubbisee bu'u namoonni isa eebbisan turan. Kanas akkas jedha. "Kaan , Rabbi hubannaafi ogummaa addaafi, kennaa hundaa olii akka na badhaase dubbatu." jedha.(Fuula 71)

Waraaabbii oliirraa waanti hubatamu, namoonni amantii qabaachuuniifi rabbiin beekuu isaaniiti. Kana keessatti immoo dubartoonnis dubbii kana keessatti kan hirmaataniifi amantaa keessatti hojii namaa keessatti rabbi ajaa'ibsiifachuu isaaniiti.

Dabalataanis Obsaan dhibamee mana yaalaa yeroo seenee jirutti namoonni baay'een isa gaafachuuf isa bira dhufaniiru. Isaan keessaa Aadde Tuujjubeefi Aadde Taatuun isaan tokko yommuu ta'an isaanis erga isa gaafataniin booda "Waaqinimmoo si bira haa goru," jechaa Aadde Tuujjubeefi Aadde Taatuun ba'uuf akkuma balbala'rra ga'aniitiin waa walitti gumgumanii, ….."(Fuula 85)

Waraabiin olii waanti mul'su nama dhibame karaa aadaas haata'u karaa ammayyaa yaalamuu isaati. Yaala isaa kanaaf dawaa ogeessotaan kennamuun haa yaalamu malee gama amantaan namni waaqayyo yoo nama waliin ta'e malee fayyuun rakkisaa akka ta'edha. Kanarraa ka'uun Aadde Tuujjubefi Aadde Taatuun Obsaa gaafatanii yeroo irraa adda bahan rakkinasaafis, qofummaasaafis dhibeesaaf isaan haalota adda addaan isa bira turanii gargaarsa gochuufii akka hin dandeenyeefi akka irraa adda bahan hubachuun Waaqayyo si waliin haata'u jechuun irraa adda bahan. Kun gahee dubartoonni amantii keessatti qaban olaanaa ta'uu isaa mul'isa.

Fedhiin Obsaa rakkina jiru keessaa baastee gara fuula duraatti 'hosteela' taa'ee akka baratuuf yeroo murteessitee isa mariissistu haala fiixan bahinsa isaa waaqatti amanteeti. Kanas, waraabii gadii keessatti ilaaluu dandeenya.

"Fedha Waaqaa yoo ta'e, Fulbaanaa eegaltees bakka teessee barattu itti yaadeen jira…. Waaqnis nu garagaaree yaada keenya fiixaan baasuuf amanamaadha." jetti.(Fuula 90-91)

Waraabbii oliirraa kan hubatamuun danda'mu dubartoonni waanta raawwachuuf karoorfatani irratti waaqayyo fedha waaqayyoo yoo ta'e akka hojjechuu danda'aniifi dhimma isaanii fiixaan baasuu akka danda'anidha. Kana malees, waan hojjetaniifi waan yaadan fiixaan baa'umsa isaaf Waaqayyo akka isaan gargaaru abdii irratti qaban lafa kaahuun qooda amantaa keessatti qaban mul'isuu isaaniiti.

Gama biraatiin Warqituun, Waaqashee yeroo kadhattu waraabbii armaan gadiirraa ilaaluu dandeenya.

Tasa bakka teessuu utaaltee kaatee, harkashee lachan gara Waaqaatti gargar bal'istee olqabaa, "Garuu… garuumee yaa Waaq, maaliif akkas taataa? Kaanoo xiqqoo fuutee mataa gootaa, guddistee na uumtee maaliif na salphista? Utuu duriitiillee, gorduubaa si waamnaan boroodhaa owwaatta," jettee imimmaanshee haqataa gabiitti qajeelte. (Fuula 151)

Waraabbii armaan oliirraa waanti hubatamu, Warqituun dubartii Waaqayyoon beektu, akkaataa itti kadhatanillee adda baastee kan beektu, kadhattee kan dhageessiffattu kanturte ta'uu isheefi amma garuu kadhattee akka irraa dhabdee waaqayyo cal jedhee kan ishee ilaale ta'uu isaa kan mul'isudha. Kun immoo dubartoonni amantii qaban keessatti hammam gahee mataa isaanii akka qaban kan nama hubachiisu ta'uu isaati.

## 4.4.6. Qooda Dubartoota Safuu Hawaasaa Keessatti.

Dubartoonni hawaasa keessatti safuu hawaasaa eeguus ta'e cabsuu keessatti shoora olaanaa qabu. Asoosama kana keessattis kan mul'atu otuu haati Obsaa lubbuun jituu masaanuu kan taateefii dhuftee manasheetti dhuftee abbaa manaa isheetti galuusheeti.

Kanas abbaan jaldeessoo Obsaatti sababa haatisaa isa dhiistee deemte akkas jechuun itti himan. "Dilbata sa'aa booda ture, haatikee dhukkubsachuu abbaashee dhageessee Najjoo deemte. Borumtaasaa ture haati buddeenaakee har'aa dadhabbii guutuun Najjootti dhutee kan isheen dhuftee abbaakeetti galte." Jedhan. (Fuula 31)

Waraabbii oliirraa waanti hubatamu, haati buddeenaa Obsaa yookiin masaanuun haadha Obsaa osoo haati osaalubbuun jirtuu, osoo isheen abbaa manaa ishee waliin adda hin bahiin abbaa ishee gaafachuuf jecha guyyaa isheen manaa baate ulfa guutuun dhuftee itti galuu isheeti. Kun immoo dubartoonni safuu hawaasaa eeguu yookiin cabsuus keessatti qooda qabaachuu isaanii mul'isa.

## 4.4.7. Qooda Dubartootaa Barnoota Keessatti.

Dubartoonno barnoota keessaatti qooda mataa isaanii qabu. Kunis, dubartoonni barataafi barsiisaa ta'uun hiraannaa mataa taassisu. Kanas, asoosama Hawwii keessatti waraabbii armaan gadii keessatti ilaaluu dandeenya.

Hawwiin umriin ishee barnootaaf geenyaan Latii walii mana barumsaa galuu ishee waraabbii gadiitii ilaaluu dandeenya.

Barri isaa 1950 Hawwiin waggaa 5 Latiin waggaa 7. Mana barumsaa galuun isaanii ni ga'a. jalqaba waggaa irratti dabtara, qalamaafi uffata isaaniif barbaachisu hundumtuu isaanii bitamee mana barumsaa Ergamtoota Wangeela Siwidinii (misiyoonii Siwidinii) galani."(Fuula 26) Yaada waraabbii oliirraa waanti hubatamu, hawwii dhiira qixa umriin ishee barnootaaf geenyaan wantoota barnootaaf barbaachisan guuttattee mana barumsaa galuu isheeti.

> "Kutaa kana keessatti ammoo kan barsiisan dubartootadha. Aadde Yashii Immabeet Iddoosaa amaariffa beeku. Aadde Gumariifi Giiftii Bishaan garuu afaan Oromoo malee Afaan Amaariffaa sirriitti dubbachuu hin danda'ni. Afaan Oromoo hin barsiisan malee kan isaan ittiin qubee lakkoofsisan Afaan Oromootiini."(Fuula 27)

Yaada waraabbii kana irraa waanti hubannu, dubartoonni barnoota keessatti qooda guddaa qabaachuu isaaniiti. Kunis, dubartoonni ogummaa barsiisummaan gosa barnootaa adda addaan eebbifamuun hojii barsiisummaa irratti bobba'uu isaaniiti. Kunimmoo dubartoonni hammam barnoota keessatti qooda akka qaban kan mul'isudha.

Boontuufi Sooniin barsiiftotadha. (Fuula 100) yaadni kunis kan mul'isu dubartoonni barsiisota ta'uun qooda dubartoonni barnoota keessatti qaban bahuu isaaniiti.

Dubartoonni akkuma namoota kaanii barnoota barachuu barnoota keessatti hirmaachuun qooda mataa isaanii qabu. Kanas asoosama Kudhaama Jaalalaa keessatti kanneen argaman waraabbii armaan gadii haa ilaallu.

"Hintalli kun barattuu kutaa kurnaffaa yoo taatu, daree ishee keessaa sadaffaa baatee badhaafamtee jirti".

Waraabbiin olii kan mul'isu dubartoonni barnoota barchuuf barnootarratti hirmaannaa gochuu qofa osoo hin taane akkuma barattoota warra dhiiraa dorgomtootaafi qabxii olaanaa fiduun sadakaa keessa galanii akka isaan badhaafamanidha.

## 4.5. Tooftaa (Mala) Dubartootaa

Dubartoonni qaama hawaasaa waan ta'aniif, gama adda addaan jiruufi jireenya isaanii mo'achuf yeroo jiraatan keessatti gaarummaafi hammeenya isaan muudataniif yennaa mala adda addaa raawwatan agarra. Asoosama kana keessatti, waraabbilee armaan gadii akka fakkenyaatti ilaaluu ni dandeenya.

Aadde Dinsireen dhala osoo hin godhatiin dura haati Latii latii deessee turte yeroo kanatti aadde Dinsireen haadha dhatii irraa Latii fuutee baatti turte, haati Latii garuu yeroo irraa fudhachuu barbaaddu tooftaa mataa isheetiin irraa fudhatti.

"Haati Latii yoo mucaa ishee yaadde mee fidi aadde Dinsirii koo nan hoossisa jechuudhaan mala (tooftaan) harkaa fuuti. Kana malee aadde Dinsiriin tole hin jettu." (fuula 16). Yaada waraabbii kana irraa waanti hubatamu, haati Latii aadde Dinsiriin dhala waan hin qabneef yoo calluma jechuun fidi jittee irraa fuute itti dhagahama jettee waan yaadduuf ilma ishee yeroo yaaddu Harman hoossisa jettee tooftaa uummattee irraa fuudhuu isheeti.

> "...Immabeet jedhamtu kanas akka diina fira ishee ajjeesetti ilaalutti kaate. Garuu, tooftaadhaan abdii ishee kutachiisuu barbaadde. Latiin nama amantii sababii ta'eef waan akkasii sababii hinjaallanneef lammata waan akkasii jettee akeekkachiiftee irraa kutte. Kana booda, Latii to'annoo ishee keessa galchite." (Fuula 38)

Asirrattis, abshaalummaa dubartootaa argina. Kunis, Hawwiin latii kan ishee godhachuuf abshaalummaan dubartoota biroo irraa kutuu ishee asoosamicha keessatti ibsamee jira. Kun immoo Hawwiin kallattiitiin Latiin Jaalalleekooti isa jaaladheera jechuurra tooftaatiin amantii waliin wal qabsiistee akka inni waan akkasii hin jaalanne goote itti himuun abdii kutachiisuu isheeti.

> "Haati Latii gadi baatee haala isaanii kana argite. Akka isaan hin rifanneef akkasumas Haati Hawwii raaji kana argitee dubbiin guddaa akka hin kaaneef manatti akka ol deebi'uu taatee, quqqufa'aa deebitee gadi itti baate. Yoona kana sagalee dhagahanii bishaan waraabuu jalqaban. (Fuuula 48)

Yaadni waraabbii olii kun kan mul'isu, haati Latii Hawwiifi ilmi isaanii waljaallachuu isaanii bartee, haati hawwii wanta isaan hojjetan kana argitee akka isaanirratti hin barreefi tooftaatiin

sagalee dhageessisuun akka isaan hojii isaanii hojjetan taassisuu isheeti. Osoo isaan hin rifatiin malaan akka adda bahan taassisuun ishee kun tooftaa isheen itti fayyadamte kun tooftaa beekuu isheeti.

> “Mala baay’ee yaaddee dhuma irratti waan ta’u yeroo itti fakkaachuu didu dhiistee mala biraa malti. Innis ta’uu yeroo didu gara biraa yaaddi….. garuu yaada tokkotu dhufeef, innis calluma jettee heerumtee erga deemtee booda galgaluma sana yoo gaaf sanas dadhabde guyyoota muraasa bubbultee jaarsicha morma isaa huutee ukkaamsitee ajjeestee deebistee iyyuudhaan akka waan jaarsi harkatti gaggabee du’e fakkeessuu akka dandeessu yaadasheen murteeffatte.(Fuula 70-72)

Yaadni waraaabbii olii irraa hubatamu, Hawwiin jaarsatti heerumuu kan hin barbaanne waan ta’eef heerumuu isatti jalaa miliquuf mala hedduu malachuu isheeti. Malli isheen malte hedduun heeruma jalaa kan ishee hin oolchine ta’uu erga bartee mala isa dhumaa fala ta’uu danda’a jettee yaadde malchuun murteeffattee taa’uu ishee mul’isa. Kunimmoo dubartoonni rakkina isaan muudatu jalaa bahuuf hammam mala dhahuu akka danda’an kan mul’isudha.

> …Kana booda mataan sababii na dhukkubeef ani ciiseen jira. Akka namni na hindammaqsine” jettee akeekkachiifte. Harmee isheettis akkasuma itti himtee, kan abbaan ishee qofaatti kutaa tokko mana ciisicha isaanii biratti ijaaraniif keessa seente. Balbala ishee cufattee xiqqoo ijaajjitee yaaduutti kaate. Kana booda karaa foddaa utaaltee ba’uu yaadde… foddaa saaqxee kophee isheen sireerra ejjettee oli foddaa qabattee hiixattee gadi suuta buute. (76-77)

Asoosma kana keessatti, kalaqa dubartootaa kanneen ibsan keessaa inni tokko fakkeenya armaan olii bal’inaan ibsamee jira. Innis, Hawwiin warra ishee gowwamsitee jalaa ba’uu waan barbaaddeef akka waan ishee dhukkubee fakkeessite. Sana booda, nama mana ciisicha ishee keessa ciiste fakkeessuun dandeettii isheetti gargaaramuun fedhii ishee akka galmaan ga’atte asoosamichi bal’inaan ibseera.

> Abootteedhaan ija ija isheerra dhahe. Yoona kana, Hawwiin ijibbaata ishee isa dhumaa akkuma isa ciniintee jirtuun harka ishee mirgaa gadhiifame loostee qaama dhiirumma isaa kan gadi isheetti aggaamame akka lubbuu horachuu hindandeenyetti jabeessitee goggogsitee qabatte. Kun ijibbaata ishee isa dhumaati. Miciree cidhaan keessa

> jiran lamaan hanga buruqanitti sukkuumuu dhaan lubbbuu diina ishee muddite. Yoona kana irreen Hawwii dhahaa ture nilaafe. Qaamni akka jirma guddaa irratti kufee ture irraa galagale. Harka ishee isa kaaniin fuula isaa irra ija ija isaa keessa hamma dandeessu dhooftee qeensaan fuula isaa qalte dhiiga irra lolaaste. Ilkaan isheen ammoo fuuluma isaa irra bakka baay'ee ciniintee lafa kufetti cidhaansaa kopheesheetiin dhidhiitte. (Fuula 137)

Yaada waraabbii oliirraa waanti hubatamu, Hawwiin Hayiluun malaan ishee fudhatee hoteela galchuun waanti ishee irratti raawwachuuf ture mala Hawwii dhahattee fashalaa'uu isaati. Kunis, rakkina humna isheetii ol ta'e gama Hayiluutiin irra gahuuf karoorafame jalaa bahuuf jecha hamma dandeessu mala adda addaa malachuun isa mootee jalaa bahuu ishee nuhubachiisa. kanaafuu, malli isheen baafatte kun, fedhiinfi hawwii Hayiluu akka galma hingeenye kan taasisefi isheen immoo akka isa injifatte ta'uu isaa nu hubachiisa. Kun immoo dubartoonni rakkinni hammammii isaan muudatus rakkina sanaaf tooftaa jalaa bahuu danda'an yookii keessa darbuu danda'an malachuu kan danda'an ta'uu isaanii mul'isa.

Asoosama Kudhaama Jaalalaa keessatti haati buddeenaa Obsaa Obboleessaa haadha isaa nama jaallatte fakkeessitee mala maluun ajjeessisuu ishee waraabbii gadiitii hubachuun ni danda'ama.

> "Haati buddeenaa kee, kan jaallatte fakkeessitee eessuma keetti siqattee turte. Gaafa tokko egaa, boroo mana warra'sheetti galgalaan waamtee, obboleessi'shee akka ajjeesu taassiste; karoora warrasaaniis galmaan ga'atan." (Fuula 33)

Yaada waraabbii oliirraa waanti hubatamu haati buddeenaa Obsaa eessuma isaa obboleessa isheetiin ajjeessisuuf nama isa jaallate fakkeessitee ofitte isa buttee karaa inni itti dammaquu hin dandeenyeen tooftaatiin ajjeessisuu isheeti.

## 4.6. Ol-Aantummaa Dhiiraa Namfakkiiwwan Dubartootaa Irratti

Asoosama 'Hawwii' keessatti olaantummaan dhiiraa namoota adda addaan dubartoota irratti gama addaa addaan akka raawwate kaa'amee argina. Kunis,

> "Maali jara keenya Ijoolleedha maal qaba hamma hojii malee taa'aa ooltu achi keessaa yoo nama gargaarte maal qabaa?" jedhan. Obbo Ayyaanaanis, lakki hinta'u intala kana hojii akkasii akka hinhojjechiifne, hojii tokkollee akka harkaan hinqabne jedhan. Garuu waan ani siif himu dhaga'uu qabda" (Hawwii, Fuula 109).

Waraabbiiolii irraa asoosamicha keessatti obbo Ayyaanaan haadha manaa isaanii ajajan malee akka haadha manaafi abbaa manaatti kan mari'atan osoo hintaane ajajaa kan dabarsan ta'u hubanna. Kun immoo dubartootni ajaja dhiirotaan kan hoogganaman ta'uu isaa agarsiisa.

> …Lakki maaloo, manumaan na ga'aa! Mana galeen nyaadha natti dhiya." jetteen shakkii tokko malee . Hayiluun garuu, kan yaade sababii qabuuf yaada isheen dhiyeessite dide. Balbala makiina banee harka ishee qabee buuse…Balbala siree bira yeroo gahaan harkuma ishee akkuma jabeessee qabeen harka isaa kaaniin balbala banee gara keessatti ol ishee harkise (Hawwii, fuula 134-135).

Waraabbii oliirraa hubachuun kan danda'amu, Hayiluun fedhii dhiirummaa isaa ba'uuf jecha fedhii Hawwii malee dirqisiisuufi gowwomsuun konkolaataa keessa ishee galchee, gara barbaarde geesse. Akkasumas, kutaa ciisicha hoteelichaa galchee fedhiisaa galmaan ga'uu akka borbaade ibsee jira.

> Fakkeeynaaf,… sirba Xilaahuniifi Miniiliik sirban weeddisuu yaalu. Utuu akkas jedhanii inni tokko qabachuuf gatantaraa asiifi achi daddarbatamaa biraga'e. Hawwiin akkuma taatu taatee, osoo dhukkubuu utaaltee waardiyyaa sana jala dhokachuu yaalte. Inni tokko waardiyyicha bira gahee "Zabagna yichi mistee…ne...nechi…am…am…amxaat" jedhee itti iyye. Waardiyyichis, " Badi asii, machooftuu ofikeetiiiyyuu dandeessee hindhaabbattu, niitiii maal goota" jedheen. (Hawwii, fuula 143)

Waraabbiin olii kun kan agarsiisu dubartii waan taateef namoonni machaa'anii karaarra deeman dukkana dawoo godhachuun olaantummaa isaanii mul'isuuf yaaluu isaanii agarsiisa.
Walumaagalatti, namoota adda addaa olaantummaan dhiiraa dubartoota irratti akka raawwachaa jiru, asoosama kana keessatti ibsamee jira.

## 4.7. Haalaafi Yoomessa Dubartoonni Keessatti Dhiyyaatan.

Asoosamoota lamaanuu keessatti dubartoonni haalliifi yoomessi keessatti dhiyyatan mataa isaanii qabu. Kunis akka armaan gadiitti dhiyyaateera. Asoosama Hawwii keessatti haalliifi yoomessi dubartoonni keessatti dhiyyaatan haala rakkisaafi bara Oromoon Oromummaa isaatiin dhiibbaan hangana hin jedhamne irraan gahamudha. Kanas waraabbii armaan gadiirraa ilaaluu daneenya.

> Barri isaa 1950 Hawwiin waggaa 5 Latiin waggaa 7 mana barumsaa galuun isaaanii ni ga’e. Jalqaba waggaa irratti dabtara, qalamaafi uffata isaaniif barbaachisu hundumtuu isaaniif bitamee mana barumsaa ergamtoota Wangeelaa Siwidii (misiyoonii Siwidiin) galani. Manni barumsaa kun dura kan hundeesse Abbaa Gammachiis jedhama. Abbaan Gammachiis Anaasimoos Nasiib kan macaafa qulqilluu afaan Siwidiin irraa gara afaan Oromootti jijjiire ergamaa wangeelaati. …..Barsiisaan isaanii inni Amaariffa isaan barsiisu Abbaa Mangistee kan jedhaman Luba Kiristaanaa Ortodoksiidha. Isaanis “U” bal! yoo jedhan ijoolleenis hordofanii “U” jedhu malee ijoolleen hundi Amaariffa hin beekan. ….. Qadaamaawwii Haayile Sillaasee erga seenee boodas Hawwiifi Latiin haala hundaatti sababii madaqaniif dhibee hin qaban. (fuula 26-28)

Waraabbii oliirraa waanti hubatamu haalliifi yoommessi dubartoonnii asoosama kana keessatti dhiyyaatan rakkisaafi bara afaan ofiitiin barachuu mitii dubbachuun, maqaa ittiin moggaafachuun ulfaataafi eenyummaa ofiitiin baranii ittiin jiraachuun rakkisaafii ulfaataa ta’uu isaati. Kana malees bara itti mana barumsaa maqaa mootiitiin moggaafamee afaan Amaaraatiin batatanii ta’uu isaanu hubachiisa.

Kana malees asoosama Kudhaama Jaalalaa keessattis haalliifi yoomessi dubartoonni keessatti dhiyyaatan waraabbii armaan gadii irraahubachuun danda’ama.

> Kooraan kun, namoota seenaa Biilaa beekaniifi kiristaanota mara biratti, seenaa adda ta’e tokko waliin yaadatama waliin yaadatama: Abbaa Gammachiis, Macaafa Qulqulluu gara Afaan Oromootti hike qabatee yeroo Awurooppaa irraa gara Oromiyaatti deebi’e, yeroo jalqabaatiif kan inni Afaan Oromootiin Wangeela Lallabew Wallaggaa lixaatti yoo ta’u bakki inni itti lallabes, magaalaa Biilaa Kooraa Karkarroo jedhamuun waamamu kanarratti ture. (fuula 16-17)

Waraabbii oliirraa wantti hubatamu haalliifi yoomessi dubartoonni asoosama kudhaama jaalalaa kana keessatti ibsaman haala rakkisaafi danqaan adda adda itti baay’atu keessatti ta’uu isaafi Wallagga Lixaa bakka jedhamu maqaa addaa Kooraa Karkarroo bakka jedhamu keessatti ta’uu isaati.

## 4.8. Ija Qeeqa Ogbarruutiin Gahumsaafi Sadarkaa Asoosamoonni Kun Irra Jiran.

Qeequun hojii ogbarruu tokko fudhatanii ciminaafi dadhabina isaa adda baasuun ga'umsa inni qabu madaaluu yommuu ta'u, qeeqni ogbarruu xiinxalaafi madaallii hojii ogbarruu tokko irratti taassifamudha. Kana maleesa, hojii ogbarruu tokko haalaan beekuufi safartuuwwan ogbarruu bu'uura godhachuun madaallii ija ogummaatiin taassifamudha. Asoosama qeequun immoo ciminafi hanqina isaa adda baasuun guddina ogbarruufi hojii kalaqaa sanaaf bu'aa akka buusu taassisuudha. Kanaafuu, asoosamoota kana lamaan ija qeeqa ogbarruutiin yeroo madaallii irratti gaggeessu lamaan isaanii iyyuu ulaagaa ogbarruun tokko ogbarruudha isa jechisiisu keessaa kalaqqii yookiin uumee ta'uu isaaniitiifi miidhagina qabaachuu isaaniitiin gahumsa kan qabaniifi sadarkaa gaariirra kan jiran ta'uu isaaniiti.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa Argannoo

Qorannoon kun yaaxxina feeminiizimiitiin asoosamoota *Hawwii*fi *Kudhaama Jaalalaa* qaaccessuu irratti kan geggeeffamedha. Mata-duree kanarratti qoratichi qorannoo akka gaggeessu ka'umsa kan ta'eef qorannoowwan armaan dura mata-duree kanaan asoosamoota Afaan Oromoo irratti gaggeeffaman gahaa waan hin taaneefi. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Asoosamoota lamaan filataman keessatti qooda dubartootaa yaaxxina feeminiizimiitiin qaaccessuudha. Hojii qorannichaatiif bu'uura ta'uu kanneen danda'an yaadni hayyoonni adda addaa yaaxxina feeminiizimii ilaalchisanii barreessan boqonnaa lama keessatti dhimmi itti bahameera. Malli qoratichi qorannoo ittiin geggeesse immoo mala ibsaa yoo ta'u; tooftaa iddatteessuu akkayyootiin kitaabbilee filataman keessaa ragaalee bifa cheekliistiin funaannate kaayyoo gooreen walsimsiisuun qaaccesseera. Qaaccessa taasifame kana keessatti ciminniifi hanqinoonni adda addaa kitaabilee asoosamootaa lamaan filataman keessatti mul'atan ibsameera. Hanqinoota mul'ataniif furamaanni yaboo keessatti lafa kaa'ameera. Haaluma kanaan argannoon qaaccessaan bira gahame haala armaan gadiitti argamu ta'a.

- Dubartoonni hawaasa keessatti amala qabaniifi agarsiisan irraa ka'uun akkaataa adda addaan ibsamu. Kanaafuu, asoosamoota Hawwiifi Kudhaama Jaalalaa keessatti dubartoonni garraammii, hamtuu, hinaaftuu, kan haaloo baatuufi ogeettii ta'uun ibsamuu isaanii qaaccessa taassifame keessatti adda baheera.
- Asoosamoota Afaan Oromoo filataman keessatti namfakkiiwwan dubartootaa dhimmota adda addaa keessatti hirmaatanii jiru. Dhimmoota sanniin keessaa kanneen akka hawaasummaa, siyaasa, aadaa, amantaa, diinagdee, barnootaafi xiinsammuu eeruun ni danda'ama.
- Dubartoonni jiruu isaanii hojiilee mana keessaa, araqee baasuu, farsoo naquu, mana bunaa yookaan hoteela keessatti foon isaanii maallaqaan jijjiiruufi dararamni kan itti heddummatu akka ta'e qaaccessa taasifameen addeefamee jira.
- Rakkoolee jireenya keessatti isaan muudatan dubartootni tooftaa yookaan kalaqa addaa addaa uummachuun kanneen keessaa bahan asoosamoota lamaanuu keessatti akka jiran bira ibsamee jira.

- Dubartoonni asoosamoota keessatti haalliifi yoomessi keessatti dhiyyaatan jira. Kanaafuu, asoosama kana keessattis dubartoonni haala rakkisaafi bara namni sababa oromummaa isaatiin dhiibbaan irra gahu ta'uu isaa qaaccessa keessatti adda bahee ibsameera.
- Ogbarruun tokko ogbarruu kan isa jechisiisu ulagaa mataasaa qaba. Kunis hojii kalaqqii ta'usaafi miidhgina qabaachuu isaati. Haaluma kanaan, asoosamoonni lammaanuu ija qeeqa ogbarruutiin madaalamuun sadarkaa gaariirra jiraachuun isaanii adda baheera.

  Walumaagalatti dubartoonni siyaasa, aadaa, amantaa, diinagdee, barnootaa, hawaasummaafi xiinsammuu keessatti qoodni isaan qaban salphaa miti. Kana jechuun immoo dubartootni amala adda addaa qaban kan eenyummaa isaanii dagachuun kan biroon liqifaman akkuma jiran kanneen ciccimoofi dubartiin eenyuu gadi miti amantaa jedhu qaban jiraachuu isaanii qorannichi qaacceessa isaa keessatti addeessee jira.

## 5.2. Yaboo Qorannichaa

Yaboowwan Qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

- Asoosamoota Afaan Oromoo keessatti namfakkiiwwan dubartootaa kan dararamniifi dhiphinni itti heddummatu godhanii uumuun gaarii miti. Sababni isaas dubartoonni gaheefi kalaqni isaan hawaasa keessatti qaban salphaa waan hintaaneef, akkuma namfakkii kamiyyuu gahee kennuudhaan yoo uumaman hojiin asoosamaa dubbistootaaf hawwataafi miidhagaa ta'a.
- Asoosamoota lamaan filataman keessatti dubartoota eenyummaa isaanii dagatan, afaan Oromoo illee dubbachuu akka saalfiitti ilaalan bal'isnee qooddattoota godhachuurra, kanneen eenyummaa isaanitti boonan kanneen akka Hawwiifi haadha Obsaa qooddattoota godhannee yoo fudhanne hojii ogumaa keessatti dhimma itti bahuun barbaachisaadha. Dubrtoota eenyummaa isaaniif quuqama qaban namfakkii godhannee gargaaramuun labata barsisuu keessatti iddoo olaanaa waan qabuuf.
- Hawaasni Oromoo dubartootaaf kabaja guddaa waan qabuuf, jiruu isaanii mo'achuuf qabsoo yommuu isaan taasisan haamilee tuquun gaarii waan hin taaneef jajjabeeffamuu qabu. Fakkeenyaaf, wakka aadde Bashaadduu hojii qonnaatiin maatii guddisuun kanneen jiraatan yoo jajjabeessineefi kabajne dubartoota dalagaa hintaane irratti bobba'an barsiisuun ni danda'ama.

- Qorattoonni Oromoo ogbarruu irratti qorannoo adeemsisuu qabu. Sababni isaas asoosamoota barreeffaman qeequudhaan ciminoota jiran jajjabeessuufi hanqinoota isaanii irratti yaadni bilchaataan yoo kenname ogbarruun Afaan Oromoo daran akka guddatu godha.

  Walumaagalatti qorannoon kun yaboowwan armaan olii addeessee jira. Kun immoo hojii garafuulduraatiif karaa banuufi kallattii kaa'uun asoosamoota Oromootiif milkaa'ina ni gonfachiisa. Kanaafuu, asoosamoota Afaan Oromoo irratti yaaxinoota asoosamoonni ittiin xiinxalman gargaaramnee qorannoo adeemsisuun guddina asoosamaaf tumsa gochuun barbaachisaadha.

## Wabiilee


Abrahaam Tasfaayee (2013). *Kudhaama Jaalalaa*.(maxxansa 3ffaa):Johannesburg-South Africa.

Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa*. Yaadrimee Qorannoo Hujoo:Finfinnee, Oromiyaa.

Asafa Tafarraa (2009). *Eela. Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far-East trading Press

Beekan Gulummaa (2013). *Guuboo Seenaa*. Asoosamaafi Saayinsiisaa.Finfinnee,Oromiyaa

Biraanuu Maatiyoos (2009).*Fundamentals of Literaure*.(2nd ed)AAU:Alpha Printer

Coyle.M. (2009). *Encyclopedia of Literature and Criticism Rout-ledger*.

Dalisay,J. (2006). *The knowing in the Writing*: Notes on the Practice of Fiction.Philipense: The Univercity of Philipines press

Dastaa Dassaaleny ( 2013). *Bu'uura Qorannoo*. Addis Abeba: Printed by Far-East Trading PLC.

_______________ (2011). *WAADAA*. Asoosamoota Aartii Biroo Waliin. Biraannaa.

Diyanni, R.(1998). *Literature: Reading Fiction, Poetry, Drama and Essay*. Boston:Mc Grow Hill Compine.

Donovan, Jesephine (1989). *Feminist Theory: The Intellectual Traditions of AmericanFeminism Kentucy* : The Continum Publshing Company

Dutton, R.(1984). *An Introduction to Literary Criticism*. England Longman YorkPress

Fedhasaa Taaddasaa (2019).*Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*.Finfinnee,Oromiyaa ADP printing Press.

Filee Jaallataa (2019). *Malleen Qorannoo*. Finfinnee, Oromiyaa: ADP press.

Ferguson, M.A.(2nded.) (1977). *Images of Women In Literature. Boston:* Houghton Mifflin Company.

Fiqaaduu Qana'aa (2012). "Qaaccessa Waldhabbiifi Fakkoommii asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa:Haala Godaannisaafi Dungoo Halkan sanaa" kan hin maxxanfamiin.

Geetaachoo Rabbirraa (2011).Furtuu.Seerlugaa Afaan Oromoo.Kurraaz Internaashinaal.

Isaayaas Hordofaa. (2001). *Hawwii. Finfinnee*: Berehanena Selam Printing Press

Jaarraa W.Bfi W.B Yaadatee (2008).*Bantuu Haaraa*. Caas-lugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo . Finfinnee,Oromiyaa

Kirszner,L.G. &Mandell,S.R.(1994). *Fiction Reading, Reacting, Writing.* USA: Horcurt Brace Compines

Kishnaswamy, JohnVarghese fiSunitaMishra.(2001).*Contemoporary Literary Theory*. AStudent's Companion.Macmillan India Ltd: New Delhi.

Mario Klarer (1999). *An Introduction To Literary Studies*. USA and Canada: Taylor and Frances Group.

Misgaanuu Gulummaa.(2012).*Yandoo:Ogumaafi ogwalaloo Oromoo*.Finfinnee,Oromiyaa.

Ruth, Sheila. (4th Eds.). (1998). *Issues in Feminism*: AIntroduction to Women's studies. Mountain View; CA May Field Publishing Company.

Sarantakos, S(2005). *Social Research* (3rd Ed) New York: Palgrave Macmillan

Showalter, E.(1986). Contemporary Literary Criticism: Modernisim Through Pos Structuralism. New York and London: Long Man.

Yaadasaa Tolasaa. (2018) *Malleen Qorannoo Bu'uuraa (Jildii 2ffaa)*. Far East Trading PLC.

Toril Moi [www.members. tripod.com]

https//en.wikipeda org/ wiki/Fiction

https// learn lexiconic, net.

https://en. Wikipedia.org/wiki/Literary theory/

www.iep.utm edu/literary

World Book Encyclopidia . (2002) vol.4.Chicago : World Book Inc.

ታሪኩ ፋንታዬ (2001) *ለማርኛ ሁሉ ለሁሉ*፡፡ አዲስ አበባ፡ ዘድ.ኬ ማተሚያ ቤት

ወንድወሰን በየነ (2000) *የስነጽሁፍመሰረታውያን*፡፡ሀዋሳ፡በንግድማተሚያድርጅት

ዘሪሁን አስፋው (2007)*የስነጽሁፍመሰረታውያን*፡አዲስአበባ፣ንግድማተሚያድርጅት፡፡

ያለው እንዳወቀ (2017) *የምርምር መሠረታዊ መርሆዎችና ለተገባበር* (፫እትም)፡፡ ባህርዳር ዩኒቨርሲቲ፤Tefera Seyoum Printing Press

**DABALEEWWAN**


**Dabalee A Qabxiilee Mirkanee Asoosama Hawwii**


| **T.L** | **Qooddattoota Dubartootaa** | **Fuula** | **Waan Irratti Qeeqaman** |
|---|---|---|---|
| 1 | Aadde Dinsirii, Bashaatuufi dubartoota olla isaanii | 10-11 | -Daadhiifi araqee baasuun jirachuun isaanii diinagdee keessatti |
| 2 | Ruut | 12-13 | -Obbo Jireenyaan yeroo maallaqa harkaa dhaban gargaaruun ishee jireenya hawaasummaa jalatti |
| 3 | Haadha Masqalee | 14 | -Ogeettii dubartii deessistu aadaa jalatti |
| 4 | Dubartoota olla Bashaatuu | 14-15 | -Marqaa shananee nyaachuufi uumaa faarsuu aadaa jalatti |
| 5 | Aadde Dinsirii | 17 | -Hawwiin seeraan akka guddattuu gochuun aadaa jalatti |
| 6 | Yashii Immabeet, Gumariifi Bishaa | 27 | Mana barnootaa keessatti Afaan Oromoo dubbachuuf mirga dhabuu isaanii siyaasa jalatti |
| 7 | Immabeet | 37 | Latii jaallachuu ishee aadaa jalatti |
| 8 | Hawwii | 69-70 | -Maatiin ishee Haajii Yuusuufitti heerumsiisuuf yaaluun diinagdee jalatti |
| 9 | Soonii | 101-102 | -Hawwiif deeggarsa taasisuufi simachuun aadaa jalatti. |
| 10 | Hawwii | 103 | Kaasaanchiis geessee Dalasaa dhabuun ishee xiinsammuu jalatti xiinxalama. |
| 11 | Soonii | 109-113 | -Hawwii obboleessa ishee Caalaaf hawwuun ishee aadaa jalatti |
| 12 | Hawwii | 135-140 | -Haayiluun ishee sobee gudeeduuf yaallaan kalaqa jalatti |
| 13 | Asteeriifi Gannat | 144-145 | -Hawwiin iddoo bultii dhabdee osoo rakkattuu hosteelatti fudhachuun isaanii hawaasummaa jalatti |
| 14 | Maartaa | 149 | -Afaan Oromoo dubbachuu diduun ishee siyaasa jalatti |
| 15 | Hawwii | 150-155 | -Mana Obbo Laggasaatti qacaramettee osoo hin turiin achii bahuun ishee diinagdee jalatti |
| 16 | Yerusaalam | 175-179 | -Hawwiitti jechoota sabummaa tuqu dubbachuun ishee siyaasa jalatti |

**Dabalee B Qabxiilee Mirkanee Asoosama Kudhaama Jaalalaa**

| T.L | Qooddattoota Dubartootaa | Fuula | Waan Irratti Qeeqaman |
|---|---|---|---|
| 1 | Haadha buddeenaa Obsaa | 9 | -Hawaasummaa keessatti gara jabeetti ta’uui sheetti. |
| 2 | Haadha Obsaa | 35-36 | -Hawaasummaa keessatti haaloo bahachuu isheetti. |
| 3 | Fedhii | 106-107fi 113-114 | -Hawwaasummaa keessatti jaallachuu ishee ibsachuu isheefii mala dhahuu jalatti. |
| 4 | Dubartii Ogeettii yaalaa | 80 | -Ogeettii yaalaa ammayyaa jalatti. |
| 5 | Aadde Tuujjubee | 82-84 | -Dhimma hawaasummaa keessatti ollaa ta’uun. |
| 6 | Aadde Taatuu | 82 | -Dhimma hawaasummaa keessatti ollaa ta’uun. |
| 7 | Aadde Meetii | 107-108 | -Dhimma dalagaatiif warra ishee irraa adda baatee Finfinnee jiraachuu ishee keessaatti. |
| 8 | Eebbisee | 123 | -Dhimma aadaafi dinagdee keessatti. Hojjettuu manaa Fedhiifaati. |
| 9 | Sanyii | 130 | -Dhimma aadaa keessatti jaalala keessatti. |
| 10 | Warqituu | 149-150 | -Dhimma hawaasummaa keessatti. |
| 11 | Bashaatuu | 159 | -Hojjettuu manaa obbo Moossisaafaa. Dinagdee keessatti. |
| 12 | Amaloo | 156-157 | -Hojjettuu manaa duraanii obbo Moossisaafaa. Dinagdee keessatti. |
| 13 | Aadde Marartuu | 160 | -Dinagdee keessatti daadhii gurguruutiin. |


Maxxansa 3ffaa
"Lapheen Jaalalaan Guutamte, Lubbuu Rakkinaan Kufte Kaasti!"
Kudhaama Jaalalaa
Abrahaam Tasfaayee Guddinaa tiin!
2013


Abrahaam Tasfaayee Guddinaa
Barreessaa Kitaabota:
- Kudhaama Jaalalaa
- Ekeraa Haramaayaa
- Imaanaa Imaltuu
- Singiggoo
"Hoodhu, kun qubeelaa waadaati; 'Quba keetti keewadhu siin jette. 'Homaan hin jijjiirin' jette. Jaalala haadhaa sitti hir'atu guyyaa tokko akka siif guuttu qubeelaa kanaan waadaa siif seente. Gadameessa siin baatetti kan biraa akka hin baatne qubeelaa kanaan siif mirkaneessite," - Fuula 40
Guntutni 'shee lameen uffata quuqanii ba'an, loltuu hidhannoo guutuun lolaaf qophaa'ee dhaabatu fakkaatu. Rifeensi mataa 'shee bakka lamatti walhiree jiru sana gaafa ilaalan, siricha gubbaa, ishee dabalatee, ka namni sadii ciisuutti jiran fakkeesseera. Garri mo'oo 'shee, baay'ee bal'achuu 'rraan kan ka'e, doonii qarqara galaanaa dhaabachuutti jiru fakkaata. Mudhiin qabaa kan guutu miti. - Fuula 126
Erga lafti kun uumamtee eegalee, lubbuu biraa bilisa baasuuf jecha, lubbuu 'saa danuutu wareege. Anattimmoo bilisummaa kiyyaaf jecha lubbuu kiyya wareeguun ulfaataaree? – Fuula 164
Qar. 39.99




* * * * * * * * * *

Jioota sadan jalqaba waggaa bara 1979 kitaabi kun mataduree wajjin duuna jedhuun tibba diraamaa dhaan raadiyoonii Itoophiyaa sagantaa afaan Oromoo qophii Dilbata ganamaa irratti dhiyaate ani Latii ta'een diraamicha keessatti qooda fudhadhe. Hunda caalaa kan ani hin irraanfanne diraamaan dheeraan kun yeroo jalqabaaf bar asana dhaggeeffattootaaf dhiyaachuun isaa barreessitooti Oromoo asoosama akka barreessan isaan kakkaasee asoosamni kan akka waalama dhabuu, Gurraacha abbayyaa fi k.k.F. Kan biraas baayieen qophii bashannanaa dilbata ganamaarratti seenessuu bara jalqabne ture. Tibbi sunis "renaissance" (bara haaromsa artii fi ogbarruu) asoosama Oromoo ture jechuu nin dndanda'a (Saamu'eel Dhaabaa gaazeexeessaa afaan Oromoo hangafa utuu hin duin dura yaada naa kenne).

* * * * * * * * * *

Kitaabni Hawwii jedhamtee yeroo lammataaf maxxanfamte kun bara 1979 jalqabarratti raadiyoonii Itoophiyaa qophii afaan Oromoo biyyoolessaa irratti mataduree wajjin duuna jedhuun qophii bashannanaa Dilbata ganamaarratti bara dhihaate sana ani Hawwii ta'een diraamicha keessatti qooda fudhadhe. Diraamaan kun ji'oota sadiif dhaggeeffattotaaf kan dabre diraamaa dheeraa yeroo jalqabaaf dhiheessine ture. Anis diraamaa dheeraa akkasii irratti yeroon qooda fudhdhu inni kun kan jalqabakoo ture. Waanti guddaan ani hubadhe diraamaan kun walitti dhiheenya qopheessitootaa fi dhaggeeffattootaa kan walitti fide ta'uusaati. Sababii kanaan dhaggeeffat-tooti keenya baayi'een bilbilaan, xalayaafi qaamaan waajjira keenya dhufuudhaan yaadi isaan diraamaa kanarratti nuukennaa turan hamilee hojii keenyaolkaasee ture. Anis diraamaa raadiyooniii kana keessatti Hawwii ta'ee hojjechuunkoo dhaggeeffattoota keenya biratti jaalala guddaa akkan argadhu nagargaareera. Hojii gaazeexessummaakoo bara dheeraa keessattis gammachuun ani bar asana argadhe hin irraanfadhu. Isaayyaasis hojiisaa kanatti gaazeexessafi barreessaa, ummata keenyaafi gaazeexessitoota Oromoof nama akka fakkeenyaatti ilaalamu dha (Haliimaa Usmaan gaazeexessituu raadiyoonii ltoophiyaa qophii afaan Oromoo)

* * * * * * * * * *

Gatiin Qar. 20

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa qorataa Addaamuu Baanee Lammeessaa____

Mallattoo__________________________

Guyyaa____________________

Waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhiyaatu kanan mirkaneesse ta'uu koo nan beeksisa.

Maqaa Gorsaa ______________________________

Mallattoo__________________________

Guyyaa____________________